# Wongeela Goottaa Keenna Yesuus Kiristoosii Ka Maatewoos Barreesse

## Seensa

Wongeelli Maatewoosii: Yesuus fayyisaa dhufiis isaa duraanuu waadaan galame akka te'ee fi Waaqi Gondooroo Qaraa keessatti kolbaa ifiitiif gale karaa isaatiin akka muummesse Oduu Gammadaa odeessa. Oduun Gammadaa tun worra Yesuus odduu isaaniititti dhalatee guddate, Yihudoota qofaaf adoo hin te'in, biyya lafaa duudi'iif teeti.

Wongeelli Maatewoosii ifi eegganna'aan kitaaba qophoweeru. Dhaloota Yesuusiitiin jalqabee, cuuphama isaatii fi ataabama isaa, achiin duuba Galiilaa keessatti tajaajila lallaba isaa, barsiisiisaa fi fayyisiisa isaa issa. Kanaan duuba deemmaa Yesuus Galiilaa irraa gara Yerusaalemii deemee fi torbaan Yesuusii ta dhumarraa keessatti waan te'e galmeessee, fannifamiisaa fi ka'iisa isaatiin fixa.

Wongeelli kun akka barsiisaa gudda'aa, ka Seera Waaqaa hiikiisaaf baallii qabuu, ka marroo mootummaa Waaqaalle barsiisuutitti Yesuus dhikeessa. Barsiisi isaa bacaan ka marroo waan adda addaa, addee shanitti wolitti qabama:

1. Lallaba gaara irraa, ka amala, hujii, haqaa fi hiree muumme'ee ta worra mootummaa olgubba'aa ilaalu (foora 5-7).

2. Barattooti kudhanii lama Wongeela lallabiisaaf yennaa wolitti qabamane qajeelfama kenname (foora 10).

3. Mammaassa adda addaa ka marroo mootummaa Waaqaatiif dhikaate (foora 13).

4. Barnoota hiikkaa barattumma'aa himu (foora 18).

5. Marroo muummee bara ammaatii fi dhufiisa mootummaa ol-gubba'aa barsiisa kenname (foora 24-25).

**Haadhoo Dubbi'ii**

Hiddaa Fi Dhaloota Yesuus Kiristoosii*1:1–2:23*
Tajaajila Yohaannisii Cuupha'aa*3:1-12*
Cuuphamaa fi ataabama Yesuusii*3:13–4:11*
Tajaajila Yesuus Galiilaa keessatti ifatti tajaajile*4:12–18:35*
Galiilaa irraa gara Yerusaalemii*19:1–20:34*
Torbaan dhumaa irratti Yerusaalem keessaa fi adaalatti*21:1–27:66*
Du'aa ka'iisaa fi mudhatiisa Gootta'aa*28:1-20*

*Hidda Dhaloota Yesuus Kiristoosii*
*(Luq. 3:23-38)*

1 Hiddi dhaloota Yesuus Kiristoosii sanyii Abrahaamiitii fi sanyii Daawitii kana.

2 Abrahaam Yisihaq uumate; Yisihaq Yaaqoob uumate; Yaaqoob Yihuda'aa fi obboleeyyan Yihuda'aa uumate;

3 Yihudaan Taamaar irraa Faaresii fi Zaaraa uumate; Faares Hesrom uumate; Hesrom Aaram uumate;

4 Aaram Aminaadaab uumate; Aminaadaab Nahasoon uumate; Nahasoon Salmoon uumate;

5 Salmoon Rahaab irraa Bo'az uumate; Bo'az
Ruuti irraa Yoobeed uumate; Yoobeed Isey uu-
mate;
6 Isey Daawitii mooticha uumate; Daawiti
haadha manaa Uriiyaa irraa Solomoon uumate;
7 Solomoon Rehobiyaam uumate; Rehobiyaam
Abiiyaa uumate; Abiiyaan Asaafi uumate;
8 Asaafi Yoshaafaax uumate; Yoshaafaax
Yoraam uumate; Yoraam Oziyaas uumate;
9 Oziyaas Yo'ataam uumate; Yo'ataam Akaaz
uumate; Akaaz Hisqiyaas uumate;
10 Hisqiyaas Minaasee uumate; Minaaseen
Amos uumate; Amos Yosiyaas uumate;
11 Yosiyaas bara kolbaan Israa'elii gara biyya
Baabilonii booji'ante Yekoniyaasii fi obboleeyyan
Yekoniyaasii uumate.

12 Kolbaan Israa'elii gara biyya Baabilon
booji'anteen duuba Yekoniyaas Salaati'el uumate;
Salaati'el Zarubaabel uumate;
13 Zarubaabel Abiyuudin uumate; Abiyuudin
Eliyaaqim uumate; Eliyaaqim Azor uumate;
14 Azor Zaadoq uumate; Zaadoq Akiim uumate;
Akiim Eliyud uumate;
15 Eliyud Ele'azaar uumate; Ele'azaar Maattaan
uumate; Maattaan Yaaqoob uumate;
16 Yaaqoob Yoseef uumate; Yoseefiin kun ka
Maariyaam fuudhe; isiin, ka, «Masiihii» jedhamee
moggaafame, ta Yesuus deette.

17 Tanaaf Abrahaam irraa kaasee haga Daawiti-
ititti dhaloota kudhanii afuritti jira; Daawiti irraa
kaasee haga bara kolbaan Israa'elii gara biyya
Baabilonii booji'antetti dhaloota kudhanii afuritti

jira; booji'ama gara Baabiloniitii haga dhaloota Masiihiille'etti dhaloota kudhanii afuritti jira.

### *Dhaloota Yesuus Kiristoosii (Luq. 2:1-7)*

18 Dhalooti Yesuus Kiristoosii akkana. Haati
isaa Maariyaamiin Yoseefiif kadhatanteertu adoo isaan wol bira hin geyin dura, Ayyaana Woyyichaan ulfoottee dhaggante.
19 Yoseefiin isii kadhateeru sun nama balchaa
waan te'eef, kolbaa duratti Maariyaamii qaanessuu hin barbaanne; maarre dhokaataan isii lakkisiisaaf yaade.
20 Adoo inni tana yaadiisatti jiruu, ergamaan
Waaqaa oojju'uun isatti mudhatee, «Yoseefii sanyii Daawitii! Maariyaamiin ati kadhatteertu, Ayyaana Woyyichaan waan ulfootteertuuf, akka niitii teeti teetu gara mana keetii fudhatiisaaf hin sodaatin.
21 Isiin ilma hin deetti; inni waan kolbaa ifii cub-
buu irraa fayyisuuf, maqaa isaa, ‹Yesuus› jettaan» jedheen.

22 Kun martinuu wonni Goottaan karaa
raagichaatiin dubbateeru akka muummottuuf teete.
23 Wonni dubbatameerulle, «Durri duudduun
hin ulfootti; ilmalle hin deetti; maqaa isaalle, ‹Amaanu'el› jedhamee waamama;» «Amaanu'el» jechuun, «Waaqi nu woliin jira» jechu'u.

24 Maarre Yoseef yennaa dammaqe, akkuma
ergamaan Gootta'aa itti hime, Maariyaamii kad-hateeru akka niiti'iititti gara mana ifii fudhate.

25 Te'uu malee haga isiin ilma deettutti akka
niiti'iititti isii bira hin geenne. Yoseef maqaa isaa
Yesuus jedheen.

# 2

*Dhufa Beekkolee Urjii Qorqortuu*

1 Bara Heroodis mooticha te'eeru, qachaa Bee-
teelemii, ka Yihudaa keessaatitti Yesuus dhalate.
Achiin duuba adoo hin turin beekkoleen urjii
qorqortu karaa baya adu'uutii gara Yerusaalemii
dhufanee,
2 «Mucaan mootii Yihudootaa te'iisaaf dhalate,
eessa jira? Nuuti urjii isaa karaa aduun baatutti
dhagginee, isatti sagadiisaaf dhunneerra» jedha-
nee iyyaafatane.
3 Mootichi Heroodis yennaa waan kana dhage'e
rifate; worri Yerusaalemii martille isa woliin ri-
fate.
4 Inni sooreyyii hayyootaatii fi barsiisota Seeraa
wolitti qabee, «Masiihiin eessatti dhalata?» jedhee
isaan gaafate.
5 Isaan, «Beeteelemii Yihudaa keessaatitti dha-
lata; raagichi:
6 «‹Ati Beeteelemiin Yihudaa keessaa!
Qachoota gugurdaa Yihudaa keessaa mara caalaa
ijjumaayyuu hin diqqaattu;
sababille ka kolbaa tiyya Israa'el bulchu
bulchaan si keessaa baya› jedhee barreesseera» jedhaneen.
7 Heroodis dhossa'aan worra urjii qorqoru san
waamee yennaa urjiin itti mudhatte isaan irraa
gaafatee hubate.

8 Achiin duuba, «Dhaqa'aatii, marroo muca'aa
miidhassa'aa qorqora'a; yennaa isa dhaggitane,
anille dhaqee akka sagaduuf natti hima'a» jedhee,
gara Beeteelemii isaan erge.
9 Isaan yennaa waan mootichi jedhe dhage'ane,
ka'anee yaa'ane; karaa irralle'etti urjiin isaan
karaa aduun baatutti dhaggane tuun, addee
mucaan jiru san gubba'atti haga dhaabbattutti
isaaniin dura ideente.
10 Isaan yennaa urjii dhaggane, akka malee
gammadane.
11 Mana seenanee, mucaa haadha isaa
Maariyaam woliin dhagganee, gad jiganee isaaf
sagadane. Achiin duuba subba ifii bananee
worqii, hixaanaa fi qumbii isaaf kennane.
12 Achiin duuba isaan gara Heroodisii akka
hin deebineef, Waaqi oojju'uun waan isaan
if eeggachiiseef, karaa dhibi'iin gara biyya ifii
deebi'ane.

### *Gara Biyya Gibxi'ii Baqatane*

13 Eega beekkoleen sun gara biyya ifii deebi'ane,
ergamaan Goottaa'aa oojju'uun Yoseefitti mud-
hatee, «Heroodis mucaa ijjeesiisaaf waan bar-
baaduuf, ka'iitii, muca'aa fi haadha isaa fudhad-
huu gara biyya Gibxi'ii baqadhu; haga ani sitti
himutti achi turi» jedheen.
14 Maarre Yoseef ka'ee, muca'aa fi haadhaa
muca'aa fuudhee, gara biyya Gibxi'ii halkanuma
san deeme.
15 Haga Heroodis du'u achi ture; Goottaan afaan
raaga'aatiin, «Ani biyya Gibxi'iitii mucaa kiyya
waame» jedhee wonni dubbateeru akka muum-
mottuuf tun teete.

### *Ijjeechaa Ijoolle'ee*

16 Worri urjii qorqoru akka isa sobe yennaa hu-
bate, Heroodis akka malee aare. Yennaa urjiin itti
mudhatte worra urjii qorqoru irraa akka gaafatee
hubatetti, ijoollee Beeteelem keessaatii fi adaala
isi'ii maraa, ta woggaa lamaa yookiin achii gadii
loltoota ifii ergee ijjeesisiise.
17 Akka kanaan wonni raagichi Ermiyaas jedhe
muummotte;
18 wonni inni raagelle:

«Qoonqoon Raama'atti dhage'ante,
qoonqoo wiiccifataa fi bowaa ti.
Raahel ijoollee ifiitiif bootte;
ijoolleen isi'ii waan dhumatteef,
jajjabaachuu didde» ka jedhu.

### *Biyya Gibxi'iitii Gara Naaziretii Deebi'ane*

19 Heroodis du'een duuba, ergamaan Gootta'aa
biyya Gibxi'ii keessatti oojju'uun Yoseefitti mud-
hatee,
20 «Worri mucaa ijjeesiisaaf barbaadu waan
du'eef, ka'iitii, muca'aa fi haadha isaa fudhadhuu-
tii, gara biyya Israa'elii deebi'i» jedheen.
21 Maarre Yoseef ka'ee, muca'aa fi haadha
muca'aa fudhatee, gara biyya Israa'elii deebi'e.
22 Arkelaawoos addee abbaa ifii Heroodisii
biyya Yihuda'aa akka bulchiisatti jiru yennaa
dhage'e ammoo, Yoseef achi deemiisa sodaate.
Oojju'uun gorfamee, gara lafa Galiila'aa dhaqee,
23 raagoti marroo Yesuusiitiif, «Inni
Naazireticha hin jedhama» wonni jette akka
muummottu qachaa Naaziret jedhamu dhaqee
le'e.

# 3

## *Lallaba Yohaannisii Cuupha'aa*
## *(Mar. 1:1-8; Luq. 3:1-18; Yoh. 1:19-28)*

1 Bara san Yohaannisiin cuuphaan goomolee
biyya Yihuda'aa keessa lallabaa dhufee,
2 «Mootummaan ol-gubba'aa waan dhikaatteef
cubbuu irraa deebi'a'a!» jedhe.
3 Isaayaasiin raagichi,

«Nami tokko goomolee keessaa iyyaa,
‹Karaa Gootta'aaf qopheessa'a;
daandii inni irra deemu qajeelcha'a!› »
yennaa jedhe inni marroo Yohaannisii dubbate.

4 Uffanni Yohaannisii rifeensa gaalaa irraa
dhowameeraayyu; inni hidha ifii teephaan hid-
hate; sagaleen isaalle awwaannisaa fi damma hol-
laa ti.
5 Yerusaalem irraa, Yihudaa irraa, biyya cinaa
laga Yordaanosii mara irraa kolbaan gara isaa
dhutte.
6 Isaan cubbuu ifii dhugaa baasanee*, laga Yor-
daanosiititti harka Yohaannisiititti cuuphamane.

7 Yohaannis Fariisaayotaa fi Saduqoota hedduu
cuuphamiisaaf gara isaa dhufiisatti jiranu yennaa
dhagge, «Isin ilmaan buuti'ii! Akka isin mufii
Waaqaa ta isinitti dhufaartu jalaa baqattanu een-
nutti isinitti hime?
8 Cubbuu teessan irraa akka deebitane waan
mudhisu tolcha'a.

* **3:6** *Dhugaa baasanee:* Faaci'atanee, waakanee, himatanee
**3:7** Mat. 12:34; 23:33

9 ‹Abbaan keenna Abrahaam› jedhiis isin hin
baasa hin seyina'a. Waaqi dhakoota kana fuud-
hee Abrahaamiif ilmaan tolchiisa akka dande'u
ani isinitti hima.
10 Agaraan mukoota hiddatti muriisaaf
qophoweera; muki midhaan dansaa hin buunne
muramee ibiddatti hin gatama.
11 Akka isin cubbuu irraa deebitane mudhisi-
isaaf ani bisaaniin isin cuupha, ka ana duubaan
dhufaaru ammoo Ayyaana Woyyichaa fi ibiddaan
isin cuupha. Inni guddoo na caala; ani kophee
isaatuu ba'atiisaafille nama te'uu moti.
12 Inni eeddummee† ifii keessatti midhaan
qulleessiisaaf horooroo harkatti qabateera;
midhaan qulleessee gootara'atti hin galcha;
hicaacee‡ ammoo ibidda hin dhaanneen guba»
isaaniin jedhe.

### *Cuuphamiisa Yesuusii*
### *(Mar. 1:9-11; Luq. 3:21-22)*

13 Yesuus yennaa san Yohaannisiin cuuphaan
akka isa cuuphuuf gara laga Yordaanosii dhufe.
14 Yohaannis ammoo, «Ani si'iin cuuphamu'uu
male, ati maaf gara kiyya dhutta?» jedhee isa
dhoogge.
15 Yesuus ammoo deebisee, «Karaa kanaan
balchummaa mara muummessu'uu waan
malleef, amma na dhoogguu lakkisi» jedheen;
achiin duuba Yohaannis lakkise.
16 Yesuus cuuphamee bisaan keessaa akkuma
bayeen, ol-gubbaan banantee Ayyaanni Waaqaa
saphaliisa fakkaatee gad dhufee isa irra bu'uun
dhagge.

† **3:12** *Eeddummee:* Ooddii ‡ **3:12** *Hicaacee:* Huura

17 Ol-gubbaa irraa qoonqoon, «Kun Ilma kiyya
jaalatama'a, ka ani guddoo isatti gammadeeru»
jette.

# 4

*Ataabamuu Yesuusii*
*(Mar. 1:12-13; Luq. 4:1-13)*

1 Achiin duuba akka Yesuus Seexanaan
ataabamu Ayyaanni Woyyichi gara goomole'ee
geesse.
2 Yesuus guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama
laameen duuba beelote.
3 Achiin duuba Seexanni gara isaa dhufee, «Ati
Ilma Waaqaa yoo teete, dhakaan kun daabboo
akka te'u ajaji» jedhe.
4 Yesuus ammoo, «Barreeffam Woyyichi, ‹Jecha
afaan Waaqaa keessaa bawu maraan malee, nami
sagalee calla'aan hin le'u› jedha» jedhee deebise.
5 Achiin duuba Seexanni gara Qachaa
Woyyichaa gara Yerusaalemii Yesuus geessee,
qaccee guutuu Galma Waaqaa gubbaa isa
dhaabbachiisee,
6 «Barreeffam Woyyichi,

«‹Miilli keeti dhaka'aan akka hin gufanne,
akka isaan harka ifiitiin si kiphanuuf,
ergantoota ifii hin erga› waan jedhuuf,
Ilma Waaqaa yoo teete asi irraa gad if darbi»
jedheen.

7 Yesuus deebisee, Barreeffam Woyyichi, «
‹Goottaa Waaqa keeti haga hin ilaalin› jedha» jed-
heen.

**3:17** Dad. 22:2; Far. 2:7; Isa. 42:1; Mat. 12:18; 17:5; Mar. 1:11; Luq. 9:35 **4:1** Ibr. 2:18; 4:15 **4:2** Bay. 34:2; 1 Mot. 19:8

8 Achiin duuba Seexanni gaara dheeraa tokko
gubba'atti isa baasee, mootummoota biyya lafaa
mara, ulfinna isaanii mara woliin itti mudhisee,
9 «Gad jiddee yoo naaf sagadde, waan kana
maraa si'iif hin kenna» jedheen.
10 Yesuus deebisee, «Seexana, bayyadhu! Bar-
reeffam Woyyichi, ‹Goottaa Waaqa keetiif sagadi,
isa callaa tajaajili› jedha» jedheen.
11 Achiin duuba Seexanni Yesuus lakkisee
deeme; ergantooti Waaqaalle dhufanee isa
tajaajilane.

### *Yesuus Galiila'atti Hujii jalqabe (Mar. 1:14-15; Luq. 4:14-15)*

12 Yesuus hidhama Yohaannisii yennaa dhage'e,
gara Galiila'aa deebi'e.
13 Qachaa Naaziretii lakkisee, lafa Zabilooniitii
fi Niftaalem keessa, cinaa abbaayaa Galiila'aa,
qachaa Qifirnaahoom keessa le'e.
14 Wonni Isaayaasiin raagichi raagee,
15 «Lafa Zabilooniitii fi lafa Niftaalemii,
Yordaanosiin gama, karaa gara abbaaya'aa
geessu gubbaa jirtu,
Galiilaa, lafa worra Yihudootaa hin te'inii!
16 Kolbaan dukkana keessa leete,
ifa guddaa dhaggite.
Worra lafa gaaddisa du'aa keessa le'uuf,
ifi ife» jedhe akka muummottuuf tun teete.
17 Yennaa sanii jalqabee Yesuus, «Mootummaan
Waaqaa waan dhikaatteef, cubbuu teessan irraa
deebi'a'a!» jedhee lallabiisa jalqabe.

---

**4:12** Mat. 14:3; Mar. 6:17; Luq. 3:19-20 **4:13** Yoh. 2:12 **4:16** Isa. 9:1-2 **4:17** Mat. 3:2

### *Yesuus Barattoota Jalqabaa Arfan Waame (Mar. 1:16-20; Luq. 5:1-11)*

18 Yesuus abbaayaa Galiila'aa qarqaraan adoo
dabaruu, guurtuu qurxummi'ii ka te'ane ob-
boleeyyan lamaan: Simoon ka Pheexroos jed-
hamee fi Indiryaasiin obboleessi Simoonii cac-
coo* abbaaya'atti afanuun dhagge.
19 Yesuus isaaniin, «Na hordofa'a! Ani guurtuu
namaa isin tolcha» jedhe.
20 Isaan yennuma san caccoota ifii lakkisanee
isa hordofane.
21 Inni akkuma achii deemeen, obboleeyyan
lamaan Yaaqoobii fi Yohaannis, ilmaan Zabde-
woosii dhagge. Isaan hoboloo ifii keessatti abbaa
ifii Zabdewoos woliin caccoota ifii subbiisatti† ji-
raniiyyu. Yesuus isaan waame;
22 isaanille yennuma san hobolo'oo fi abbaa ifii
lakkisanee, isa hordofane.

### *Barsiisiisa, Lallabiisaa Fi Fayyisiisa Yesuusii (Luq. 6:17-19)*

23 Yesuus manoota waaqonfannaa Yihudootaa
keessatti barsiisaa, Oduu Gammadaa ta mar-
roo mootummaa Waaqaa lallabaa, dhibe'ee fi
dhukkuba adda addaa mara irraa kolbaa fayyisaa
Galiilaa duudii keessa deddeeme.
24 Gurri isaa biyya Sooriya'aa maratti
dhage'ame; waan kanaaf worra dhibameeru,
dhukkuba adda addaatii fi dhibe'een farru, worra
ayyaanni hamaan qabeeru, worra gaggaadduu

---

* **4:18** *Caccoo:* Waan qurxummi'iin guuranu † **4:21** *Subbiisatti:* Midhaaffatiisatti, qopheeffatiisatti **4:23** Mat. 9:35; Mar. 1:39

qabuu fi worra laashoweeru mara kolbaan gara
isaa fidde. Yesuusille isaan fayyise.
25 Achiin duuba gumiin hedduun Galiilaa ir-
raa, Qachaa qachoota Kudhan jedhamu irraa,
Yerusaalem irraa, Yihudaa irraa, Yordaanosiin
gamalle'ee isa hordofane.

# 5

*Barumsa Yesuus Gaara Irratti Barsiise*
*(Mat. 5–7)*

1 Yesuus yennaa gumii hedduu dhagge, gaaratti
ol bayee tee'e; barattooti isaalle gara isaa dhufane.
2 Achiin duuba inni isaan barsiisiisa jalqabee:

*Gammada Dhuga'aa*
*(Luq. 6:20-23)*

3 «Worri le'ii Ayyaanaatiin hiyyeeyyii akka te'ane
itti dhage'antu gammaduu;
mootummaan Waaqaa ta isaanii ti!
4 Worri gadde gammaduu;
Waaqi isaan hin jajjabeessa!
5 Worri ifi gad qabu gammaduu;
isaan lafa hin dhaalan*!
6 Worri balchummaa beelotuu fi dheebotu gam-
maduu;
Waaqi isaan hin quussa.
7 Worri namaaf mararfatu gammaduu;
Waaqi isaaniif hin mararfata!
8 Worri gadhaa qullu'uu gammaduu;
isaan Waaqa hin dhaggan!
9 Worri nageya buusu gammaduu;
isaan ijoollee Waaqaa hin jedhaman!

* **5:5** *Hin dhaalan:* Addii Waaqi kenne hin fudhatan

10 Worri balchumma'aaf miidhamu gammaduu;
mootummaan Waaqaa ta isaanii ti!
11 «Sababa kiyyaaf jettee yennaa kolbaan isin ar-
rassitee, isin miitee, dharaan gurra isin balleessite
gammmada'a.
12 Isaan raagota worra isiniin duraatuu akka-
suma miidhane. Gatiin teessan ol-gubba'atti
guddoo waan teeteef, gammada'aatii ilillisa'a»
isaaniin jedhe.

### *Sooddaa Fi Ifa*
### *(Mar. 9:50; Luq. 14:34-35)*

13 Yesuus itti dabalee, «Isin soodda lafaa ti; am-
moo sooddi yoo kuraa ifii dhabe, attam deebi'ee
kuraawuu dande'a? Alatti gatamee miilaan dhi-
itama† malee, womaa bu'aa hin qabu.
14 «Isin ifa biyya lafaa ti. Qachaan gaara
gubba'atti ijaarame dhokatiisa hin dande'u.
15 Eennulle ifa issee, akka nama mana keessa
jiru maraaf ifa kennu, waan ifi irra keyamu irra
keya malee, gonbisoo jala hin keyu.
16 Akkasuma akka kolbaan hujii dansaa teessan
dhaggitee Abbaa keessan ka ol-gubbaa jiru
ulfeessitu, ifi keessan nama duudii duratti ifuu ti»
jedheen.

### *Seeraa Fi Barsiisa Raagotaa*

17 Yesuus, «Ani Seeraa fi barsiisa raagotaa
diigiisa dhufe hin seyina'a. Ani barsiisa isaanii
muummessiisaaf dhufe malee, diigiisaaf hin
dhunne.

---

**5:10** 1 Phex. 3:14 † **5:13** *Dhiitama:* Irra sirbama **5:13** Luq. 14:34-35 **5:16** 1 Phex. 2:12

18 Ani dhugumaan isinitti hima, haga ol-
gubba'aa fi latti dabartutti Seera keessaa qubeen
takkaan, bixxilleen‡ adoo hin muummowin hin
baddu.
19 Tanaaf nami ajajoota kana keessaa ka irra
diqqa'aa tokko diigee, akka diiganu namoota
barsiisu, mootummaa Waaqaa keessatti ka irra
diqqaatu hin jedhama; nami ajajoota kana eegee
akka eeganu barsiisu ammoo, mootummaa
Waaqaa keessatti guddaa hin jedhama.
20 Ani isinitti hima, balchummaan teessan
balchummaa worra barsiisota Seeraatii fi
Fariisaayotaa yoo caalte malee, mootummaa
Waaqaatitti ijjumaa hin galtanu» isaaniin jedhe.

### *Lubbuu Ijjeesuu Hin Barbaachisu*

21 Yesuus itti dabalee, «‹Hin ijjeesin; nami nama
ijjeese mura'aaf dhikaata› jedhamee worra duri-
ititti akka himameeru dhageettaneertan.
22 Ani ammoo isinitti hima, eennulle sababa
malee obboleessa yookiin obboleettii ifiititti
yoo mufate mura'aaf dhikaata; obboleessa
ifiitiin, ‹Gowwa'a!› yoo jedhe, kora mura'aa dura
dhikaata; obboleessa ifiitiin, ‹Daallee!› yoo jedhe
gara muraa qilee ibiddaa dhikaata.
23 Maarre kennansa keeti Waaqaa dhikeessi-
isaaf addee ciincaa itti ciincessanutti fiddee, waan
obboleessi keeti sitti quuqameeru yoo qaabatte,
24 kennansa keeti achuma addee ciinca'aa du-
ratti lakkisiitii, dhaqii obboleessa keeti woliin
araaramii, achiin duuba deebi'iitii kennansa keeti
dhikeessi.

---

‡ **5:18** *Bixxilleen:* Boqqoorri qubee takka'aa **5:18** Luq. 16:17

25 «Nama si himate tokko woliin gara mura'aa
adoo ideentuu dafii karaa irratti isa woliin wolii
gali. Achi geettee jennaan, abbaan mura'aa ka
si hidhutti dabarsee si kennee, ka si hidhu mana
hidha'aatitti si galcha.
26 Ani dhugumaan sitti hima, waan sitti mu-
rame keessaa saantimiin cadduulle adoo hin
hafin haga kaffaltutti ijjumaa hin baatu» jedhe.

### *Marroo Gaarayyeeffataa*

27 Yesuus, « ‹Hin gaarayyeeffatin› akka jedhame
dhageettaneertan.
28 Ani ammoo isinitti hima: nami ila
halcha'aatiin dubartii ilaale, gadhaa ifii keessatti
isii gaarayyeeffateera.
29 Ilti teeti ta middaa yoo cubbuu si hujisiitte,
ifi keessaa baasiitii gati; nafi keeti duudiin gara
qile'ee gatamu'uu mannaa, nafa keeti keessaa
tokko fafoottu si'iif woyya.
30 Harki keeti ka middaa yoo cubbuu si hu-
jisiise, ifi irraa kutiitii gati; nafi keeti duudiin
gara qile'ee deemu'uu mannaa, nafa keeti keessaa
tokko dhabuu si'iif woyya» jedhe.

### *Marroo Wol Lakkisiisa Dhirsaa Fi Niiti'ii (Mat. 19:9; Mar. 10:11-12; Luq. 16:18)*

31 Ammalle Yesuus, « ‹Nami niitii lakkisu mara
woraqata lakkeessaa barreessee isi'iif kennuu ti›
jedhameeraayyu.
32 Ani ammoo isiniin jedha, yoo isiin gaarayy-
eeffatte malee, nami niitii ifii lakkisu, akka isiin
gaarayyeeffattu hin godha; nami isii fuudhelle
hin gaarayyeeffata» jedhe.

---

**5:30** Mat. 18:8; Mar. 9:43

### *Marroo Kaku'uu*

33 Yesuus, «Ammalle, ‹Dharaan hin kakatina'a;
waan Gootta'aaf kakattane ammoo godha'a› akka
worra duriitiin jedhame isin dhageettaneertan.
34 Ani ammoo isinitti hima, ijjumaa hin
kakatina'a. Ol-gubbaan barcumaa mootummaa
Waaqaa waan teeteef, ol-gubba'aan yookiin,
35 lattille waan ijjata miila isaa teeteef lafaan
hin kakatina'a; qachaa mootii gudda'aa waan tee-
teef Yerusaalemille'een hin kakatina'a.
36 Rifeensa tokkocha adii yookiin gurraacha
godhiisa waan hin dandeenneef, mataa
keetille'een hin kakatin.
37 Dubbiin teessan ‹Ee› yoo teete ‹Ee›, yookiin
‹Waawwoo› yoo teete ‹Waawwoo› teetuu ti; wonni
kana irra caale seexana irraa dhutte» jedhe.

### *Marroo Haluu Bayiisaa (Luq. 6:29-30)*

38 Yesuus itti dabalee, «‹Ilti, ilaaf; ilkaan, ilka-
aniif› akka jedhame isin dhageettaneertan.
39 Ani ammoo isinitti hima: nama si yakke
haluu hin bayin. Nami tokko yoo boqoo middaa
si dhabanaase, taanille itti garagalchi;
40 nami tokko shaamisii§ teeti fudhatiisaaf bar-
baadee yoo si himate, kootii teetille kenniif.
41 Nami tokko hunnaan kiiloo meetira tokko
akka ati woliin deentu yoo si tolche, kiiloo meetira
lama woliin deemi.
42 Nama si kadhatuuf kenni; nama si irraa liqe-
effatiisaaf barbaadu hin dhooggatin» jedhe.

### *Diinota Jaalachuu (Luq. 6:27-28,32-36)*

---

§ **5:40** *Shaamisii:* Qoloo

43 Yesuus, « ‹Ollaa keeti jaaladhu, diinota keeti
jibbi› akka jedhame dhageettaneertan.
44 Ani ammoo isinitti hima: diinota keessan jaal-
adha'a; worra isin miidhuufille daadimadha'a.
45 Tana yoo gootane ijoollee Abbaa keessan
ka ol-gubba'aa hin teetan; inni aduu ifii worra
hama'aa fi dansa'aafille hin baasa; worra bal-
chootaa fi balchoota hin te'iniifille hin roobisiisa.
46 Worra isin jaalatu callaa yoo jaalattane, gatii
maan qaddan ree? Cubbaaleyyiinuu sanuma god-
han!
47 Obboleeyyan* teessan callaa nageya o'aa yoo
fuutane, worra dhibii caalaa isin maan gootane?
Worri Yihudoota hin te'inille sanuma godhan!
48 Abbaan keessan ka ol-gubba'aa mijuu† akka
te'e, isinille mijuu te'a'a» jedhe.

# 6

### *Arjummaa*

1 Yesuus, «Nami akka isin dhagguuf jettanee hu-
jii dansaa isaan duratti akka hin hunye ifi eeg-
gadha'a! Akkas yoo gootane, Abbaa keessan ka ol-
gubbaa jiru biraa gatii hin qaddanu.
2 «Hiyyeeyyi'iif yennaa arjoontanu, akka worri
kijibu kolbaan akka isaan galateeffattuuf, Mana
Waaqonfannaa Yihudootaa keessaa fi karaa ir-
ratti godhanu, ifi mudhisiisaaf hin godhina'a. Ani
dhugumaan isinitti hima, isaan gatii ifii dhaggata-
neeran.

---

* **5:47** *Obboleeyyan:* jaallan † **5:48** *Mijuu:* Ka dhidhuu hin qanne
**6:1** Mat. 23:5

3 Ati yennaa arjoontu ammoo, waan harki keeti
middichi godhiisatti jiru harki keeti bitaachinuu
hin beekin.
4 Maarre arjoom keeti dhossa'aan te'uu ti;
Abbaan keeti ka waan ati dhossa'aan tolchitu
dhaggu, gatii si'iif hin kenna.

### *Marroo Daadimatiisaa (Luq. 11:2-4)*

5 «Isin yennaa daadimattanu, akka worra ki-
jibuu hin te'ina'a! Isaan worri dhibiin akka isaan
dhagguuf, Galma Waaqaa keessaa fi woldeennaa
karaa gugurda'aatitti dhaabbatanee daadimatiisa
jaalatan. Ani dhugumaan isinitti hima, isaan gatii
ifii dhaggataneeran.
6 Ati ammoo yennaa daadimattu, gara kolloo
teetii seen, balbala cufadhuu, gara Abbaa keeti
ka addee dhokatte jiruu daadimadhu. Abbaan
keetille, ka waan ati dhossa'aan huju dhaggu, gatii
teeti si'iif hin kenna.
7 «Yennaa daadimattanu akka worra Yihudoota
hin te'inii, jecha bu'aa hin qanne itti hin ded-
deebi'ina'a; isaan heddummaa jechoota isaani-
itiif, waaqi waan isaaniif dhage'u seyan.
8 Isin ammoo akka isaanii hin te'ina'a. Abbaan
keessan waan isin barbaachisu isin adoo isa hin
gaafatinuu hin beeka.
9 «Tanaaf, yennaa daadimattanu,

«‹Abbaa keenna ka ol-gubbaa jirtu,
Maqaan keeti woyyoomu;
10 mootummaan teeti dhuttu;
fedhiin teeti akkuma ol-gubba'atti teete,
lafalle'etti teetu.

11 Sagalee guyyuma guyya'aan nuu barbaachittu
adha nuu kenni.
12 Akkuma nuuti worra nu yakkuuf araarannu,
yakkaa teenna nuu araarami.
13 Hamaalessa irraa nu eegi malee,
ataabe'etti nu hin galchin.
[Mootummaan, hunni, ulfinnille
baruma baraan keetuma. Ameen]› jedha'a.

14 «Yoo isin yakkaa namootaaf araarantane,
Abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru isiniif hin
araarama.
15 Yoo isin yakkaa namootaaf hin araaramin
ammoo, Abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru yakkaa
teessan isiniif hin araaramu» jedhe.

### *Marroo Laamiisaa*

16 Yesuus, «Yennaa laantanu, akka worri kijibu
tolchu fuula keessan hin addeessina'a*. Laamuu
isaanii namooti akka dhagganuuf isaan ifi ad-
deessan. Ani dhugumaan isinitti hima, isaan gatii
ifii fudhataneeran.
17 Ati ammoo yennaa laantu, fuula keeti
dhiqadhu, mataa keetille iffadhu!
18 Tanaaf laamiisa keeti, Abbaa keeti ka addee
dhokatte jiru qofatti beeka malee, worri dhibiin
beekuu hin dande'u. Abbaan keetille, ka waan
ati dhossa'aan hujju dhaggu, gatii teeti si'iif hin
kenna» jedhe.

### *Karra Ol-gubba'aa*
### *(Luq. 12:33-34)*

---

**6:15** Mat. 11:25-26 * **6:16** *Hin addeessina'a:* Hin shankalleessina'a, hin daalacheessina'a

19 Yesuus dabalee, «Addee qooqqanna'aa† fi ciil-
layiisi balleessutti, hattuulle cassitee seentee hat-
tutti, as lafa tana irratti karra teessan hin kuu-
fatina'a.
20 Ammoo addee qooqqanna'aa fi ciillayiisi
dande'ee hin balleessine, hattuulle cassitee seen-
tee hatuu hin dandeenne, ol-gubba'atti karra
teessan kuufadha'a.
21 Yennaa mara addee karri teessan jirtu gad-
haan keessanille jira» jedhe.

### *Ifa Nafaa (Luq. 11:34-36)*

22 Yesuus, «Ilti ifa nafaa ti; ilti teeti fayyaa yoo
teete, nafi keeti duudiin ifaalessa hin te'a;
23 ilti teeti fayyaa yoo dhadde ammoo, nafi keeti
duudiin dukkana te'a; ifi sitti jiru dukkana yoo
te'e, dukkanti attam attam guddattu ree!» jedhe.

### *Waaqaa Fi Qabeenna Namaa (Luq. 16:13; 12:22-31)*

24 Yesuus itti dabalee, «Nami tokko garbicha
goottolee lamaa te'iisaaf hin dande'u; tokkocha
hin jibba, kaan hin jaalata; yookiin tokkocha
ulfeessee kaan tuffata. Akkasuma Waaqaa fi
beese'eef tajaajiluu hin dande'u» jedhe.
25 «Tanaaf ani isinitti hima, jiruu teessaniif maan
nyaanna, yookiin maan unna, yookiin marroo
nafa keessanii, maan uffanna jettanee hin yaad-
ina'a. Jiruun sagalee, nafi woyaa hin caaluu?
26 Sinbirroota ilaala'a; isaan midhaan hin
facaasanu yookiin haamanee gootara'atti hin
galchanu; Abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru

† **6:19** *Qooqqanna'aa:* Bili'ii **6:19** Yaq. 5:2-3

isaan nyaachisa. Isin guddoo sinbirroota hin caaltanuu ree?
27 Isin keessaa nami yaadiisaan, bara jiruu ifii irratti guyyuma tokkolle‡ ka dande'ee dabalatu jiraa?
28 «Marroo woya'aa maaf yaaddan ree? Daraaroti attam akka guddatanu ilaala'a; isaan hin hujatanu yookiin woyaa ifiif hin dhowatanu.
29 Te'uu malee, Solomooniin mootichinuu ulfinna ifii maraan daraarota san keessaa akka tokkochaa woyaa akka hin uffatin isinitti hima.
30 Waaqi marra adha mudhatee, boru ibiddatti gatamu yoo akkas uffise, isin fa'a attam caalchisee uffisuu dhaba ree? Isin worra dhugeeffannaa diqqo'oo!
31 «Maarre, ‹Maan nyaanna?› yookiin ‹Maan unna?› yookiin ‹Maan uffanna?› jedhaa hin yaad-dayina'a;
32 worri Yihudoota hin te'in yennaa mara yaada waan kanaatiin qabamaneeran. Tun marti akka isinii barbaachittu Abbaan keessan ka ol-gubba'aa hin beeka.
33 Dursa'aatii mootummaa Waaqaatii fi balchummaa isaa barbaada'a; tun martinuu isiniif hin kennanti.
34 Maarre marroo boruutiif hin yaadayina'a; guyyaan boruu ifiifuu yaaddoo isa gewu qaba. Rakkinni adhaa adhaaf hin geya» jedhe.

# 7

### *Namatti Muriisa (Luq. 6:37-38,41-42)*

---

‡ **6:27** *Guyyuma tokkolle:* Saatuma tokkolle

1 Yesuus, «Waaqi akka isinitti hin murre, isin
namatti hin murina'a.
2 Muruma isin namatti murtanuun Waaqille
isinitti mura; safaraa isin ittiin namaaf safar-
tanutti isinille'eef safarama.
3 «Huura ila obboleessa keetii keessa jiru maaf
ilaalta! Jigeessa ila teeti keessaa maaf hin
hubanne?
4 Jigeessi ila teeti keessa adoo jiruu, obboleessa
keetiin, ‹Huura ila teeti keessaa sii fuudha› attam
jedhuu dandeetta?
5 Ati nama kijiba'a! Dursiitii jigeessa ila teeti
keessa jiru fudhadhu; achiin duuba huura ila ob-
boleessa keetii keessa jiru fuudhiisaaf miidhassi-
tee dhagguu hin dandeetta.
6 «Waan Waaqaaf male sarootaaf hin kennina'a;
isinitti garagalanee isin ciniinan. Dooqa keessan
ka gatii guddoo qabulle booyyota dura hin bu-
usina'a; isaan miilaan irra sirban» jedhe.

### *Gaafadha'a, Barbaada'a, Dhodhowa'a (Luq. 11:9-13)*

7 Yesuus itti dabalee, «Gaafadha'a, isiniif hin ken-
nanti; barbaada'a, hin dhaggattanille'e; balbala
dhodhowa'a isiniif hin bananti.
8 Ka gaafatu hin fudhata, ka barbaadulle hin
dhaggata, ka balbala dhodhowuufille hin bananti.
9 Isin keessa ilmi isaa daabboo yoo gaafate, ka
dhakaa kennuuf eennu?
10 Yookiin qurxummii yoo gaafate, dhudhuufaa
hin kennaafii?
11 Isin adoo worra hamaa teetanuu, ijoollee
teessaniif waan dansaa kennuu eega beettanee,

---

**7:2** Mar. 4:24

Abbaan keessan ka ol-gubbaa jiru, attam
caalchisee, worra isa gaafatuuf waan dansaa
kennuu dhaba ree!
12 «Waan namooti akka isiniif godhanuuf bar-
baaddanu isinille akkasuma isaaniif godha'a:
Seerri Muuse'eetii fi raagoti kanuma barsiisan.

### *Karra Dhiphoo (Luq. 13:24)*

13 «Karra dhipho'oon seena'a! Karaan gara
badi'ii geessu badha'a; karrille badhoo waan tee-
teef, worri karra san seenu heddu'u.
14 Karaan gara jiru'uu geessu ammoo qadha'aa;
karrille dhiphoo waan teeteef, worri karaa jiru'uu
san dhaggatu diqqa'a» jedhe.

### *Mukaa Fi Midhaan Isaa (Luq. 6:43-44)*

15 Yesuus itti dabalee, «Raagota dharaa irraa ifi
eeggadha'a; isaan gubbaa irra hoolota fakkaata-
nee, gara keessan dhufan; keessi isaanii ammoo
yayyii isin butattu.
16 Midhaan* isaaniitiin isaan beettan. Mid-
haan woyni'ii kom'olcha irraa, midhaan harru'uu
waaccuu irraa hin guuranu.
17 Akkasuma, muki dansaan midhaan dansaa,
muki hamaan midhaan hamaa buusa.
18 Muki dansaan midhaan hamaa buusuu hin
dande'u; yookiin muki hamaalle midhaan dansaa
buusuu hin dande'u.
19 Muki midhaan dansaa hin buunne martinuu
muramee ibiddatti gatama.

---

**7:12** Luq. 6:31 * **7:16** *Midhaan:* Waan isaan hujanuun **7:19** Mat. 3:10; Luq. 3:9

20 Tanaaf midhaan isaaniitiin raagota dharaa
beettan» jedhe.

### *Ani Ijjumaa Isin Hin Beeku (Luq. 13:25-27)*

21 Yesuus, «Fedhii Abbaa kiyya ka ol-gubbaa
jiruu ka hujutti mootummaa ol-gubba'aatitti gala
malee, ka, ‹Gootta'a, Gootta'a› jedhee na waamu
marti hin galu.
22 Guyyaa mura'aa san, namooti hedduun,
‹Gootta'a, Gootta'a! Maqaa keetiin raaga hin
dubbannee? Maqaa keetiin durriisota hin baan-
nee? Maqaa keetiin baasota hedduu hin hunyee?›
anaan hin jedhan.
23 Ani ammoo, ‹Ijjumaa isin hin beeku. Isin
worra dabaaleyyi'i; ila tiyya duraa deema'a!› jed-
hee ifatti isaanitti hima» jedhe.

### *Jara Lamaan Mana Ijaartu (Luq. 6:47-49)*

24 Yesuus, «Nami jecha kiyya dhage'ee hujii irra
oolchu namicha qaroo mana ifii rassaa irratti
ijaarrate tokko fakkaatta.
25 Bokkeenni roobee, lolaan lola'ee, bubbeen
bubbittee mana san dhiidde. Manni sun ammoo
rassaa irratti waan ijaarameeruuf hin jinne.
26 «Nami jecha kiyya dhage'ee hujii irra hin ool-
chine namicha gowwaa mana ifii maansa irratti
ijaarrate tokko fakkaata.
27 Bokkeenni roobee, lolaan lola'ee, bubbeen
bubbittee mana san dhiidde. Manni sunille jigee
akka malee butute» jedhe.

---

**7:20** Mat. 12:33

### *Baallii Yesuusii*

28 Yesuus yennaa dubbii tana dubbatee fixe,
gumiin barsiisa isaatitti baaseffatte.
29 Inni akka barsiisota isaanii ta Seera Muuse'ee
adoo hin te'in, akka nama baallii qabuu tokko
isaan barsiise.

# 8

### *Yesuus Namicha Tokko Fayyise (Mar. 1:40-45; Luq. 5:12-16)*

1 Yesuus yennaa gaara irraa gad bu'e, gumiin
hedduun isa hordotte.
2 Namichi dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan
qabameeru tokkolle gara isaa dhufee, isa duratti
jilbiiffatee, «Gootta'a, yoo fedha keeti te'e na
fayyisuu dandeetta» jedhe.
3 Yesuus harka ifii diriirsee isa qabee, «Hin
fedha, fayyi!» jedheen; yennuma san namichi
dhukkuba ifii irraa fayye.
4 Achiin duuba Yesuus, «Beekkadhu! Waan
kana nama tokkolle'etti hin himin; ammoo dhaqi-
itii, hayyichatti ifi mudhisi; fayyuun keeti nama
maraaf akka dhugaa baya te'u, fayyuu keetiif
qodha Muuseen ajaje dhikeessi!» isaan jedhe.

### *Yesuus Tajaajilaa Ajajaa Dhibbaa Fayyise (Luq. 7:1-10)*

5 Yesuus yennaa qachaa Qifirnaahoomii seene,
ajajaan dhibba tokko dhufee isa kadhatee,
6 «Gootta'a, tajaajilaan kiyya nafa laashowee,
dhibamee mana ciisee, rakkataa farriisatti jira»
jedhe.

---

**7:29** Mar. 1:22; Luq. 4:32

7 Yesuus, «Ani dhufee isa hin fayyisa» jedhe.

8 Ajajaan dhibbaa ammoo, «Gootta'a, ati mana
kiyya seeniisaaf ani nama malee moti; afaanuma
calla'aan ajaji, mucaan kiyya hin fayya.

9 Aninuu worra baalli qabu jala jira, loltoota
ifiin jalatti ajajulle qaba. Isaan keessaa
tokkochaan, ‹Deemi!› yoo jedheen, innille hin
deema; kaanille'een, ‹Koy!› yoo jedheen, innille
hin dhufa; tajaajilaa kiyyaan, ‹Kana huji!› yoo
jedheen, innille hin huja» jedhe.

10 Yesuus yennaa tana dhage'e, baaseffatee
worra isa hordofuun, «Ani isinitti hima, Israa'el
keessatti dhugeeffannaa guddoo akkasii nama
qabu tokkochalle hin dhaggine.

11 Ani isinitti hima, biyya lafa duudii irraa karaa
aduun baatuu fi seentuu dhufanee, mootummaa
Waaqaa keessatti Abrahaam, Yaaqoobii fi Yisihaq
woliin hin nyaatan;

12 worri mootummaa Waaqaa keessa te'uu male
ammoo addee itti bowanuu fi ilkaan itti qaranu
gara alaa dukkanatti hin gataman» jedhe.

13 Achiin duuba Yesuus ajajaa dhibbaatiin,
«Deemi; akkuma dhugeeffanna teetii si'iif teetuu»
jedhe.

Tajaajilaan ajajaa dhibbaalle saatuma san fayye.

### *Yesuus Kolbaa Hedduu Fayyise (Mar. 1:29-34; Luq. 4:38-41)*

14 Yesuus yennaa mana Pheexroosii dhaqe,
haati sodda'aa ta Pheexroosii dhukkuba nafa

---

**8:11** Luq. 13:29

o'isuun dhibantee taqee irra irkatiisatti jirtuun dhagge.
15 Inni harka isi'ii qabee, o'i nafaa isii lakkin-
naan, isiille ol kaatee isaaf areerte.
16 Aduun seenteen duuba, worra durriisotaan
qabamane hedduu gara Yesuusii fidane. Innille
jecha ifiitiin durriisota baasee, worra dhibame
maralle fayyise.
17 Wonni Isaayaasiin raagichi,

«Inni dhibee teenna fudhate,
dhukkuba keennalle ba'ate» jedhe akka muummottuuf inni tana godhe.

### *Worra Yesuus Hordofiisaaf Barbaade (Luq. 9:57-62)*

18 Yesuus adaala ifiititti gumii hedduu yennaa
dhagge, gara abbaaya'aan gamaa akka bu'anu barattoota ifii ajaje.
19 Barsiisaan Seera Muuse'ee tokko gara isaa
dhufee, «Barsiisa'a! Addee ati dhaxxu mara si hordofa» jedheen.
20 Yesuus deebisee, «Jeedalti boolla qaddi; sin-
birreelle mana qaddi; Ilmi namaa ammoo addee mataa ifii itti irkifatu hin qabu» jedheen.
21 Baratoota isaa keessaa ka dhibiin, Yesu-
usiin, «Gootta'a, dursee dhaqee abbaa kiyya akka awwaaladhu naa eeyyam» jedheen.
22 Yesuus ammoo, «Ati na hordofi! Du'aan du'aa
ifii awwaalatuu ti» isaan jedhe.

### *Yesuus Bubbee Cadhisiise (Mar. 4:35-41; Luq. 8:22-25)*

23 Yennaa Yesuus hoboloo takka yaabe, barat-
tooti isaalle isa woliin deemane.

24 Dedhuma bubbeen hantuun abbaayaa gubbaa kaatee, hoboloolle danbali'iin lixiisa geette; Yesuus ammoo rafeeraayyu.
25 Barattooti gara Yesuusii dhaqanee dammassanee, «Gootta'a, nu fayyisi! Dhumataarraa!» jedhaneen.
26 Yesuus deebisee, «Isin worra dhugeeffannaa diqqo'oo, maaf sodaattan?» jedheen. Achiin duuba inni ol ka'ee bubbe'ee fi danbalii ajajee, achitti cadheessi guddaan te'e.
27 Isaan baaseffatanee, «Kun nama attamii ti? Bubbe'ee fi danbaliille hin ajajamaniif!» jedhane.

### *Yesuus Worra Durriisaan Qabame Fayyise (Mar. 5:1-20; Luq. 8:26-39)*

28 Yesuus abbaaya'aan gamatti bu'ee biyya Gadara'aa* yennaa dhufe, namooti durriisi keessa jiru lamaan goda awwaalaatii gad itti dhufane; namooti kun haga nami karaa san dabariisa dadhabutti akka malee sodaachisane.
29 Isaan dedhuma, «Yesuus, Ilma Waaqaa, maan nu irraa qadda? Yennaan adoo hin geyin nu farrisiisiisa dhuttee?» jedhaa iyyane.
30 Diqquma isaan irraa fago'otti booyyoti hedduun bobbaatee dheediisatti jirtiiyyu.
31 Maarre durriisoti, «Ati yoo gad nu baache, booyyota sanitti nu ergi» jedhanee Yesuus kadhatane.
32 Yesuus, «Dhaqa'a!» isaaniin jennaan, jara keessaa bayanee booyyotatti galane. Booyyoti sun

---

* **8:28** *Biyya Gadara'aa:* Barreeffam durii durii gariin «Gergeesa'aa», kuun «Geraasa'aa» jedha

martinuu roga qile'ee irraa gad gara abbaaya'aa oriitee liqinfante.
33 Worri booyyota tissanu baqatanee qachaa seenanee, waan te'e maraa fi waan namoota durriisi qabeeru irratti te'e achitti odeessane.
34 Achiin duuba namooti qachaa keessaa marti Yesuus dhaggiisaaf gad bayane; isaan yennaa isa dhaggane, biyya isaanii lakkisee akka deemuuf isa kadhatane.

# 9

### *Yesuus Namicha Nafa Laashowe Fayyise*
### *(Mar. 2:1-12; Luq. 5:17-26)*

1 Yesuus hoboloo yaabee abbaaya'aan gamatti bu'ee gara qachaa ifii* dhufe.
2 Jarri tokko achitti namicha nafi isaa laashowee itillee irra irkateeru tokko gara isaa fidde. Yesuus yennaa dhugeeffannaa isaanii dhagge, namicha nafa laashoween, «Ilma kiyya, jabaadhu! Cubbuu teetiif araarri kennameera» jedhe.
3 Achiin duuba barsiisoti Seera Muuse'ee gariin, «Namichi kun Waaqa faanshessiisatti jira» jedhanee gadhaa ifii keessatti yaadatane.
4 Yesuus yaada isaanii beekee, «Isin maaf waan hantuu akkasii gadhaa keessan keessatti yaadattan?
5 ‹Cubbuu teetiif araarri kennameera› jechu'u moo yookiin, ‹Ol ka'ii deem› jechuu irra kamittuu kaso'o?

---

* **9:1** *Qachaa ifii:* Qifirnaahoom (4:13 ilaali)

6 Ammoo Ilmi namaa cubbuu araaramiisaaf
lafa irratti baallii akka qabu akka beettanu» jed-
hee, namicha laashoweeruun, «Ol ka'i! Itillee teeti
fudhadhuutii gara mana keetii deem!» jedhe.
7 Namichille ol ka'ee gara mana ifii deeme.
8 Kolbaan yennaa tana dhaggite baaseffattee,
Waaqa baallii akkasii kolba'aaf kenne galateef-
fatte.

*Yesuus Maatewoos Waame*
*(Mar. 2:13-17; Luq. 5:27-32)*

9 Yesuus karaa san dabaruun, namicha qaraxa
guuru tokko, ka Maatewoos jedhamu, addee
gosee qaraxaa tee'eeruun dhaggee, «Na hordofi»
jedheen.
Innille ol ka'ee isa hordofe.
10 Yesuus mana Maatewoosiititti nyaata irra
jiruun, worri qaraxa guuruu fi cubbaaleyyiin hed-
duun isaa fi barattoota isaa woliin nyaatiisaaf
tee'ane.
11 Fariisaayoti gariin kana dhagganee, barat-
toota isaatiin, «Barsiisaan keessan worra qaraxa
guuruu fi cubbaaleyyii woliin maaf nyaata?» jed-
hane.
12 Yesuus yennaa kana dhage'e, «Worra
dhibameef malee, worra fayyaaleyyi'iif cidheessa
hin barbaachisu.
13 Dhaqa'aatii Barreeffama, ‹Ani marartii bar-
baada malee ciinca'aa moti› jedhu hiikkaan maan
akka te'e qorqora'aatii hubadha'a. Ani cubbaa-
leyyii waamiisaaf dhufe malee, balchoota waami-
isaaf moti» jedhe.

*Gaaffii Marroo Laamiisaa*
*(Mar. 2:18-22; Luq. 5:33-39)*

14 Achiin duuba barattooti Yohaannisii
cuupha'aa gara Yesuusii dhufanee, «Nuutii
fi Fariisaayoti yennaa mara maaf laamaa,
barattooti teeti ammoo ijjumaa maaf laamuu
dhaban?» jedhanee gaafatane.

15 Yesuus deebisee, «Waajibichi isaan woliin adoo
jiruu jaaloti hin gaddanii? Waawwo'o! Guyyaan
waajibichi isaan biraa fudhatamu hin dhufa;
achiin duuba isaan hin laaman.
16 «Eennulle woyaa haareya woyaa dullatti'itti
hin erbu; sababille woyaan haaretti shuntuu-
rachiittee qowa duriituu ka caalu gooti.
17 Akkasuma daadhii woyni'ii ta hin bayiin
qalqalluu dulloometti eennulle hin naqu; saba-
bille qalqalluun hin dho'a, daadhiin hin jiddi,
qalqalluulle hin bada; daadhiin hin bayin qalqal-
luu haareyatti naqamuu malte; daadhiille, qalqal-
luulle hin badanu» isaaniin jedhe.

## *Intala Yaayiroosiitii Fi Dubartii Woyaa Yesuusii Tuxxe*
*(Mar. 5:21-43; Luq. 8:40-56)*

18 Yesuus adoo tana isaanitti dubbatiisatti jiruu,
bulchaan Mana Waaqonfannaa Yihudootaa gara
isaa dhufee, isa duratti jilbiiffatee, «Intalti tiyya
ammuma na duraa duute; ati ammoo koyiitii
harka keeti isii irra keyi; isiille deebitee hin ji-
raatti» jedhe.
19 Yesuus ka'ee barattoota ifii woliin isa faana
dhaqe.

20 Dubartiin woggaa kudhanii lamaaf dhiigi
isi'ii dhaabbatuu didee rakkataa turte takka isa
duubaan dhuttee handaara woyaa Yesuusii tuxxe.

21 Isiin gadhaa ifiititti, «Yoo woyaa isaa callaa
tuqe, ani hin fayya» jettee yaadatte.
22 Yesuus garagalee isii dhaggee, «Intala tiyya,
jabaadhu! Dhugeeffannaan teeti si fayyitteerti»
jedheen; dubartittiille yoosuma fayyite.
23 Achiin Yesuus gara mana bulchaa Mana
Waaqonfannaa Yihudootaa yennaa dhaqe, worra
suusullee† gaddaa afuufuu fi gumii caakkittee
boottu dhaggee,
24 «Asii gad baya'a! Intalti rafiisatti jirti malee
hin duune» jedhe. Isaan ammoo itti kollane.
25 Gumiin gad baateen duuba, Yesuus gara
addee intalti jirtuu seenee harka isi'ii qabe; in-
taltille ol kaate.
26 Oduun marroo waan kanaa adaala san mara
geette.

### *Yesuus Namoota Ballaa Lama Fayyise*

27 Yesuus achii ka'ee adoo dabariisatti jiruu,
namooti ballaan lamaan isa hordofanee, «Ilma
Daawitii, nu marari!» jedhaa iyyane.
28 Inni yennaa mana seene, namooti ballooti
sun gara isaa dhikaatane; Yesuusille, «Akka ani
kana godhuu dande'u hin dhugeeffattanii?» jed-
hee isaan gaafate.
Isaanille, «Ee, Gootta'a!» jedhaneen.
29 Achiin duuba Yesuus ila isaanii qaqqabee,
«Akkuma dhugeeffannaa teessanii isinii teetuu ti!»
jedhe;
30 ilti isaaniille banante. Achiin duuba Yesuus,
«Beekkadha'a, waan kana nama tokkolle'etti hin
himina'a» jedhee jabeessee isaan ajaje.

---

† **9:23** *Suusullee:* Ulullee

31 Isaan ammoo achii bayanee oduu marroo
Yesuusii adaala lafa sanii maraan geyane.

### *Yesuus Namicha Afaan Duuda'aa Fayyise*

32 Namooti ilti babbananteef akkuma achii
bayaneen, jarri takka namicha afaan duudeeru
ka durriisi qabeeru tokko gara Yesuusii fadane.
33 Durriisi yennaa keessaa baafame, namichi
afaan duudee ture dubbate; kolbaalle baaseffat-
tee, «Waan akkasii kana Israa'el keessatti nuuti
ijjumaa dhagginee hin beennu!» jette.
34 Fariisaayoti ammoo, «Inni hunna mooticha
durriisotaatiin durriisota baasa» jedhane.

### *Yesuus Kolba'aaf Naye*

35 Yesuus Mana Waaqonfannaa Yihudootaa
keessatti barsiisaa, Oduu Gammadaa ta
mootummaa Waaqaa lallabaa, kolbaa dhukkubaa
fi dhibee mara irraa fayyisaa qachootaa fi olloota
mara keessa deddeeme.
36 Inni akka hoolota tissee hin qannee kolbaa
rakkattee fi qarqaarsa hin qanne yennaa dhagge
nayeef.
37 Yennaa san inni barattoota ifiitiin, «Midhaan
haamamu gudda'a; worri haamu ammoo diqqa'a.
38 Tanaaf abbaan midhaanii worra miidaan
haamu gara midhaan haamamuu akka ergu
daadimadha'a» jedhe.

# 10

### *Yesuus Ergantoota Kudhanii Lama Filate (Mar. 3:13-19; Luq. 6:12-16)*

---

**9:34** Mat. 10:25; 12:34; Mar. 3:22; Luq. 11:15 **9:38** Luq. 10:2

1 Yesuus barattoota ifii kudhanii lamaan gara
ifii waamee ayyaanota hamoota akka baasanu,
dhukkubaa fi dhibee mara akka fayyisanu baallii
isaaniif kenne.
2 Maqaan ergantoota kudhanii lamaanii asii
gad jira: ka matoomaa, Simoon ka «Pheexroos» jed-
hamee fi obboleessa isaa Indiryaas; ilmaan Zab-
dewoosii, Yaaqoobii fi obboleessa isaa Yohaannis;
3 Filiphoos, Bartolomewoos, Toomaas, Maate-
woosii qaraxa guuru, Yaaqoobii ilma Alfewoosii,
Taadewoos;
4 Simoonii hinaatticha, Yihudaa nama biyya
keriyootii, ka dabarsee Yesuus kenne.

### *Hujii Ergantoota Kudhanii Lamaa (Mar. 6:7-13; Luq. 9:1-6)*

5 Yesuus worra kudhanii lamaan kana erge; qa-
jeelfama asii gad jirulle itti kennee, «Gara worra
Yihudoota hin te'inii hin dhaqina'a, yookiin qa-
choota Samaariyya'aa hin seenina'a.
6 Addee akkasii, Worra akka hoolotaa bade gara
kolbaa Israa'elii dhaqa'a.
7 Akkuma dhaxxaneen, ‹Mootummaan Waaqaa
dhikaatteerti› jedhaa lallaba'a.
8 Dhibamaa fayyisa'a, du'aa kaasa'a, worra
dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabameeru fayy-
isa'a, durriisota baasa'a. Gatii malee fudhatta-
neertan, gatii malee kenna'a.
9 Marxoo* keessatti worqii, meetii yookiin sibi-
ila diimaa hin qabatina'a.
10 Ideemiisa kara'aatiif korojoo, qoloo lama,
yookiin kophee lama, ulee lama hin qabatina'a.

---

**10:7** Luq. 10:4-12 * **10:9** *Marxoo:* Hiituu hidhaa

Hojjattootaaf wonni isaan barbaachisu kenna-
muufii malte.
11 Isin gara qachaa yookiin ollaa tokkoo yen-
naa seentane, nama isin fudhatiisaa te'u tokko
barbaada'a, haga addee san lakkittanutti isa bira
tura'a.
12 Yennaa mana tokko seentanu, ‹Nageenni
isinii te'u› jedha'a.
13 Worri mana sanii yoo isin fudhate, nageenni
keessan isaanii te'u; yoo isaan isin hin fudhatin
ammoo, nageenni keessan isinii deebi'u.
14 Eennulle yoo isin fudhatuu dhabe yookiin
dubbii teessan dhage'uu dhabe, mana san yookiin
qachaa san lakkittanee yennaa baatanu bukuu
miila keessanii dhodhowadha'a.
15 Ani dhugaa isinitti hima, guyyaa mura'aa
worra qachaa sanii irra worra Sodoomii fi
Gomora'aatiif irra kasoo hin teeti» jedhe.

### *Miidhaa Dhufu*
### *(Mar. 13:9-13; Luq. 21:12-17)*

16 Yesuus itti dabalee, «Ani akka hoolotaa odduu
yayyi'ii isin erga; maarre akka bofaa qaroolee,
akka saphaliisaa gadhi-laafeyyii te'a'a.
17 Namoota irraa ifi eeggadha'a; isaan gara kora
mura'aa dabarsanee isin hin kennan, mana itti
wolitti qabamanu keessatti isin hin dhaanan.
18 Sababa kiyyaaf akka isinitti muranu gara bul-
chitootaa fi moototaa waan geeffantanuuf, isaanii
fi worra Yihudoota hin te'in duratti dhugaa baa-
tota tiyya hin teetan.

**10:10** 1 Qor. 9:14; 1 Xim. 5:18 **10:14** HuE. 13:51 **10:15** Mat. 11:24; Dad. 19:24-28

19 Yennaa isaan dabarsanee isin kennanu ammoo, maan akka jettanu yookiin attam akka dubbattanu hin yaadina'a; yennuma san wonni dubbattanu isiniif hin kennanti.
20 Ayyaana Abbaa keessan ka ol-gubba'aatitti isin keessa jiraatee dubbata malee, isinii moti.
21 «Obboleessi obboleessa ifii, abbaalle ilma ifii du'atti dabarsee hin kenna; ijoolleelle worra ifii irratti hin kaati; hin ijjeesisiittille'e.
22 Sababa kiyyaaf nami marti isin jibba. Nami haga muumme'eetitti ossu ammoo hin fayya.
23 Yennaa isaan qachaa tokko keessatti isin miidhane, gara ka dhibi'ii baqadha'a. Ani dhugumaan isinitti hima, Ilmi Namaa adoo hin dhufiniin dura qachoota Israa'elii mara keessa deentanee hin fixxanu.
24 «Barataan barsiisaa ifii hin caalu, hojjataan hojjachiisaa ifii hin caalu.
25 Barataan akka barsiisaa ifii te'uun, hojjataan akka hojjachiisaa ifii te'uun hin geya. Isaan yoo abbaa manaa, ‹Bi'el Zebul†› jedhanee waamane worra mana isaa maqaa irra caalaa badaa attamiitiin waamu'uu jiran ree!
26 Maarre nama hin sodaatina'a. Wonni gollame mudhatuu hin ooltu; wonni dhoffame beekkamuu hin ooltu.
27 Waan ani dukkana keessatti isinitti himu, isin ifa guyya'aatiin dubbadha'a. Waan hasaasa'aan dhageettane guutuu manaa irraa lallaba'a.

---

**10:20** Mar. 13:12; Luq. 21:16 **10:22** Mat. 24:9; 13; Mar. 13:13; Luq. 21:17 **10:24** Luq. 6:40; Yoh. 13:16; 15:20 † **10:25** *Bi'el Zebul:* Mooticha ayyaanota hamootaa **10:25** Mat. 9:34; 12:24; Mar. 3:2; Luq. 11:15

28 Worra foon namaa ijjeesu, ammoo ka lub-
buu ijjeesuu hin dandeenne hin sodaatina'a; irraa
caalaa, qilee keessatti lamaanuu foonii fi lubbu-
ulle ka balleessuu dande'u Waaqa sodaadha'a.
29 Sinbirrooti didiqqoon lamaan saantimii
tokkotti hin gurguramanii motii? Fedhii Abbaa
keessan ka ol-gubbaa jiruutiin malee sinbirroota
san keessaa takkaalle lafa hin buutu.
30 Isin rifeensi mataa keessaniituu marti
laakkowameera.
31 Maarre hin sodaatina'a; isin sinbirroota
didiqqoo hedduu caalaa gatii qaddan» jedhe.

### *Marroo Kiristoosii Dhugaa Bayiisa (Luq. 12:8-9)*

32 Yesuus itti dabalee, «Nama duratti ka dhugaa
naa bayu duudi'iif, anille Abbaa kiyya ka ol-
gubba'aa duratti dhugaa isaaf baya.
33 Ka nama duratti na mormatu duudii ammoo,
anille Abbaa kiyya ka ol-gubba'aa duratti isa hin
mormadha» jedhe.

### *Namooti Sababa Yesuusiitiif Gargar Bayane (Luq. 12:51-53; 14:26-27)*

34 Yesuus itti dabalee, «Ani gara biyya lafaa
nageya fidiisaaf waan dhufe isinitti hin fakkaatin.
Ani shallaagaa malee, nageya fidiisaaf hin
dhunne.
35 Ani ilma abba'aan, intala haadha ifiitiin, niitii
ilmaa haadha dhirsa isi'iitiin‡ gargar baasiisaaf
dhufeera.
36 Diinoti keessan maatuma teessan keessaa hin
te'a.

---

**10:33** 2 Xim. 2:12 ‡ **10:35** *Haadha dhirsa isi'iitiin:* Haadha sodda'aatiin

37 «Nami abbaa ifii yookiin haadha ifii na caalaa
jaalatu naaf ka malee moti; nami ilma ifii yookiin
intala ifii na caalaa jaalatu naaf ka malee moti.
38 Nami fannoo ifii ba'atee na hin hordonne naaf
ka malee moti.
39 Nami jiruu ifii fayyifatuu barbaadu hin
dhaba, nami naaf jedhee jiruu ifii dhabu hin fayy-
ifata.

### *Gatii Namooti Dhaggatanu (Mar. 9:41)*

40 «Ka isin fudhatu na fudhata; ka ana fudhatu
ka ana erge fudhata.
41 Ka raagaa tokko waan inni raagaa te'eef fud-
hatu, gatii raagichaa hin dhaggata. Ka nama
balchaa waan inni nama balchaa te'eef fudhatu,
gatii balcha'aa hin dhaggata.
42 Dhugaa isiniin jedha, eennulle worra
didiqqaa na hordofu kana keessaa tokkoof,
waan inni barataa kiyya te'eef, bisaan unto'oo
qabbanawaa xuuxxoo tokkolle yoo kenne, gatii
hin fudhata» jedhe.

# 11

### *Worra Yohaannisiin Cuuphaan Erge (Luq. 7:18-35)*

1 Yesuus barattoota ifii kudhanii lamaan ajaja
itti kennee hobbaaseen duuba, addee san lakkisee
qachaa adaala sanii keessa lallabiisaa fi barsiisi-
isaaf dhaqe.

---

**10:40** Mar. 9:37; Luq. 9:48; 10:16; Yoh. 13:20

2 Yohaannisiin cuuphaan adoo mana hidha'aa
keessa jiruu, waan Kiristoos hujiisatti jiru
dhage'ee, barattoota ifii keessaa garii ergee,
3 «Ka hin dhufa jedhame sun si'iiyyu moo ka
dhibii eeganna?» jedheen.
4 Yesuus deebisee, «Deebi'a'aatii waan dhageetta-
nee fi waan dhaggitane Yohaannisitti hima'a:
5 Ballaan hin dhagga, naafi hin ideema, ka
dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabameeru hin
fayya, duudaan hin dhage'a, du'aan hin ka'a,
Oduun Gammadaalle hiyyeeyyi'iif hin lallabanti.
6 Nami marroo tiyya mama hin qabaanne attam
attam gammada» jedheen.
7 Barattooti Yohaannisii akkuma ideemaneen,
Yesuus marroo Yohaannisii kolba'atti akkana
dubbatee, «Goomolee keessatti yennaa gara
Yohaannisii dhaxxane, isin maan ilaaliisaaf
baatane? Shonbooqqoo* qilleensi daassuu?
8 Maan ilaaliisaaf baatane? Nama uffana
dansaa uffatee? Worri uffana dadansaa uffatu
mana moototaa keessa jiran!
9 Maan ilaaliisaaf baatane ree? Raagaa tokko
ilaaliisaafii? Ee, ani isinitti hima, isin ammoo ka
guddoo raagaa caalu dhaggitane.
10 Inniin kun, ka Barreeffam Woyyichi,
«‹Karaa keeti akka si'iin duratti qopheessu,
ani ergamaa kiyya si'iin dura erga› jedhee
dubbateeru.
11 «Ani dhugaa isinitti hima, nama lafa irratti
dhalate keessaa, ka Yohaannisii cuuphaa caaleeru
eennulle hin jiru; Mootummaa ol-gubba'aa

---

* **11:7** *Shonbooqqoo:* Yookiin gaaguroo, obbaa

keessatti ammoo, ka mara caalaa diqqaatu isa
hin caala.
12 Bara Yohaannisiin cuuphaan barsiisuu
jalqabe irraa ka'ee haga ammaa mootummaan
ol-gubba'aa hunnaan dhiibatiisatti jirti; worri itti
galiisaaf dhiibatu hin fudhatan.
13 Raagoti duudi'ii fi seerri Muuse'ee haga bara
Yohaannisii cuupha'aatitti raaganeeran.
14 Yoo dubbii isaanii fudhatiisa feetane, Yohaan-
nisiin kun, Eliyaasii hin dhufa jedhame san.
15 Nami gurra qabu dhage'uuti.
16 «Dhaloota kana maaniin wol fakkeessina?
Isaan akka ijoollee lafa dikko'oo keessa teteettee
woliin,
17 ‹Suusullee† isinii afuunne, isin hin sirbine;
faaruu awwaalaa isinii faarsine, isin hin gaddine›
jedhanu fakkaattan.
18 Yohaannis adoo sagalee hin nyaatinii fi daad-
hii woyni'ii hin unin yennaa dhufe, ‹Inni durriisa
qaba› jedhane.
19 Ilmi Namaa nyaataa unaa yennaa dhufe,
isaan ‹Ilaa, gadhito'oo fi machowaa, lansa worra
qaraxa guuruutii fi cubbaaleyyi'ii ti› jedhaneen.
Te'uu malee, qarummaan Waaqaa, hujii ifiitiin
mirkanootteerti» jedhe.

### *Qachoota Hin Dhugeeffanne*
### *(Luq. 10:13-15)*

20 Achiin duuba Yesuus worra qachoota bil-
baasota ifii inni irra caalaa keessatti huje keessa
le'anu, waan isaan cubbuu irraa deebi'uu dida-
neef komate.

---

**11:14** Mat. 17:10-13; Mar. 9:11-13 † **11:17** *Suusullee:* Ulullee

21 «Aanne'e si'iif, Koraaziin! Aanne'e si'iif, Bet-
sayida'a! Bilbaasoti isin keessatti tolfame, adoo
Xiiroosii fi Sidoon keessatti godhamee jiraatee,
silaa kolbaan achii yoosuu uffana gaddaa uffat-
tee, daadhaa ifi irratti firfiffattee bara dheera'aan
durattuu cubbuu irraa deebiteertiiyyu.
22 Ani ammoo isinitti hima, guyyaa mura'aa isin
caalaa Xiiroosii fi Sidooniif irra kasoo teeti.
23 Atille Qifirnaahoom, haga gubba'aa ol ifi
fuudhuu barbaaddee? Gara qile'ee gad buuta.
Bilbaasoti si keessatti godhame, adoo Sodoom
keessatti godhamee jiraatee, isiin haga guyyaa
adhaa hin turtiiyyu.
24 Maarre ani sitti hima, guyyaa mura'aa san si
caalaa worra Sodoomiitiif irra kasoo teeti» jedhe.

### *Gara Kiyya Kowa'aa Foorfadha'a (Luq. 10:21-22)*

25 Yennaa san Yesuus, «Abba'a, Goottaa ol-
gubba'aa fi lafaa! Waan kana mara beekkole'ee
fi qaroolee dhossitee, ijoollota didiqqo'otti‡ waan
mudhitteef ani si galateeffadha.
26 Ee, Abba'a, waan kanatti gammaddeerta.
27 Abbaan kiyya waan mara dabarse natti ken-
neera; Abbaa qofattuu beeka malee, Ilma ka
beeku tokkolle hin jiru, akkasuma Ilma isaatii
fi worra Ilmi isaa itti mudhisutti Abbaa beeka
malee, Abbaa ka beeku tokkolle hin jiru» jedhe.
28 «Isin worri ba'aa ulfaattuu ba'atee dadhabe
marti, gara kiyya kowa'a, ani isin foorfachiisa.

---

**11:24** Mat. 10:15; Luq. 10:12 ‡ **11:25** *Ijoollee didiqqo'otti:* Worra beekkumsa yookiin qarummaa hin qannetti **11:27** Yoh. 3:35; 1:18; 10:5

29 Waanjoo§ kiyya fuudha'aatii ba'adha'a, ana
irralle'ee baradha'a; ani nageellichaa fi ka ifi gad
qabu; lubbuu teessaniif foora hin dhaggattan.
30 Waanjoon kiyya kaso'o, ba'aan tiyya sallo'o»
jedhe.

# 12

### *Gaaffii Marroo Guyyaa Sanbataa (Mar. 2:23-28; Luq. 6:1-5)*

1 Yennaa san guyyaa Sanbataatiin Yesuus fichaa
qamadi'ii keessa dabare; barattooti isaalle waan
beelotaneeranuuf, shawwee qamadi'ii kukkuta-
nee nyaatiisa jalqabane.
2 Worri Fariisaayotaa yennaa tana dhagge, «Ilaa,
barattooti teeti Guyyaa Sanbataatiin waan seerri
hin eeyyanne godhiisatti jirti» Yesuusiin jedhane.
3 Yesuus deebisee, «Daawitii fi worri isa woliin
jiru yennaa beelowane waan inni godhe isin hin
dubbinnee?
4 Inni gara mana Waaqaa seenee, daabboo
Waaqa dura dhikaattu, hayyoota qofa malee, inni
yookiin worri isa woliin jiru nyaatiisaaf ta Seerri
dhooggu nyaate.
5 Yookiin hayyooti Guyyaa Sanbataatiin Galma
Waaqaa keessatti hujii yoo hujane, yakkaa te'ee
akka itti hin laakkowanne, Seera Muuse'ee
keessatti isin hin dubbinnee?
6 Ani isinitti hima, ka Galma Waaqaa caalu as
jira.
7 Isin ammoo, ‹Ani marartii barbaada malee,
ciinca'aa moti› jechuun maan akka te'e adoo

§ **11:29** *Waanjoo:* Qambaraa

beettanee jiraattanee, worra yakkaa hin qannetti
yakkaa itti hin murtanuuyyu.
8 Ilmi Namaa Sanbata irralle'etti Gootta'a»
isaaniin jedhe.

### *Namicha Harka Laashoweeru Tokko (Mar. 3:1-6; Luq. 6:6-11)*

9 Yesuus addee san lakkisee Mana Waaqonfan-
naa Yihudootaa seene;
10 namichi harka laashoweeru tokko achi ji-
raayyu; jarri Yesuus himatiisaaf barbaadde takka,
«Guyyaa Sanbataatiin fayyisiis seerumaa?» jettee
isa gaafatte.
11 Yesuus deebisee, «Isin keessaa nami hoolee
takkaa qabu, guyyaa Sanbataatiin yoo isiin boolla
buute, achi keessaa fuudhee alatti hin baasuu?
12 Nami hoolee caalaa gatii guddoo hin
qabaatuu ree! Tanaaf guyyaa Sanbataatiin
dansaa hujuun Seeruma» jedhe.
13 Achiin duuba Yesuus namicha harka
laashoween, «Harka keeti diriirsi» jedheen.
Namichille yennaa harka diriirfate, harki fayyee,
akkuma harka fayyaalessa kaanii te'e.
14 Fariisaayoti ammoo gad bayanee, attamiin
akka isa ijjeesanu mala isatti dhowane.

### *Tajaajilaa Waaqi Filate*

15 Yesuus yennaa tana beeke, addee san lakkisee
deeme. Gumiin hedduulle isa hordotte, innille
worra dhibame mara fayyisee,
16 marroo isaa eennulle'etti akka hin dubbanne
isaan ajaje.

---

**12:7** Mat. 9:13 **12:11** Luq. 14:5

17 Kunille ka raagicha Isaayaasiin raagame akka
muummowuuf te'e.
18 Wonni raagamelle, «Kunoo, tajaajilaan kiyya, ka
ani filadhe,
jaalatamaa kiyya, ka lubbuun tiyya guddoo
itti gammadde.
Ayyaana kiyya isa gubbaa hin keya,
innille worra Yihudoota hin te'iniif muraa
dhuga'aa hin lassa.
19 Inni hin moromu yookiin hin iyyu,
yookiin eennulle karaa keessatti qoonqoo
isaa hin dhage'u.
20 Inni haga muraa dhuga'aa injifachiisutti
leemmee caddee haanxottelle hin cassu;
yookiin ifa kululu* hin dhaanfu.
21 Worri Yihudoota hin te'inille addii isatti hin
godhatan» jedhe.

### *Yesuusii Fi Bi'el Zebul*
### *(Mar. 3:20-30; Luq. 11:14-23)*

22 Achiin duuba namicha ballaa dubbatee hin
dandeenne ka ayyaanni hamaan qabeeru tokko
gara Yesuusii fidane; Yesuus isa fayyise, maarre
namichi dubbatiisaa fi dhaggiisa dande'e.
23 Gumiin marti baaseffattee, «Inni Ilma Daaw-
itii te'innaa?» jette.
24 Worri Fariisaayotaa ammoo yennaa tana
dhage'ane, «Inni hunna Bi'el Zebulii mooticha dur-
riisotaa calla'aan durriisota baasa» jedhane.
25 Yesuus yaada isaanii beekee, «Mootummaan
takka gargar ifi qoqooddee ta wol loltu yoo teete

---

* **12:20** *Ifa kululu:* Ifa dhaamiisa geyee liphi liphi jedhu. Ifi kun ifa shimalli yookiin liilanni gabbatu kennu **12:24** Mat. 9:34; 10:25

hin jiddi, qachaan yookiin maatiin takka gargar ifi
qoqooddee ta wol loltu yoo teete hin dhaabbatu.
26 Seexannille Seexana yoo baase, inni ifi qo-
qooda; mootummaan isaa attamiin dhaabbatti
ree?
27 Ani hunna Bi'el Zebuliitiin yoo durriisa baase,
hordofattooti teessan hunna eennuutiin durri-
isota baasan? Tanaaf hordofattooti teessanuu
isinitti hin muran.
28 Ani ammoo Ayyaana Waaqaatiin yoo durriisa
baase, mootummaan Waaqaa gara keessan dhut-
teerti.
29 «Yookiin namicha jabaa dursee hidhu malee,
attamiin nami tokko mana namicha jaba'aa san
seenee karra isaa saamuu dande'a? Eega isa
hidhe mana isaa saamuu dande'a.
30 Eennulle ka golii tiyya hin te'in na moroma,
nami na woliin wolitti hin qanne hin bittinneessa.
31 Tanaaf ani isinitti hima, Waaqa faanshes-
siisaa fi cubbuu maraaf nami araara hin dhag-
gata, nami Ayyaana Woyyicha faanshessu ammoo
araara hin dhaggatu.
32 Nami Ilma Namaatiin moromee wo jedhu
araara hin dhaggata, nami Ayyaana Woyyichaan
moromee wo jedhu ammoo, bara kanalle'etti te'ee
bara dhufu'uu jirulle'etti araara hin dhaggatu.

### *Mukaa Fi Midhaan Isaa (Luq. 6:43-45)*

33 «Muki midhaan isaatiin waan beekkamuuf,
midhaan dansaa akka qabaattanuuf, muka
dansaa qabaadha'a; muka badaa yoo qabaattane
midhaan badaa hin qabaattan.

---

**12:30** Mar. 9:40 **12:32** Luq. 12:10 **12:33** Mat. 7:20; Luq. 6:44

34 Isin ilmaan buuti'ii! Isin hamoolee adoo tee-
tanuu, attamiin waan dansaa dubbatiisa dandeet-
tan? Waan gadhaa guute afaan dubbata.
35 Nami dansaan waan dansaa gadhaa ifii
keessaa waan dansaa baasa; nami hamaalle waan
hantuu gadhaa ifii keessaa waan hantuu baasa.
36 Ani isinitti hima, guyyaa mura'aa dubbii gad-
hee afaan keessanii baate maraaf deebii kenni-
tan;
37 Dubbuma teessaniin isiniif muranti, dub-
buma teessaniin isinitti muranti» jedhe.

### *Barsiisoti Beessisa Gaafatte (Mar. 8:11,12; Luq. 11:29-32)*

38 Achiin duuba barsiisoti Seera Muuse'eetii
fi Fariisaayoti gariin, «Barsiisa'a, nuuti akka ati
beessisa nu dhaggisiittu barbaanna» jedhaneen.
39 Yesuus ammoo deebisee, «Dhalooti hama'aa
fi gaarayyeeffataan beessisa gaafata, ammoo
beessisa Yoonaasii raagichaa malee beessisi
dhibiin hin kennamuuf.
40 Akkuma Yoonaasiin raagichi halkan sadii
fi guyyaa sadiin gadhaa qurxummii guddichaa
keessa ture; maarre Ilmi Namaalle halkan sadii fi
guyyaa sadiin awwaala keessa hin tura.
41 Kolbaan qachaa Nanawwe'ee guyyaa
mura'aa dhaloota kana woliin kaatee itti murti,
sababille lallaba Yoonaasiitiin cubbuu irraa
deebiteerti; kunoo, ka Yoonaas caalu as jira!
42 Mootittiin kibbaa qaccee biyya lafaatii
qarummaa solomoonii caqasiisaaf waan
dhutteef, guyyaa mura'aa dhaloota kana woliin

**12:34** Mat. 3:7; 23:33; 15:18; Luq. 3:7; 6:45

kaatee itti murti, kunoo ka Solomoon caalu as jira!» jedhe.

### *Bayee Deebi'iisa Ayyaana Hama'aa (Luq. 11:24-26)*

43 Yesuus, «Ayyaanni hamaan nama keessaa yen-
naa bayu, addee itti foorfatu barbaadatiisaaf lafa bisaan hin jirre keessa deddeebi'a, ammoo hin dhaggatu.
44 Achiin duuba, ‹Ani mana kiyya ka keessaa bayetti deebi'a› jedha. Yennaa deebi'u, manni duwwaa te'ee, haxowamee, qophoweeruun dhagga.
45 Achiin duuba Ayyaanni hamaan sun Ayyaan-
ota hamoota torba ka isa caalaa hamoota te'ane dhaqee fida; isaanille itti galanee achi le'an; haalli nama sanii ka durii caalaa ka duubarraa kun itti hammaata. Maarre dhaloota hamaa kana irralle'etti akkanuma hin te'a» jedhe.

### *Haadhaa Fi Obboleeyyan Yesuusii (Mar. 3:31-35; Luq. 8:19-21)*

46 Adoo Yesuus gumi'itti dubbatiisatti jiruu, haadhaa fi obboleeyyan isaa, isa dubbisiisaaf bar-
baadanee ala dhaabbataneeraniiyyu. [
47 Yennaa san nami tokko Yesuusiin, «Kunoo, haati teetii fi obboleeyyan teeti si dubbisiisaaf barbaadanee ala dhaabbatiisatti jiran» jedheen.]†
48 Yesuus deebisee, «Haati tiyyaa eennu, ob-
boleeyyan tiyyalle eennu fa'a?» jedheen.
49 Achiin duuba gara barattoota ifii harkaan akeekee, «Kunoo ti! Haati tiyyaa fi obboleeyyan tiyya!

---

† **12:47** Woraabbiin durii gariin laakkossa 47 hin qabanu

50 Nami fedhii Abbaa kiyya ka ol-gubba'aa
godhu marti obboleessaa fi obboleettii tiyya,
haadha tiyyalle'e» jedhe.

# 13

## *Mammaassa Namicha Sanyii Facaasuu (Mar. 4:1-9; Luq. 8:4-8)*

1 Guyyuma san Yesuus manaa bayee dhaqee
abbaayaa Galiila'aa bira tee'e.
2 Gumiin hedduun isa biratti wolitti qaban-
naan, inni hoboloo takka keessa seenee bar-
siisiisaaf tee'e; kolbaan hedduulle qarqara ab-
baaya'aa dhaabbatteertiiyyu.
3 Inni mammaassaan waan heddu isaanitti
himiisaaf ka'ee, «Caqasa'a! Nami tokko sanyii fa-
caasiisaaf baye.
4 Inni adoo facaasuu, sanyiin gariin karaa
keessa harcaate, sinbirreelle dhuttee qocattee
nyaatte.
5 Sanyiin dhibiin lafa dhakittii, addee biyyee
guddoo hin qanne irra buute; biyyee gad fago'oo
waan hin qanneef ariifattee muute.
6 Yennaa aduun itti baate ammoo qoorte; hidda
gad fagaate waan hin qanneef godde.
7 Sanyiin gariin qoree keessa buute, qoreelle
guddattee isii huute.
8 Sanyiin dhibiin biyyee dansaa irra buute,
gariin midhaan dhibba, gariin midhaan jaatama,
gariin midhaan soddoma buutte.
9 Nami gurra qabu dhage'uu ti!» jedhe.

**13:2** Luq. 5:1-3

### *Mammaassi Maaf Akka Barbaachise (Mar. 4:10-12; Luq. 8:9-10)*

10 Achiin duuba barattooti gara Yesuusii dhu-
fanee, «Ati maaf mammaassaan kolba'atti dub-
batta?» jedhane gaafatane.
11 Yesuus deebisee, «Dhossaa mootummaa
Waaqaa akka beettanu isiniif kennanteerti,
isaaniif ammoo hin kennanne.
12 Ka qabuuf, itti dabalantee hin kennantiif,
bacaalle hin qabaata; ka wo hin qanne ammoo,
wonni inni qabuuyyuu isa irraa hin fudhatanti.
13 Wonni ani mammaassaan isaanitti dubbad-
huuf, isaan adoo ilaalanuu hin dhagganu, adoo
caqasanuu hin dhage'anu, yookiin hin hubatanu.
14 Maarre raagi Isaayaas dubbatte isaan irratti
muummoweera; wonni raagamelle,

«‹Isin caqasiisa hinuma caqattan, ammoo hin hubattanu,
ilaaliisa hinuma ilaaltan, ammoo ijjumaa hin dhaggitanu,
15 qalbiin isaanii waan sigiddeef,
gurri isaanii hin dhage'u,
ilti isaanii dunuunfatteerti,
maarre isaan ila isaaniitiin hin ilaalanu,
gurra isaaniille'een hin caqasanu,
qalbii isaaniitille'een hin hubatanu, hin deebi'anulle'e,
anille silaa isaan hin fayyisaayyu› jedhe.

16 «Ammoo ilti teessan waan dhaggituuf, gurri
keessanille waan dhage'uuf isin ka badhaatane.

---

**13:12** Mat. 25:29; Mar. 4:25; Luq. 8:18; 19:26

17 Ani dhugaa isinitti hima, raagoti heddu'uu
fi kolbaan balchooti hedduun waan isin dhag-
gitane dhaggiisaaf halchanee, ammoo hin dhag-
gine, waan isin dhageettane dhage'iisaaf halcha-
nee, ammoo hin dhageenne» jedheen.

### *Hiikkaa Mammaassa Namicha Sanyii Facaasuu (Mar. 4:13-20; Luq. 8:11-15)*

18 Yesuus itti dabalee, «Hiikkaa namicha sanyii
facaasuu maan akka te'e dhage'a'a.
19 Nami jecha mootummaa Waaqaa dhage'ee
hin hubatin, akka sanyii karaa keessatti facaafan-
tee ti. Hamaalessi dhufee waan gadhaa isaa
keessatti facaafame butata.
20 Sanyiin lafa dhakittii irratti facaafante, nama
jecha dhage'ee yoosuma gammadaan fudhatu;
21 Te'uu malee inni hidda hin qabu, yennaa
qofaaf jabaata malee, sababa jechaatiif yennaa
rakkoon yookiin miidhaan kaatu, inni yoosuma
gufata.
22 Sanyiin qoreelee odduu buute sun nama
jecha dhage'u, ammoo yaaddoon lafa tanaatii fi
jaalalli durumma'aa jecha hudha, midhaanille
hin buusu.
23 Sanyiin biyyee dansaa irra buute ammoo, sun
nama jecha dhage'ee hubatu, ka dhugumaan mid-
haan buusu, tokkochi midhaan dhibba, ka dhibiin
midhaan jaatama, ka dhibiille midhaan soddoma
buusan» jedhe.

### *Mammaassa Jigida'aa*

24 Yesuus mammaassa dhibii isaanitti mam-
maakee, «Mootummaan ol-gubba'aa nama fichaa

ifii keessatti sanyii dansaa facaase tokkoon wol
fakkaatti.
25 Yennaa nami marti rafe ammoo, diinni
dhufee odduu qamadi'iititti jigidaa facaasee
deeme.
26 Yennaa qamadiin lattee midhaan buutte, jigi-
daalle mudhate.
27 Tajaajiltooti abbaa ficha'aalle dhufanee,
‹Gootta'a, fichaa keeti keessatti sanyii dansaa
hin facaannee? Jigidaan kun eessaa dhufe ree?›
jedhaneen.
28 Inni deebisee, ‹Kana ka godhe diina› jedhe.
Tajaajiltooti deebisanee, ‹Nuuti dhandhee akka
bubuqqinnu barbaaddaa ree?› jedhaneen.
29 Inni ammoo deebisee, ‹Waawwo'o; jigidaa
buqqisiisa irratti qamadii woliin buqqittan.
30 Haga yennaa haamma'aatitti jigida'aa fi
qamadiille wolumaan guddatanuu ti; yennaa
haamma'aa, ani worra haamuun, akka gubamuuf
dursa'aatii jigidaa buqqisa'aa laddee ladde'een
hidha'a, qamadii ammoo gootaraa kiyyatti
galcha'a› jedhaan» jedhe.

### *Mammaassa Midhaan Sanaafici'ii*
### *(Mar. 4:30-32; Luq. 13:18-19)*

31 Yesuus mammaassa dhibii isaanitti
mammaakee, «Mootummaan Waaqaa midhaan
sanaafici'ii ka nami tokko fuudhee fichaa ifii
keessatti facaase fakkaatti;
32 midhaan isi'ii midhaan mara caalaa
diqqaata, yennaa guddatte ammoo waan
ficha'atti facaafame mara caaltee muka teetee,
sinbirreen dhuttee dameelee isi'ii keessatti mana
ifii ijaarratti» jedhe.

### *Mammaassa Uuko'oo (Luq. 13:20-21)*

33 Yesuus ammalle mammaassa dhibii isaanitti
mammaakee, «Mootummaan Waaqaa uukoo
dubartiin takka fuutee bullaa safartuu sadiin
wolitti mattee, bullaa san mara bukeessitu
fakkaatti» jedhe.

### *Mammaassi Maaf Akka Mammaakame (Mar. 4:33-34)*

34 Yesuus mammaassaan waan kana mara
gumi'itti dubbate; mammaassaan male waan
tokkolle isaanitti hin dubbanne.
35 Wonni raagaan,

«Mammaassaan afaan saaqadha;
dadama biyya lafaatii jalqabee waan dhokate
dubbadha» jedhe tanaan muummotte.

### *Yesuus Mammaassa Marroo Jigida'aa Hiike*

36 Achiin duuba Yesuus gumii lakkisee mana
seene. Barattooti isaalle gara isaa dhikaatanee,
«Mammaassa jigidaa fichaa qamadi'ii keessaa nuu
hiiki» jedhaneen.
37 Yesuus deebisee, «Ka sanyii dansaa facaasu
Ilma Namaa ti;
38 fichaan biyya lafaa ti; sanyiin dansaan
ijoollee mootummaa Waaqaa ti; jigidaan ijoollee
hamaalessaa ti;
39 diinichi jigidaa facaase Seexana; haammaan
muummee biyya lafaa ti; worri haamu ergan-
toota Waaqaa ti.
40 Akkuma jigidaan wolitti qabamee ibiddaan
gubamu, muummee biyya lafaalle'etti akkasuma
hin teeti.

41 Ilmi Namaa ergantoota ifii hin erga; isaanille
worra sababa cubbu'uu te'ee fi worra hantuu huju
mara mootummaa isaa keessaa wolitti qabanee,
42 addee isaan bowaa ilkaan itti qaranu, qilee
ibiddaatitti isaan gatan.
43 Balchooti ammoo mootummaa Abbaa isaanii
keessatti akka adu'uu hin ifan. Nami gurra qabu
dhage'uu ti!» jedheen.

## *Mammaassa Karra Dhokatteertuu*

44 Yesuus, «Mootummaan ol-gubba'aa karra
fichaa keessatti dhoffante, ta nami tokko
dhaggee deebisee dhosse fakkaatti; achiin duuba
gammadaan deemee waan qabu mara gurguree
fichaa san bitate.
45 «Ammalle, mootummaan ol-gubba'aa
daldalticha dooqa dansaa bitatiisaaf barbaadu
fakkaatti;
46 daldaltichi dooqa gatii gudda'aa tokko yen-
naa dhagge, dhaqee waan qabu mara gurguree
dooqa san bitate.
47 «Ammalle, mootummaan ol-gubba'aa caccoo*
qurxummi'ii ta abbaaya'atti afanee qurxummii
adda addaa duudii qadde fakkaatti;
48 caccoon yennaa guutte, isaan gara cina'aa
harkisanee, gad tee'anee, qurxummii dadansaa
saaxaraa keessa keyatanee, babadduu ammoo
gatane.
49 Yennaa muummee biyya lafaalle akkasuma
hin teeti. Ergantooti Waaqaa dhuttee worra
hamoota worra balchoota irraa gargar baattee,

---

* **13:47** *Caccoo:* Tiyyoo qurxummi'iin qabanu

50 addee isaan bowaa ilkaan itti qaranu, qilee
ibiddaatitti hin qolaansan» jedhe.
51 Yesuus, «Kana mara hubattaneertanii?» jed-
hee isaan gaafate.
Isaan deebisanee, «Ee» jedhane.
52 Innille isaaniin, «Tanaaf barsiisaan Seeraa
ka mootummaa ol-gubba'aatiif leenji'e, abbaa
manaa ka meya mana ifii keessaa waan haareyaa
fi waan dullattii gad baasu fakkaata» jedhe.

### *Yesuus Naaziretitti Tuffatame (Mar. 6:1-6; Luq. 4:16-30)*

53 Yesuus yennaa mammaassa kana fixate,
addee san lakkisee deeme.
54 Inni gara biyya ifii dhufee Mana
Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barsiise.
Worri isa dhage'elle baaseffatanee, «Namichi kun
qarummaa tana eessaa dhaggate, bilbaasi kunille
maan?» jedhane.
55 Kun ilma namicha muka bocuutii motii?
Haati isaa Maariyaam jedhantii motii? Ob-
boleeyyan isaalle Yaaqoobii fi Yoseef, Simoonii fi
Yihuda'aa motii?
56 Obboleettoti isaalle martinuu nu woliin ji-
ranii motii? Inni waan kana mara eessaa dhag-
gate?
57 Tanaaf isaan isa tuffatane. Yesuus ammoo
isaaniin, «Raagaan tokko addee dhibi'itti malee,
biyya ifiitii fi mana ifii keessatti ulfinna hin dhag-
gattu» jedhe.
58 Sababa dhugeeffatiisa dhaba isaaniitiif, inni
bilbaasota hedduu achitti hin hunye.

---

**13:57** Yoh. 4:44

# 14

### *Du'a Yohaannisii Cuupha'aa*
### *(Mar. 6:14-29; Luq. 9:7-9)*

1 Yennaa san Heroodisiin bulchaan biyya Gali-
ila'aa, gurra Yesuusii dhage'ee,
2 tajaajiltoota ifiitiin, «Kun Yohaannisii
cuupha'a; isatti du'a keessaa ka'eera, kanaaf
hujiin bilbaasaa tun isaan hujamiisatti jirti»
jedhe.
3 Heroodis sababa Heroodiyaasii niitii
obboleessa ifii ta Filiphoosiitiif jedhee, Yohaannis
qassiisee mana hidha'aatitti hiisiseeraayyu.
4 Yohaannis Heroodisiin, «Niitii obboleessa
keetii fuudhuun sii seeraa moti» jedheeraayyu.
5 Heroodis, Yohaannis ijjeesiisaaf barbaade,
ammoo kolbaan akka raaga'aatitti waan ilaalteer-
tuuf sodaate.
6 Guyyaan dhaloota Heroodisii ulfeeffamuu
yennaa geye ammoo, intalti Heroodiyaasii
keessummoota duratti sirbitee, Heroodis guddoo
gammachiitte.
7 Tanaaf Heroodis isi'iin, «Waan ati na gaafattu
mara si'iif hin kenna» jedhee waadaa galeef.
8 Isiin Haadha ifiitiin gorfantee, «Ammuma
mataa Yohaannisii cuupha'aa qori'itti naa kenni»
jette.
9 Mootichi gadde; te'uu malee kakuu ifiitii fi
keessummaa ifii duratti waadaa galeef jedhee,
mataan Yohaannisii akka isi'iif kennamu ajaje;
10 Ittille ergee, mana hidha'aa keessatti mataa
Yohaannisii irraa kuchisiise.

11 Mataan sun qori'itti fidamee intalaaf ken-
name; isiin gara haadha ifii fidde.
12 Barattooti Yohaannisii dhufanee reeffa isaa
fuudhanee awwaalane; achiin duuba dhaqanee
Yesuusitti himane.

### *Yesuus Nama Kuma Shanii Areere (Mar. 6:30-44; Luq. 9:10-17; Yoh. 6:1-14)*

13 Yesuus du'a Yohaannisii yennaa dhage'e,
addee san lakkisee qofuu hobolo'oon addee
qoommi'ii dhaqe. Kolbaan deemuu isaa yennaa
dhageette ammoo, qachaa keessaa baatee miilaan
isa hordotte.
14 Yesuus qarqara abbaaya'aatitti hoboloo ir-
raa bayee, yennaa gumii guddoo dhagge, isaaniif
nayee dhibamoota isaaniille fayyise.
15 Yennaa latti galgaloотte, barattooti dhufanee,
«Addeen tun urma, lattille dhiiteerti; gumiin tun
gara ollootaa dhaxxee sagalee akka bitattu gumii
tana gad lakkisi!» jedhaneen.
16 Yesuus ammoo, «Dhaquu isaan hin
barbaachisu; isinuu waan nyaatanu kenna'aaf!»
jedhe.
17 Isaan deebisanee, «Nuuti xaltaa shanii fi qurx-
ummii lama qofa asii qanna» jedhane.
18 Yesuus, «Sanuma gara kiyya as fida'a!» jedhe.
19 Achiin duuba inni gumiin marra irra akka
teettu ajaje. Xaltaa shanii fi qurxumii lama fu-
udhee, gara ol-gubba'aa ilaalee, galateeffatee xal-
taa caccassee, barattootatti kennee, barattootille
gumi'iif kennane.
20 Isaan martinuu nyaatanee quufane; hambaa
irraa hatte, kollonjoo kudhanii lama guutuu fuud-
hane.

21 Worri nyaate dubarti'ii fi ijoolleen adoo hin
laakkowamin, dhiirti gara kuma shanii ti.

### *Yesuus Bisaan Gubbaa Ideeme (Mar. 6:45-52; Yoh. 6:15-21)*

22 Yennuma san inni adoo gumii geegessuu
barattooti hoboloo yaabbatanee abbaayaa
gamatti isaan dura akka bu'anu godhe.
23 Yesuus gumii geegesseen duuba, daadimati-
isaaf qofuu gara gaaraa ol baye. Yennaa galga-
lootte, inni qofuu achi jiraayyu;
24 yennaa san hoboloon ammoo, qilleensi waan
itti dhowuuf, qarqara irraa fagaattee, danbali'iin
asii fi achi dadarbante.
25 Halkan gara iyya lukku'uu ta lam-
meesso'ootitti Yesuus bisaan gubbaa ideemaa
gara barattoota ifii dhufe.
26 Barattooti yennaa bisaan gubbaa ideemuun
isa dhaggite ammoo, bararaxxee, «Kun ekera'a»
jettee soda'aan iyyite.
27 Yennuma san ammoo Yesuus, «Jabaadha'a!
Wonni anaa, hin sodaatina'a!» jedhee dubbate.
28 Pheexroos deebisee, «Gootta'a, yoo si teete,
bisaan gubbaa gara keeti akka dhufu na ajaji»
jedheen.
29 Yesuus deebisee, «Koy!» jedhe. Maarre
Pheexroos hoboloo keessaa bayee, gara Yesuusii,
bisaan gubbaa ideemiisa jalqabe.
30 Qilleensa jabaa yennaa dhagge ammoo, so-
daatee, lixiisaafille jalqabee jennaan, «Gootta'a, na
fayyisi!» jedhee iyye.

31 Yesuus yennuma san harka ifii diriirsee, isa
qabee, «Ati nama dhugeeffannaa diqqo'oo! Maaf
mante?» jedheen.
32 Yennaa Yesuusii fi Pheexroos hoboloo yaa-
bane, qilleensi cadhise.
33 Worri hoboloo keessaa, «Dhugumaan ati Ilma
Waaqaa ti» jedhee Yesuusiif sagade.

### *Yesuus Genesaarexitti Worra Dhibame Fayyise (Mar. 6:53-56)*

34 Yesuusii fi barattooti isaa yennaa gamatti
bu'ane, lafa Genesaarex jedhantu geyane.
35 Kolbaan lafa sanii Yesuus beetteen duuba,
adaala san mara keessa ergaa ergitee worra
dhibameeru mara gara isaa fichisiittee,
36 handaaruma woyaa isaalle akka isaan
tuqanu kadhatte; worri tuqe martinuu fayye.

# 15

### *Seera Waaqaatii Fi Aadaa Maanguddo'oo (Mar. 7:1-13)*

1 Achiin duuba Fariisaayotaa fi barsiisoti Seera
Muuse'ee Yerusaalemii gara Yesuusii dhufanee,
2 «Barattooti teeti maaf aadaa maanguddo'oo
ulfeessuu dhaban? Isaan nyaatiisaan dura harka
ifii hin dhiqatanu!» jedhaneen.
3 Yesuus deebisee, «Isin aadaa teessaniif jettanee
maaf Seera Waaqaa ulfeessuu dhaddan?
4 Waaqi, ‹Abbaa keetii fi haadha teeti ulfeessi›,
‹Nami Abbaa yookiin haadhaa abaaru dhugu-
maan du'uu qaba› jedhee ajajeera.

5 Isin ammoo nami tokko abba'aan yookiin haadhaan, ‹Qarqaarsi isin na biraa dhaggataa turtane Waaqaaf kennameera› yoo jedheen,
6 inni ‹Abba'aa fi [haadha ifii] ulfeessuu hin barbaachisu› jettan, aadaa teessaniif jettanee, Seera Waaqaa balleessitan.
7 Isin kijiboole'e! Isaayaas marroo teessaniif raagee,

8 «‹Kolbaan tun afaaniin na ulfeessiti,
gadhaan isi'ii narraa fago'o.
9 Kolbaan tun ajaja namaa akka seera Waaqaatitti barsiisaa,
akkasumaan na waaqonsiti› ta jedhe dhuga'a» jedhe.

### *Waan Nama Batteessu (Mar. 7:14-23)*

10 Achiin duuba Yesuus gumii gara ifii waamee, «Caqasa'aatii hubadha'a:
11 wonni nama batteessu waan afaan namaa keessaa bawu malee, waan gara afaan namaa seenuu moti» jedheen.
12 Achiin duuba barattooti itti dhikaattee, «Worri Fariisaayotaa waan ati jette yennaa dhage'ane akka gufatane beettaa?» jedhaneen.
13 Yesuus deebisee, «Wonni Abbaan kiyya ka olgubba'aa hin dhaabin marti hin buqqaati.
14 Waan isaanii lakkisa'a; isaan ballaa ballaa sooressu. Ballaan yoo ballaa sooresse, lamaanuu boolla keessa bu'an» jedhe.
15 Pheexroos ammoo deebisee, «Mammaassa kana nuuf hiiki» jedheen.

---

**15:14** Luq. 6:39

16 Achiin duuba inni, «Isinille haga ammaa hin
hubatin jirtanii?
17 Wonni afaaniin seenu martinuu, gadha'atti
dabaree, nafa namaa keessaa akka bawu isin hin
hubattanuu?
18 Wonni afaan namaatii bawu ammoo gadhaa
irraa dhufa, wonni nama batteessulle kana.
19 Sababille Yaadi hamaan, ijjeesuun, gaarayye-
effatuun, sagaagaluun, hatuun, dharaan dhugaa
bawuun, maqaa namaa balleessuun gadhaa na-
maa keessaa baya.
20 Wonni nama batteessu kana malee, harka hin
dhiqatiniin nyaatiis nama hin batteessu» jedheen.

### *Dhugeeffannaa Dubartii Takkaa (Mar. 7:24-30)*

21 Yesuus addee san lakkisee gara qachoota Xi-
iroosiitii fi Sidoonii dhaqe.
22 Achiin duuba dubartiin biyya Kana'aanii
takka adaala sanii dhuttee, «Ilma Daawitii,
Gootta'a! Intalti tiyya durriisaan qabantee
farriisatti jirtii, naa marari» jedhaa iyyite.
23 Inni ammoo womaa isi'iif hin deebinne.
Barattooti isaalle dhufanee, «Isiin iyyaa nu gula
waan deentuuf, isii ifi irraa geegessi!» jedhaa isa
kadhatane.
24 Yesuus deebisee, «Ani worra akka hoole'ee
bade kolbaa Israa'elii qofaaf ergame» jedheen.
25 Dubartittiin ammoo dhuttee isa duratti jilbi-
iffattee, «Gootta'a, na gargaar» jetteen.
26 Yesuus deebisee, «Sagalee ijoolle'ee fuudhanee
sare'eef qolaansuun sirri'ii moti» jedheen.

**15:18** Mat. 12:34

27 Isiin deebittee, «Ee, Goottaʼa, teʼuu malee sa-
reelle woma qorii goottaa isaanii irraa harcaʼu
nyaatti» jette.
28 Achiin duuba Yesuus deebisee, «Dubartii tana,
dhugeeffannaan teeti guddoʼo! Akkuma halchaa
teetii sii teetuu» jedheen. Intalti isiʼiille yoosuma
fayyite.

### *Yesuus Kolbaa Hedduu Fayyise*

29 Yesuus achii deemeen duuba, cinaa abbaayaa
Galiilaʼaatiin dabaree, gaaratti ol bayee achi teeʼe.
30 Gumiin guddoon worra fafowe, worra ballaa,
worra naafa, worra dubbatuu hin dandeennee
fi worra dhibii hedduu fiddee gara isaa dhuttee,
miila Yesuusii jala keette. Innille isaan fayyise.
31 Maarre gumiin worri dubbatee hin dan-
deenne dubbatuun, fafooti fayyanuun, naafoti
ideemanuun, ballooti dhagganuun yennaa dhag-
gite baaseffatte. Waaqa Israaʼeliille galateeffatte.

### *Yesuus Nama Kuma Afur Areere (Mar. 8:1-10)*

32 Achiin duuba Yesuus barattoota ifii gara ifii
waamee, «Kolbaan tun guyyaa sadiin waan na
woliin turteef, waan nyaattulle waan hin qan-
neef nayeeraaf; karaa irratti waan gaggadduuf,
beelaan jiranuun isaan geegessuu hin barbaadu»
jedheen.
33 Barattooti, «Lafa goomoleʼee tana keessatti
sagalee gumii guddoo tana areeriisaaf geettu
eessaa fuuna?» jedhaneen.
34 Yesuus, «Xaltaa meeqa qaddan?» jedhee
gaafate. Isaan, «Xaltaa torbaa fi qurxummii
didiqqoo diqqoo takka qanna» jedhaneen.

35 Maarre Yesuus akka gumiin lafa irra gad
teteettu ajaje.
36 Achiin duuba xaltaa torbaa fi qurxummii
fuudhee, Waaqa galateeffateen duuba, caccassee
barattootatti kenne; barattootille kolba'aaf ken-
nane.
37 Isaan martinuu nyaatanee quufane; barat-
tooti hambaa hatte kollonjoo torba guutuu fuud-
hane.
38 Worri sagalee san nyaate, dubartootaa fi
ijoolleen adoo hin laakkowamin dhiira kuma
afur.
39 Yesuus gumii san geegesseen duuba, hoboloo
yaabee gara lafa Magadaan jedhantu dhaqe.

# 16

### *Worri Fariisaayotaa Beessisa Gaafatane (Mar. 8:11-13; Luq. 12:54-56)*

1 Worri Fariisaayotaatii fi worri Saduqootaa dh-
ufanee, Yesuus haga ilaaliisaaf beessisa tokko ol-
gubbaa irraa akka itti mudhisu isa gaafatane.
2 Inni deebisee, «Yennaa galgalaa, ‹Gubbaan
waan diimatteertuuf, haalli qilleensaa dansa'a›
jettan;
3 bariille, ‹Gubbaan waan diimattee
dukkudhootteertuuf, adha hin rooba› jettan.
Bifa gubba'aa ilaaltanee attam akka te'u himuu
hin beettan, beessisa baraa ammoo attam akka
te'u himuu hin dandeettanu.
4 Dhalooti hama'aa fi Waaqaaf hin addatanne
beessisa barbaada; ammoo beessisa Yoonaasii

**16:1** Mat. 12:38; Luq. 11:16

malee, beessisi hin kennamuuf» isaaniin jedhe.
Achiin duuba Yesuus isaan lakkisee deeme.

### *Uukoo Fariisaayotaatii Fi Saduqootaa (Mar. 8:14-21)*

5 Barattooti yennaa abbaaya'aan gamatti
bu'ane, daabboo tokkolle fidatiisa dedhaneeran.
6 Yesuus, «Ilaalladha'a! Uukoo worra Fariisaay-
otaatii fi Saduqootaa irraa ifi eegadha'a» isaaniin
jedhe.
7 Isaan wol woliin, «Waan nuuti daabboo fidati-
isa dhanneef akkas jedha» jedhane.
8 Yesuus yaada isaanii beekee, «Isin worra
dhugeeffannaa diqqo'oo, marroo daabboo fidati-
isa dhabiisaa maaf dudubbattan?
9 Isin ammalle hin hubattanuu? Xaltaa shanan
namoota kuma shaniif geyee, hambaa kollonjoo
meeqa akka fuutane hin qaabattanuu?
10 Yookiin xaltaa torba namoota kuma afuriif
geyee kollonjoo meeqa akka fuutane hin qaabat-
tanuu?
11 Marroo daabbo'oo akka ani hin dubbatin at-
tam hubatuu dhaddan? Uukoo worra Fariisaay-
otaatii fi Saduqootaa irraa ifi eegadha'a!» isaaniin
jedhe.
12 Achiin duuba barattooti akka Yesuus uukoo
daabbo'oo irraa adoo hin te'in, barsiisa Fariisaay-
otaatii fi Saduqootaa irraa ifi eeggachiise hu-
batane.

### *Pheexroos Ebeluu Yesuusii Hime (Mar. 8:27-30; Luq. 9:18-21)*

13 Yesuus gara lafa qachaa Qiisaariyaa Fil-
iphoosii bira yennaa dhaqe, barattoota ifiitiin,

**16:4** Mat. 12:39; Luq. 11:29 **16:10** Mat. 15:34-38

«Kolbaan Ilma Namaatiin eennu jetti?» jedhee
gaafate.
14 Isaan deebisanee, «Gariin, ‹Yohaannisii
cuupha'a› si'iin jedhan, worri dhibiin ammoo,
‹Eliyaas› si'iin jedhan, worri dhibiille, ‹Ermiyaas
yookiin raagota keessaa tokko› si'iin jedhan»
jedhaneen.
15 Inni deebisee, «Isin hoo eennu anaan jettan?»
isaaniin jedhe.
16 Simoon Pheexroos deebisee, «Ati Masiihii,
Ilma Waaqa jiraata'aa ti» jedhe.
17 Yesuusille deebisee, «Ilma Yoona'aa Simoon,
ati ka badhaate! Kana Abbaa kiyya ka ol-gubbaa
jirutti sitti mudhise malee, namaa moti.
18 Maarre Pheexroos*, ani sitti hima, ati rassa'a;
rassaa kana irratti wolde'a kiristaanaa kiyya hin
ijaara; hunna du'aalle wolde'a kiristaanaa kana
hin injifattu.
19 Ani furtuu mootummaa ol-gubba'aa si'iif hin
kenna, wonni ati lafa irratti hiite, ol-gubbaalle'etti
ka hidhame te'a, wonni ati lafa irratti hiittelle ol-
gubbaalle'etti ka hiikame te'a» jedhe.
20 Achiin duuba Yesuus Masiihii akka te'e een-
nulle'etti akka hin hinne jabeessee barattoota ifii
ajaje.

### *Yesuus Marroo Rakko'oo Fi Du'a Ifii Dubbate (Mar. 8:31–9:1; Luq. 9:22-27)*

21 Yennaa sanii jalqabee Yesuus barattoota
ifiitiin, «Ani gara Yerusaalemii dhaquu qaba;
achitti harka jaarsole'eetitti, harka sooreyyii

---

**16:14** Mat. 14:1-2; Mar. 6:14-15; Luq. 9:7-8 **16:16** Yoh. 6:66-69

* **16:18** *Pheexroos:* jechuun «Rassaa» jechu'u **16:19** Mat. 18:18; Yoh. 20:23

hayyootaatii fi barsiisota Seera Muuse'eetitti
guddoo hin rakkadha, hin ijjeefamalle'e; guyyaa
sadeesso'oo ammoo hin ka'a» jedhu'utti ka'e.
22 Pheexroos cina'atti isa baasee, «Gootta'a,
Waaqi si hanqisu! Wonni kun ijjumaa si hin
dhaqqabin» jedhaa isa xixuu jalqabe.
23 Inni ifi irra garagalee, Pheexroosiin, «Seexana,
ana irraa bayyadhu! Qalbiin teeti waan namaa
malee, waan Waaqaa waan hin yaadaneef, ati
naaf gufu'u» jedheen.
24 Achiin duuba Yesuus barattoota ifiitiin, «Nami
yoo na hordofuu barbaade ifi mormatee, fannoo
ifii ba'atee na hordofuu ti.
25 Nami jiruu ifii fayyifatuu barbaadu hin
dhaba; nami naaf jedhee jiruu ifii dhabu, hin
dhaggata.
26 Nami waan lafa tanaa mara qabaatee lubbuu
ifii ammoo yoo dhabe maan isaa baati? Yookiin
nami wodoo lubbuu ifiitiif gatii maan kaffalu'uu
dande'a ree?
27 Ilmi Namaa ulfinna Abbaa ifiitiin ergantoota
ifii woliin hin dhufa; achiin duuba tokko tokkoo-
fuu akka hujii isaatitti gatii hin kennaaf.
28 Ani dhugumaan isinitti hima, worra as
dhaabbatanu keessaa, Ilmi Namaa mootummaa
ifiitiin dhufuun haga dhagganutti, namooti hin
duune jiran» jedhe.

# 17

*Jijjiiramiisa Bifa Yesuusii*
*(Mar. 9:2-13; Luq. 9:28-36)*

**16:24** Mat. 10:38; Luq. 14:27 **16:25** Mat. 10:39; Luq. 17:33; Yoh. 12:25 **16:27** Mat. 25:31; Far. 62:12; Rom. 2:6

1 Guyyaa jaan duuba, Yesuus Pheexroosii fi
Yaaqoob, Yohaannisii obboleessa Yaaqoobille fud-
hatee, gara gaara dheeraa tokkoo qofitti ol isaan
baase.
2 Innille isaan duratti bifa jijjiiramee, fuulli
isaalle akka adu'uu ifee, woyaan isaalle adii
calalaxxuu teete.
3 Dedhuma Muuse'ee fi Eliyaas Yesuus woliin
dubbatanuun dhaggane.
4 Achiin duuba Pheexroos Yesuusiin, «Gootta'a,
asitti dhaggamuun keenna nu'uuf dansa'a! Yoo
fedhii keeti te'e, gosee sadiin, takkattii si'iif,
takkattii Muuse'eef, takkattii Eliyaasiif ijaarraa»
jedhe.
5 Adoo inni tana dubbatiisatti jiruu, dedhuma
duumensi ifaalessi isaan golle; duumensa san
keessalle'ee qoonqoon takka, «Kun Ilma kiyya ka
ani jaaladhu, isa dhage'a'a!» jette.
6 Barattooti yennaa tana dhage'ane, rifatanee
lafa irratti fuulaan gad jigane.
7 Yesuus ammoo isaanitti dhikaatee harkaan
isaan qaqqabee, «Ka'aa, hin sodaatina'a!» jedheen.
8 Isaan yennaa ol jedhanee ilaalane, Yesuus
malee nama tokkolle hin dhaggine.

9 Isaan gaara irraa adoo gad bu'iisatti jiranuu,
Yesuus, «Ilmi Namaa du'aa haga ka'utti waan
dhaggittane kana nama tokkolle'etti hin him-
ina'a» jedhee barattoota ifii ajaje.
10 Barattooti isaalle, «Barsiisoti seera Muuse'ee,
‹Eliyaasitti dursee dhufuu qaba› maaf jedhan
ree?» jedhanee isa gaafatane.

---

**17:1** 2 Phex. 1:17-18

11 Inni deebisee, «Eliyaas waan mara adde'etti
deebisiisaaf dhugumaan hin dhufa;
12 Ani ammoo isinitti hima Eliyaas duruu
dhufeera, kolbaan isa hin hubanne, akkuma
fedhane isa godhane. Maarre Ilmi Namaalle
harka isaaniititti hin rakkata» jedheen.
13 Achiin duuba barattooti akka inni marroo
Yohaannisii cuupha'aa isaanitti dubbatiisatti jiru
hubatane.

## *Yesuus Mucaa Ayyaana Hama'aan Qabame Fayyise*

*(Mar. 9:14-29; Luq. 9:37-43)*

14 Yennaa Yesuusii fi barattooti isaa sadiin gara
gumi'ii deebi'ane, namichi tokko dhufee, Yesuus
duratti jilbiiffatee,
15 «Gootta'a, mucaa kiyya mararfadhu, inni
dhukkuba gaggaddu'uu* waan qabuuf guddoo
rakkatiisatti jira; inni yennaa hedduu ibiddaa fi
bisaan keessatti jiga.
16 Ani gara barattoota teetii isa fidee, isaan am-
moo isa fayyisuu hin dandeenne» jedhe.
17 Yesuus deebisee, «Isin dhaloota hin dhugeef-
fannee fi dabaalessa! Haga yoomii isin woliin
jiraadha? Haga yoomii isin ossadha? Mucaa gara
kiyya fida'a!» jedhe.
18 Yesuus ayyaana hamaa san xixee, mucaa
keessaa baase; mucaalle yoosuma fayye.
19 Achiin duuba barattooti qofuu gara Yesuusii
dhufanee, «Nuuti maaf ayyaana hamaa san baa-
suu dadhanne?» jedhanee isa gaafatane.

---

* **17:15** *Gaggaddu'uu:* Gaggaddo'oo

20 Yesuus deebisee, «Waan dhugeeffannaan
teessan diqqaatteef re! Ani dhugumaan isinitti
hima, dhugeeffannaa haga midhaan sanaafici'ii
adoo qabaattanee, gaara kanaan, ‹Asii ka'ii achi
deemi!› yoo jettane, innille hin deema; wonni
isiniif hin dande'anne hin jirtu. [
21 Ka akkanaa kun daadimataa fi laamaan
malee hin bawu» isaaniin jedhe.]†

### *Yesuus Ammalle Marroo Du'aa Fi Du'aa Ka'a Ifii Dubbate*

*(Mar. 9:30-32; Luq. 9:43-45)*

22 Yennaa barattooti isaa Galiilaa keessatti
wolitti qabamane, Yesuus isaaniin, «Ilmi Namaa
harka namootaatitti dabarfamee hin kennama,
23 isaanille isa hin ijjeesan, inni ammoo guyyaa
sadeesso'ootitti du'aa hin ka'a» isaaniin jedhe.
Isaanille guddoo gaddane.

### *Kaffala Gibira Galma Waaqaa*

24 Yesuusii fi barattooti isaa yennaa Qifirnaa-
hoom geyane, worri gibira Galma Waaqaa guuru
gara pheexroosii dhufanee, «Barsiisaan keessan
gibira Galma Waaqaa hin kaffaluu?» jedhaneen.
25 Pheexroos, «Ee, hin kaffala» jedheen. Phe-
exroos gara manaa dhufee adoo isatti hin dubbat-
inuu, Yesuus dursee, «Simoon, maan sitti fakkaata?
Moototi biyya lafaa qaraxa yookiin gibira eennu
irraa guuran? Nama biyya ifii irraa moo nama
biyya dhibi'ii irraa guuran?» jedhee isa gaafate.
26 Pheexroos deebisee, «Nama biyya dhibi'ii ir-
raa guuran» jedheen.
Yesuus deebisee, «Nami biyya isaanii bilisa ree!

† **17:21** Woraabbiin durii durii gariin laakkossa kana hin qabu

27 Te'uu malee, nuuti gufuu akka isaanitti
hin teene, gara abbaaya'aa dhaqiitii malxaqqoo
bisaanitti darbadhu; qurxummii qara baatu fu-
utee, afaan isi'ii yoo bante, beesee keessatti hin
dhaggita; beesee san fuudhiitii naaf, ifille'eef kaf-
fali!» jedheen.

# 18

## *Ka Caalu Eennu*
## *(Mar. 9:33-37; Luq. 9:46-48)*

1 Yennaa san barattooti gara Yesuusii dhufanee,
«Mootummaa Waaqaa keessatti ka caalu eennu?»
jedhaneen.
2 Inni daa'ima tokko waamee, isaan dura dhaab-
bachiisee,
3 «Ani dhugumaan isinitti hima, yoo hin ji-
jjiiraminii fi deebitanee akka daa'immaanii hin
te'in, isin ijjumaa mootummaa ol-gubba'aatitti
hin galtanu.
4 Eennulle ka akka daa'ima kanaa ifi gad qabu
mootummaa ol-gubba'aa keessatti mara ka caalu
te'a.
5 Eennulle daa'ima akkasii maqaa kiyyaan ka
fudhatu na fudhata.

## *Gara Cubbu'uu Ataabuu*
## *(Mar. 9:42-48; Luq. 17:1-2)*

6 «Isin keessaa nami tokko worra didiqqaa natti
dhugeeffatu kana keessaa tokkotti gufuu yoo te'e,
dhakaan daaku'uu guddaan morma isaatitti hid-
hamee qilee abbaaya'aatitti adoo gatamee liqin-
famee isaa woyya.

7 Sababa waan kolbaa gufachiisuutiif biyya
lafaatiif aanne'e! Wonni gufachiisu dhufuu hin
oolu; ammoo ka nama gufachiisuuf aanne'e!
8 Harki keeti yookiin miilli keeti akka cubbuu
tolchitu yoo si gufachiise, kutii gati; harka lamaan
yookiin miila lamaan qabaattee ibidda bara
baraatitti gatamiisaa mannaa, fafoottee yookiin
naafattee gara jiruu bara baraa galiisa si'iif
woyya.
9 Ilti teetille yoo si gufachiitte, ifi keessaa
baasii gati; ila lamaan qabaattee qilee ibiddaatitti
gatamiisaa mannaa, ila takkaa qabaattee gara
jiruu bara baraa galiisa si'iif woyya» jedhe.

### *Mammaassa Hoolee Baddee (Luq. 15:3-7)*

10 Yesuus, «Ani isinitti hima, ergantooti Waaqaa
ta ol-gubbaa jirtu, ta isaan eeddu yennaa mara
fuula Abbaa kiyya ka ol-gubbaa jiruu waan ilaal-
tuuf, worra didiqqaa kana keessaa tokkocha akka
hin tuffanne ifi eegadha'a. [
11 Ilmi Namaa worra bade fayyisiisaaf dhufe.]*
12 Maan isinitti fakkaatti? Nami tokko hoolota
dhibba qabaatee, isaan keessaa takkattiin yoo
badde, sagaltamii sagal gaara irratti lakkisee ta
badde san hin barbaaduu?
13 Ani dhugumaan isinitti hima, inni yoo isii
dhagge, ta hin badin sagaltamii sagal caalaa itti
gammada.
14 Akkasuma worra didiqqaa kana keessaa
tokkolle akka badu fedhii Abbaa keessan ka ol-
gubba'aatii moti.

---

* **18:11** Woraabbiin durii gariin laakkossa 11 hin qabanu

### *Nama Yakkeef Maan Godhuu Akka Barbaachisu (Luq. 17:3)*

15 «Obboleessi keeti yoo si yakke, dhaqii lafa isin
lamaan qofi jirtanutti yakkaa isaa itti himi. Inni
yoo si dhage'e, ati deebittee obboleessa keeti isa
godhatta.
16 Inni yoo si hin dhage'in ammoo, dubbiin
marti dhugaa baya nama lamaatiin yookiin sadi-
itiin waan mirkanoottuuf, nama dhibii tokko
yookiin lama fudhadhuu dhaqi.
17 Inni yoo isaan dhage'uu dide, wolde'a
kiristaanaatitti himi; wolde'a kiristaanaalle yoo
dhage'uu dide, akka worra Yihudoota hin te'iniitii
fi guurtuu qaraxaatitti laakkow.
18 «Ani dhuguma isinitti hima, wonni isin lafa
irratti hiitane ol-gubbaalle'etti ka hidhame te'a;
wonni isin lafa irratti hiittanelle ol-gubbaalle'etti
ka hiikame te'a.
19 Ammalle, ani isinitti hima, isin keessa nami
lama, biyya lafaa irratti marroo waan tokkoo
wolii galee yoo daadimate, Abbaan kiyya ka ol-
gubbaa jiru waan isaan daadimatane san isaaniif
hin godha.
20 Addee namooti lama yookiin sad maqaa
kiyyaan wolitti qabamanutti, ani isaan woliin
jira» jedhe.

### *Woliif Araaramuu*

21 Achiin duuba Pheexroos gara Yesuusii
dhikaatee, «Gootta'a, obboleessi kiyya yoo na
yakke, yennaa meeqa araaramaaf? Yennaa
torbaa?» jedheen.

22 Yesuus deebisee, «Ani haga yennaa
torbaatamii torbaa† ti malee, haga yennaa
torbaati si'iin hin jedhu.
23 «Waan kanaaf mootummaan ol-gubba'aa
mootii herrega hojjattoota isaa irra jiru
herregatiisaaf barbaade tokko fakkaatti.
24 Inni yennaa herreguu jalqabe, nama inni
beenyaa beesee irraa qabu tokko itti fidane.
25 Innille kaffaluu dadhabee jennaan, goottaan
isaa akka inni niitii ifii, ijoollee ifiitii fi waan qabu
mara woliin gurguramee beenyaan kaffalamu
ajaje.
26 Maarre hojjataan sun miila isaatitti jigee,
‹Naa ossadhu, anille waan maraa sii hin kaffala›
jedhee kadhate.
27 Goottaalle isaaf nayee, beenyaa isaalle
lakkiseefii, akka deemuuf gad lakkise.
28 Hojjataan sun ammoo, akkuma gad bay-
een, hojjatuma akka isaa meetii dhibba tokko
beenyaa irraa qabutti bayee, hudheelle isa qabee,
‹Beenyaa kiyya naaf deebis› jedheen.
29 Achiin duuba hojjataan akka isaa sun gad
jigee, ‹Naa ossadhu, ani sii kaffala› jedhee isa
magannifate.
30 Inni ammoo dide; achiin duuba qabee
dhaqee haga inni beenyaa isaa kaffalutti mana
hidha'aatitti galchisiise.
31 Hojjattooti akka isaa worri dhibiin yennaa
waan te'e kana dhaggane, guddoo gaddanee,
waan te'e san mara goottaa isaaniititti himane.

† **18:22** Woraabbiin gariin «Yennaa torbaatama yennaa torba» jedha

32 Achiin duuba goottaan isa waansisee, ‹Ati
hojjataa hamaalessa! Waan na magannifatteef
ani beenyaa san mara sii lakkise.
33 Akkuma ani si mararfadhe, atille hojjataa
akka keetii mararfatu'uu hin mallee ree?› jed-
heen.
34 Aari'iin goottaan isaa haga inni beenyaa
isa irra jiru mara kaffalutti worra isa rakkisutti
dabarsee kenne.
35 «Maarre isinille gadhaa tokkoon obboleessa
keessaniif yoo hin araaramin, tokkoo tokkoo
keessan Abbaan kiyya ka ol-gubbaa jirulle akka-
suma hin godha» jedhe.

# 19

## *Yesuus Dhirsaa Fi Niitiin Akka Wol Hin Lakkinne Barsiise*
*(Mar. 10:1-12)*

1 Yesuus yennaa dubbii tana dubbatee fixe, Gali-
ilaa lakkisee laga Yordaanosiitiin gama gara lafa
Yihuda'aa dhaqe.
2 Gumiin guddoon isa hordottee, innille achitti
isaan fayyise.
3 Worri Fariisaayotaa gariin gara Yesuusii dh-
ufanee, haga isa ilaaliisaaf barbaadanee, «Nami
tokko Sababuma fedheefuu haadha manaa ifii
lakkisuun seeraa?» jedhanee isa gaafatane.
4 Yesuus deebisee, «Waaqi jalqaba, ‹dhiiraa fi
dubartii› tolchee akka isaan dade hin dubbin-
nee?» jedhe.
5 Itti dabaleelle, «Waan kanaaf nami haadhaa
fi abbaa ifii hin lakkisa, haadha manaa ifiitiin
wolitti maxxana; lamaanuu foon tokko hin te'an.

6 Maarre isaan haganaa achi foon tokko malee,
lamaa moti. Tanaaf waan Waaqi wolitti qassiise
nami gargar hin baasin» jedhe.
7 Fariisaayoti, «Abbaan manaa woraqata lak-
keessaa kenneefii akka isii lakkisu, Muuseen maaf
ajaje ree?» jedhaneen.
8 Yesuus deebisee, «Sababa mataa-jabeenna
keessaniitiif Muuseen akka isin haadhotii manaa
teessan lakkittanu isinii eeyyame malee, jalqaba
irratti akkasii moti.
9 Anille isiniin jedha, yoo isiin gaarayyeeffatte
malee, nami haadha manaa ifii lakkisee ta dhibii
fuudhu, hin gaarayyeeffata*» isaaniin jedhe.
10 Barattooti isaa deebisanee, «Wonni abbaa
manaatii fi haadha manaa yoo akkas teete, fuud-
huu dhabuu woyya» jedhaneen.
11 Yesuus deebisee, «Worra kennanteef malee,
barsiisa kana nami marti dande'ee hin fudhatu.
12 Worri guneessa te'anee dhalatane jiran,
worri harka namaatiin guneessa te'anelle
jiran, worri mootummaa Waaqaatiif jedhanee
guneessa ifi godhaneelle jiran. Nami kana
fudhatiisa dande'u fudhatuu ti» isaaniin jedhe.

### *Yesuus Ijoollee Didiqqoo Eebbise*
### *(Mar. 10:13-16; Luq. 18:15-17)*

13 Achiin duuba akka Yesuus harka ifiitiin
qaqqabee daadimatuuf ijoollee didiqqoo gara
isaa fidane. Barattooti isaa ammoo worra ijoollee
fide xixane;

---

* **19:9** Woraabbiin durii durii gariin, «Dubartii lakkifante ka fuud-helle hin gaarayyeeffata» ka jedhulle itti dabala **19:9** Mat. 5:32; 1 Qor. 7:10-11

14 Yesuus ammoo, «Mootummaan Waaqaa ta
worra akkasii waan teeteef, ijoollee lakkisa'a,
gara kiyya dhuttuutii hin dhooggina'a» jedhe.
15 Innille harka ifiitiin ijoollee qaqqabee achii
ka'ee deeme.

### *Namicha Dargaggeessa Dureessa (Mar. 10:17-31; Luq. 18:18-30)*

16 Achiin duuba namichi tokko gara Yesuusii
dhufee, «Barsiisa'a, jiruu bara baraa dhaggatiisaaf,
hujii dansaa maan hujuu qaba?» jedheen.
17 Yesuus deebisee, «Marroo hujii dansa'aa maaf
na gaafatta? Dansaan Waaqa tokkocha qofa.
Jiru'utti galiisaaf yoo feete, ajajoota Waaqaa ee-
gadhu» jedheen.
18 Namichi dargaggeessi, «Ajajooti kam inni?»
jedheen. Yesuus deebise, « ‹Hin ijjeesin; hin
gaarayyeeffatin; hin hatin; dharaan dhugaa hin
bayin;
19 haadhaa fi abbaa keetiif ulfinna kenni; am-
malle, ollaa keeti akka mataa keetii jaaladhu› ka
jedhu» jedheen.
20 Dargageessille deebisee, «Ani ajajoota kana
eegadheera; ammaa wonni narraa dhidhateeru
maan?» jedhe.
21 Yesuus deebisee, «Ka dhidhuu hin qanne te'uu
yoo feete, dhaqii, waan qaddu mara gurgurii
beesee hiyyeeyyi'iif kenni; ol-gubba'atti karra hin
qabaatta; achiin duuba koyiitii, na hordofi» jed-
heen.
22 Dargaggeessi sun tana yennaa dhage'e, karra
guddoo waan qabuuf, gaddaa achii deeme.

23 Achiin duuba Yesuus barattoota ifiitiin, «Ani
dhuguma isinitti hima, nami dureessi mootum-
maa ol-gubba'aatitti galiisi guddoo rakkisa'a.
24 Ammalle ani isinitti hima, nami dureessi
tokko mootummaa Waaqaatitti galiisa irra gaalli
qowa limmo'oo† keessa hulluuqiisatti irra kaso'o»
jedhe.

25 Barattooti isaa yennaa tana dhage'ane, gud-
doo maalalanee, «Eentu fayyuu dande'a ree?» jed-
hane.
26 Yesuus ammoo gara isaanii ilaalee, «Wonni
kun namaaf hin dande'antu, Waaqaaf ammoo
wonni marti hin dande'anti» jedhe.

27 Achiin duuba Pheexroos deebisee, «Ilaa, nuuti
waan mara lakkinnee si hordonneerra. Nuuti
maan dhaggatu'uu jirra ree?» jedhe.

28 Yesuus deebisee, «Ani dhuguma isinitti hima,
biyya lafaa haareya dhuttutti, Ilmi Namaa bar-
cumaa mootummaa ulfinna ifii gubbaa yennaa
tee'u, isin worri na hordottanelle barcumaa moo-
tumma'aa kudhanii lama gubbaa teettanee, gosa
Israa'elii kudhanii lamatti murtan.
29 Nami naaf jedhee mana yookiin obboleessa
yookiin obboleettii yookiin abbaa yookiin haadha
yookiin ijoollee yookiin fichaa lakkise, dachaa
dhibba hin fudhata; jiruu bara baraalle hin dhag-
gata.
30 Ammoo worri hedduun amma dura jiru
worra duuba jiru hin te'a; worri duuba jirulle
worra dura jiru hin te'a» isaaniin jedhe.

† **19:24** *Limmo'oo:* Limmee, marfee **19:30** Mat. 20:16; Luq. 13:30

# 20

## *Mammaassa Hojjattoota Fichaa Woyni'ii*

1 «Mootummaan ol-gubba'aa nama fichaa
woyni'ii qabu, ka barii halkaniin addee woynii
ifiitiif hojjattoota qaxaru'uuf baye tokko
fakkaatti.
2 Beesee mindaa guyyaa tokkootiin
hojjattootaan wolii galeen duuba, gara fichaa
woynii ifiititti isaan erge.
3 Gara saatii sadiititti inni yennaa gad bawu,
worra dhibii addee dikko'oo hujii malee dhaab-
batiisatti jiranu dhagge;
4 innille isaaniin, ‹Isinille gara fichaa woyni'ii
dhaqa'aa huja'a; anille kaffaltii malte isinii kaf-
fala› jedheen.
5 Maarre isaanille dhaqane. Gara saatii jaatii
fi gara saatii sagaliille'etti inni bayee akkasuma
godhe.
6 Gara saatii kudhanii tokkoolle'etti inni
bayee worra dhibii adaala san dhaabbateeruun
dhaggee, ‹Guyyaa guutuu hujii malee maaf as
dhaabbattan?› jedheen.
7 Isaanille, ‹Nama nu qaxaru waan dhanneef
as dhaabbanna› jedhaneen. Inni, ‹Isinille gara
fichaa woyni'ii dhaqa'aa huja'a› jedheen.
8 Yennaa galgalootte, abbaan fichaa woyni'ii
toowataa hojjattootaatiin, ‹Hojjattoota waamiitii,
worra duubarra qaxarameen jalqabii haga worra
dursee qaxarameetitti, kaffaltii isaanii kenniif›
jedheen.

9 Worri gara saatii kudhanii tokkootitti qaxara-
mane dhufanee, tokko tokkoon isaaniituu mindaa
guyyaa tokkoo fudhatane.
10 Worri dursee qaxarame yennaa dhufe, isaan
caalaa waan fudhatanu seyane; isaanille ammoo
minduma guyyaa tokkoo fudhatane.
11 Isaan yennaa beesee fudhatanelle, abbaa
fichaa woyni'ii irratti gungumanee,
12 ‹Hojjattooti duubarra qaxaramane saatii
tokko qofa hujane, ati ammoo nu worra adu'utti
woxalamaa guyyaa guutuu dadhabaa oolle isaan
woliin nu qixxeessite› jedhane.
13 Inni deebisee isaan keessaa tokkochaan,
‹Jaali, ani womaa si hin balleessine; ati guyya'atti
mindaa guyyaa tokkootiin motii ka anaan wolii
galte?
14 Kaffaltii teeti fudhadhuu deemi; haguma si'iif
kenne namicha duubarra qaxarame kanaafille
kenniisa fedha.
15 Beesee tiyyaan waan fedhe godhuu hin
dande'uu? Yookiin ati waan ani arjoomeef
hinaattaa?› jedhe» jedhe.

16 Achiin duuba Yesuus, «Worri duubaa dura,
worri duraa duuba hin te'an*» jedhe.

### *Yesuus Marroo Du'aa Fi Du'aa Ka'a Ifii Sadeessoo Dubbate*
*(Mar. 10:32-34; Luq. 18:31-34)*

---

* **20:16** Woraabbiin durii durii gariin, «Worra heddu'utti waamame, ammoo worra diqqa'atti filame» ka jedhu itti dabala. **20:16** Mat. 19:30; Mar. 10:31; Luq. 13:30

17 Yesuus gara Yerusaalemii ol deemiisatti
jiruun, barattoota kudhanii lamaa qofitti
fuudhee,
18 «Kunoo, nuuti gara Yerusaalemii ol bayi-
isatti jirra, Ilmi Namaa sooreyyii hayyootaatii fi
barsiisota Seeraatitti dabarfamee hin kennama;
isaanille yakkaa du'aa isatti muran.
19 Achiin duuba akka isaan itti taphatanee,
dhaananee fannisanu worra Yihudoota hin
te'initti dabarsanee isa hin kennan. Guyyaa
sadeesso'ootitti du'aa hin ka'a» isaaniin jedhe.

### *Gaaffii Haadha Ilmaan Zabdewoosii (Mar. 10:35-45)*

20 Achiin duuba haati ilmaan Zabdewoosii il-
maan ifii woliin gara Yesuusii dhuttee, isa du-
ratti jilbiiffattee, waan tokko akka godhuuf isa
gaafatte.
21 Innille isi'iin, «Ati maan barbaadda?» jedhe.
Isiille isaan, «Ilmaan tiyya lamaan tun moo-
tummaa teeti keessatti tokkochi midda keetitti,
tokkochi bitaa keetitti, akka tee'anu naa godhi»
jetteen.
22 Yesuus ammoo deebisee, «Isin waan gaafa-
tanu hin beettanu. Isin muduunuu rakko'oo ta ani
uniisa geyeeru unuu hin dandeettanii?†» isaaniin
jedhe.
Isaanille, «Nuuti hin dandeenna» isaan jedhane.
23 Innille, «Isin dhugumaan muduunuu rakko'oo
ta ani unu hin untan, ammoo ka namoota midda
kiyyaa fi bitaa kiyyatti teessisu anaa moti; addeen

† **20:22** Woraabbiin durii durii gariin, «Cuuphama ani cuuphamaaru isin cuuphamuu hin dandeettanii?» ka jedhu itti dabalan

tun worra Abbaan kiyya isaaniif qopheesseeruuf kennanti» isaaniin jedhe.

24 Barattooti kudhan marroo waan kanaa yennaa dhage'ane, obboleeyyan lamaan sanitti aarane.
25 Yesuus ammoo gara ifii isaan waamee, «Bulchitooti worra Yihudoota hin te'inii kolbaa ifii irratti akka goottomanu, qondaaltoti isaaniille isaan irratti baallii guutuu akka qabanu isin hin beettan.
26 Odduu teessanitti akkas hin teetu; eennulle isin keessaa nami guddaa te'uu fedhu tajaajilaa keessan te'uu ti;
27 akkasuma eennulle isin keessaa nami nama namaan duraa te'uu fedhu garbicha keessan te'uu ti;
28 Ilmi Namaalle tajaajiliisaa fi kolbaa heddu'uuf jiruu ifii wodoo godhee kenniisaaf dhufe malee, akka isa tajaajilanuuf hin dhunne» jedhe.

### *Yesuus Ballaa Lamaan Fayyise*
### *(Mar. 10:46-52; Luq. 18:35-43)*

29 Yesuusii fi barattooti isaa Yeriko'oo bayanee deemanuun, gumiin guddoon Yesuus hordotte.
30 Namooti ballaan lamaan achi karaa cinaa tetee'anee jiraniiyyu. Akka Yesuus karaa san dabariisatti jiru yennaa dhage'ane, iyyanee, «Gootta'a, Ilma Daawitii, nuu marari!» jedhaa iyyane.
31 Gumiin akka isaan cadhisanu xixxe; isaan ammoo ittuma caalchisanee qoonqoo guddo'oon, «Gootta'a, Ilma Daawitii, nuu marari!» jedhaa iyyane.

32 Yesuus dhaabbatee isaan waamee, «Maan
akka ani isiniif godhu barbaaddan?» jedheen.
33 Isaan deebisanee, «Gootta'a, ilti teenna akka
banantu barbaanna» jedhaneen.
34 Yesuus isaanii nayee ila isaanii qaqqabe;
yoosuma ilti isaanii banantee, isaan isa hordo-
fane.

# 21

### *Yesuus Ulfinna Gudda'aan Yerusaalem Seene (Mar. 11:1-11; Luq. 19:28-40; Yoh. 12:12-19)*

1 Yesuusii fi barattooti isaa yennaa
Yerusaalemitti dhikaataneeranu, gaara
Ejersaatitti, addee Betfaagee jedhantu
geyaneeranuun, Yesuus barattoota lamaan ergee,
2 «Gara ollaa isiniin dura jiruu dhaqa'a, yoosuma
harree hidhanteertu takka, ta ilmayyoo woliin
jirtu hin dhaggitan; hiika'aatii naa fida'a.
3 Eennulle yoo waan tokko isiniin jedhe,
‹Gootta'atti isaan barbaada, inni adoo hin turin
hin deebisa› jedha'aan» isaaniin jedhe.
4 Wonni raagaan raage akka muummottuuf tun
teete;
5 wonni raagaan raagelle,

«Qachaa Xiyooniitiin,
‹Kunoo, mootiin keeti gad ifi qabee,
harre'ee fi ilmayyoo harre'ee irra tee'ee,
gara keeti dhufaara› jedha'aan» ka jedhu.

6 Barattooti dhaqanee akkuma Yesuus isaan
ajaje godhane;
7 Isaan harree sanii fi ilmayyoo harre'ee san
fidane, woyaa ifii irra keyanee, innille irra tee'e.

8 Gumiin guddoon woyaa ifii karaa irratti atte;
worri dhibiille dameelee baalaa muka irraa caccassanee karaa irratti firfirsane.
9 Gumiin isa dura deentuu fi isa faana deentu
iyyitee,

«Hosaa'inaa* Ilma Daawitiitiif!
Maqaa Gootta'aatiin ka dhufu ka eebbifame!
Hosaa'inaa olii ol-gubba'aatitti!» jette.
10 Yesuus yennaa Yerusaalem seene, qachaan
duudiin raafamee, «Inni kun eennu?» jedhane.
11 Gumiin isa woliin ideentu, «Kun Yesuusii
raagicha qachaa Naaziretii ka lafa Galiila'aa keessatti dhaggamuu dhufe» jette.

## *Yesuus Galma Waaqaa Dhaqe*
## *(Mar. 11:15-19; Luq. 19:45-48; Yoh. 2:13-22)*

12 Achiin Yesuus Galma Waaqaa seenee, worra
Galma Waaqaa keessatti bitatuu fi gurguratu mara gad yaase; inni xarapheessaa worra beesee jijjiiratuutii fi barcumaa worra saphaliisa gurguratuu garagaggalchee,
13 «‹Manni kiyya mana daadimataa jedhamee
hin waamama› jedhantee barreeffanteerti; isin ammoo goda saantu'uu gootane» isaaniin jedhe.
14 Naafii fi ballaan Galma Waaqaa keessatti gara
Yesuusii dhufane; innille isaan fayyise.
15 Sooreyyiin hayyootaatii fi barsiisoti Seeraa
waan baasaa ka inni godhe yennaa dhagganee fi ijoollee Galma Waaqaa keessatti, «Hosaa'inaa Ilma Daawitiitiif» jedhaa iyyitu yennaa dhaggane aarane.

---

* **21:9** *Hosaa'inaa:* Hosaa'inaa jechuun, afaan Ibrootaatiin, «Maganne'ee nu fayyis» jechu'u; te'uu malee addee heddu'utti hiikkaa Waaqa galateeffatiisaalle qaba

16 Tanaaf Yesuusiin, «Ati waan ijoolleen tun jettu dhageettaa?» jedhane.

Yesuus, «Ee hin dhage'a; isin ijjumaa, ‹Afaan ijoolle'eetii fi daa'immaan hootuutiin galata ifiif qopheeffatte› ka jedhu hin dubbinnee?» isaaniin jedhe.

17 Achiin duuba Yesuus isaan lakkisee, qachaa keessaa bayee, ollaa Bitaaniyaa jedhamuu dhaqee achi bule.

### *Yesuus Muka Harru'uu Tokko Abaare (Mar. 11:12-14,20-24)*

18 Yesuus barii ganama, yennaa gara qacha'aa deebi'u beelote.
19 Muka harru'uu tokko karaa cina'atti dhaggee,
yennaa itti gore baala malee womaa irratti hin dhaggine. Achiin duuba inni harru'uun, «Ijjumaa deebi'ee midhaan si irraa hin dhaggamin» jedheen. Yoosuma muki harru'uu sun goge.
20 Barattooti yennaa muka harru'uu san dhaggane, baaseffatanee, «Yoosuma muki harru'uu attam goge?» jedhane.
21 Yesuus deebisee, «Ani dhuguma isinitti hima,
isin yoo dhugeeffannaa qabaattane, mamuulle yoo dhaddane, waan muka harru'uu irratti te'e qofaa hin gootanu; isin gaara kanalle'een, ‹Asii ka'ii abbaaya'atti darbami› yoo jettanneeyyuu, hin teeti.
22 Dhugeeffanna'aan daadimattanee waan
gaafattanu mara, hin fudhattan» isaaniin jedhe.

### *Gaaffii Marroo Baallii Yesuusii (Mar. 11:27-33; Luq. 20:1-8)*

23 Yesuus yennaa Galma Waaqaa seenee adoo
barsiisiisatti jiruu, sooreyyiin hayyootaatii fi jaar-
soleen kolba'aa gara isaa dhufanee, «Ati baallii
maaniitiin waan kana goota? Baallii tana eentu sii
kenne?» jedhaneen.
24 Yesuus deebisee, «Anille gaaffii tokko isin
gaafadha; isin yoo deebii naa deebittane, achiin
duuba anille baallii maaniitiin waan kana akka
godhu isinitti hima.
25 Cuuphaan Yohaannis cuuphe Waaqa irraa
dhutte moo, yookiin nama irraa dhutte?» isaaniin
jedhe.

Isaanille wol mormanee, « ‹Waaqa irraa dhutte› yoo jenne, inni, ‹Isin maaf isa hin dhugeeffatinaa ree?› nuun jedha;
26 Ammoo yoo nuuti, ‹Nama irraa› jenne, mar-
tinuu akka raaga'aatitti waan Yohaannis fud-
hatanuuf, kolbaa sodaanna» jedhane.
27 Maarre isaan deebisanee, «Nuuti hin beennu»
Yesuusiin jedhane.

Yesuusille, «Baallii maaniitiin waan kana akka godhu anille isinitti hin himu» isaaniin jedhe.

### *Mammaassa Ilmaan Lamaa*

28 Yesuus isaaniin, «Maan isinitti fakkaata?
Nami tokko ijoollee lama qabaayyu; inni gara
angafichaa dhaqee, ‹Ilma kiyya, adha addee
woyni'ii dhaqii huji› jedheen.
29 Inni deebisee, ‹Ani hin dhaqu› jedhe; eegas
ammoo yaada jijjiiratee dhaqe.
30 Abbaan gara ilma lammeesso'oolle dhaqee
akkasuma jedhe; ilmi, ‹Hin dhaqa, abbayyoo!›
jedhe; ammoo hin dhandhe.

31 Isaan lamaan kana keessaa kamitti waan ab-
baan barbaade tolche?» jedheen.

Isaan, «Angaficha» jedhane.

Yesuus, «Ani dhugumaan isinitti hima, worri dabaan qaraxa guuruu fi sagaagaltooti mootummaa Waaqaatitti galiisa isin dursan.
32 Yohaannisiin cuuphaan karaa balchumma'aa
isinitti dhufee jennaan isin isa hin dhugeeffanne; worri dabaan qaraxa guuruu fi sagaagaltooti ammoo isa dhugeeffatane; isin eeguma kana dhaggitanelle, yaada keessan jijjiirattanee isa hin dhugeeffanne» isaaniin jedhe.

## *Mammaassa Qonnaan Bultoota Fichaa Woyni'ii*

*(Mar. 12:1-12; Luq. 20:9-19)*

33 Yesuus ammalle, «Mammaassa dhibii
dhage'a'a! Namichi tokko muka woyni'ii dhaabee, dalleya itti marsee ijaaree, boolla midhaan isi'ii itti cunfu qotee, xelleephoo irra tee'anee eeganu ijaare. Achiin duuba inni qonnaan bultootaaf kireessee, gara biyya dhibi'ii deeme.
34 Yennaan midhaan woyni'ii guuranu geen-
naan, inni qooda midhaan ifii fudhatiisaaf tajaajiltoota ifii gara qonnaan bultoota sanii erge.
35 Qonnaan bultooti sun ammoo tajaajiltoota
isaa qabanee, tokko dhaananee, kaan ijjeesanee, kaanille dhaka'aan tumane.
36 Inni ammalle tajaajiltoota worra qaraa
laakkossaan caalanu ka dhibii itti erge; isaan akkuma worra duraa kaan isaan godhane.

**21:32** Luq. 3:12; 7:29-30

37 Dhuma irratti inni, ‹Isaan ilma kiyya hin
ulfeessan› jedhaa ilma ifii gara isaanii erge.
38 Qonnaan bultooti ammoo yennaa ilma san
dhaggane, ‹Ka dhaalu kana; kowa'a, isa ijjeennee
dhaala isaa fudhannaa› woliin jedhane.
39 Maarre isaan isa qabanee, addee woyni'iitii
alatti darbanee baasanee ijjeesane.
40 Amma abbaan addee woyni'ii yennaa dhufe,
qonnaan bultoota san maan godhinna laati?»
isaaniin jedhe.
41 Isaan deebisanee, «Inni worra hamaaleyyii
san du'a farraamettii hin ijjeesa. Addee
woyni'iille qonnaan bultoota worra yennaa
midhaan woyni'ii guuramu qooda isaaf kennuuf
kireessa» jedhane.
42 Yesuus, «Isin Barreeffama Woyyicha keessatti,

«‹Dhakaan worri mana ijaaru tuffate,
dhakaa dhakaa maraa caalaa barbaadamu te'e;
tana Gootta'atti godhe,
ila teennalle'etti waan baasaa ti!› ka jedhu ijjumaa hin dubbinnee?

43 «Tanaaf, ani isinitti hima, mootummaan
Waaqaa isin irraa fuudhantee kolbaa midhaan
buuttuuf hin kennanti. [
44 Nami dhakaa kana irratti jigu hin caccaba;
Nami dhakaan kun irratti jigu ammoo hin bututa»
isaaniin jedhe.]†
45 Sooreyyii hayyootaatii fi Fariisaayoti yennaa
mammaassa isaa dhage'ane, akka inni marroo
isaanii dubbatiisatti jiru beekane.

† **21:44** Woraabbiin durii durii gariin laakkossa 44 hin qabanu

46 Isaan isa qabiisaaf barbaadane, ammoo waan
gumiin akka raaga'aatitti Yesuus fudhatteef, isaan
sodaatane.

# 22

### *Mammaassa Jila Fuudhaa Fi Heerumaa (Luq. 14:15-24)*

1 Yesuus ammalle mammaassaan isaanitti dub-
batee,
2 «Mootummaan Waaqaa mooticha tokko ka ilma
ifiitiif jila fuudhaa fi heerumaa jilise fakkaatti.
3 Worri gara jila fuudhaa fi heerumaa waa-
mame akka dhufu itti himiisaaf, Mootichi tajaajil-
toota ifii erge; isaan ammoo hin dhunne.
4 Inni ammalle tajaajiltoota dhibii ergee, ‹Worra
waamameeruun: Kunoo, jila tiyya ta fuudhaa fi
heerumaa qopheesseera, sangootaa fi dardarooti
cocooma qalamaneeran, wonni martille qophoot-
teerti; gara jila fuudhaa fi heerumaa kowa'a
jedha'aatii itti hima'a› jedhe.
5 Worri waamame ammoo tuffatee, tokko gara
fichaa ifii, kuun gara daldala ifii deeme;
6 worri kuun tajaajiltoota isaa qabee, akka
malee tolchee, ijjeese.
7 Mootichi guddoo aaree, loltoota ifii ergee,
worra tajaajiltoota isaa ijjeese san balleessee,
qachaa isaaniille gube.
8 Achiin duuba inni tajaajiltoota ifiitiin, ‹Jilti
fuudhaa fi heerumaa qophootteerti, worri waa-
mame ammoo ka jila tanaaf male hin teene.
9 Tanaaf gara woldeennaa karaa gugurda'aa
dhaqa'aatii, namuma dhaggitane mara gara jila
fuudhaa fi heeruma tanaa waama'a!› jedhe.

10 Tajaajiltooti sun gara karaa gugurda'aa bayanee nama dhaggane mara bada'aa fi dansaalle guurane; maarre manni jila fuudhaa fi heerumaa sun keessummootaan guutame.

11 «Mootichi keessumoota ilaaliisaaf yennaa ol seene ammoo, nama woyaa jila fuudhaa fi heerumaa hin uffatin tokko dhagge.
12 Namichaan, ‹Jaali, woyaa jila fuudhaa fi heerumaa malee attamiin mana seente?› jedheen. Namichi waan dubbatu dhabe.
13 Achiin duuba mootichi worra achi keessa ergamuun, ‹Harkaa fi miila isaa hidha'aatii, dukkana alaatitti gata'a. Achitti ilkaan qariisaa fi bowiis hin te'a› jedhe.
14 Worri waamame heddu'u, worri filame ammoo diqqa'a» jedhe.

### *Gaaffii Marroo Kaffaliisa Gibiraa (Mar. 12:13-17; Luq. 20:20-26)*

15 Achiin duuba worri Fariisaayotaa dhaqanee waanuma inni dubbateen Yesuus xaqaru'uuf mari'atane.
16 Maarre isaan barattoota ifii golii Heroodisii woliin gara isaa erganee, «Barsiisa'a, akka ati dhugaamessaa nuuti hin beenna; karaa Waaqaa dhugumaan barsiitta, ati nama hin sodaattu, nama tokkolle wol hin caalchittu.
17 Maan sitti fakkaata? Mootii moototaa biyya Rooma'aatiif gibira kaffaluun seera moo seeraa moti? Nutti himi ree!» jedhaneen.

18 Yesuus ammoo, hammeenna isaanii beekee, «Isin kijiboole'e! Maaf haga na ilaaltan?

19 Beesee ittiin gabbartanu me natti
mudhisa'a?» jedhe. Isaanille beesee* san takka
itti fidane.
20 Achiin duuba inni, «Fakki'ii fi maqaan kun ka
eennuu ti?» jedhee isaan gaafate.
21 Isaan deebisanee, «Ka mootii moototа biyya
Rooma'aa ti» jedhaneen.

Achiin duuba inni, «Tanaaf, waan mootii mootota mootii moototaatiif, waan Waaqaalle Waaqaaf kenna'a» isaaniin jedhe.
22 Isaan yennaa waan kana dhage'ane baaseffa-
tanee, isa lakkisanee deemane.

### *Gaaffii Marroo Du'aa Ka'iisaa (Mar. 12:18-27; Luq. 20:27-40)*

23 Gaafasuma Saduqooti, worri du'aa ka'iis hin
jiru jedhu, gara Yesuusii dhufanee,
24 «Barsiisa'a, Muuseen, ‹Nami tokko adoo
hin uumatin yoo du'e, obboleessi isaa niitii obboleessa du'ee san dhaalee, sanyii obboleessa ifiitiif dabarsuu ti› jedheera.
25 Amma obboleeyyan torba tokkotti odduu
teenna jiraayyu; angafichi fuudhee, ijoollee adoo hin uumatin irraa du'e; tanaaf obboleessi isaa haadha hiyyeessaa san dhaale.
26 Ka lammeesso'oolle, ka sadeesso'oolle, haga
torbeesso'ootitti isuma dhaalanee ijoollee adoo hin uumatin irraa du'ane.
27 Mara isaaniitiin duuba, isiille duute.
28 Gaafa worri du'ane ka'anu, marti isaaniituu
waan isii fuudhaneeranuuf, isaan torba keessaa isiin kamiif niitii teeti?» jedhanee isa gaafatane.

---

* **22:19** *Beesee:* Kitaab Giriikii dinaara jedha **22:22** HuE. 23:8

29 Yesuus deebisee, «Barreeffama Woyyichaa fi
hunna Waaqaa waan hin beenneef, isin hin
dokonkortan.
30 Yennaa worri du'ane ka'anu, isaan ol-
gubba'atti akka ergantoota Waaqaa te'an malee,
hin fuudhanu, hin heerumanu.
31 Marroo worra du'aa ka'iisa worra du'ee,
waan Waaqi isiniin jedhe isin hin dubbinnee?
32 Inni, ‹Ani Waaqa Abrahaamii, Waaqa Yisi-
haqii, Waaqa Yaaqoobii ti› jedheera. Inni Waaqa
worra jiraata'aa ti malee, Waaqa worra du'a'aatii
moti» isaaniin jedhe.
33 Gumiin yennaa tana dhageette, barsiisa isaa
baaseffatte.

### *Ajaja Guddicha*
### *(Mar. 12:28-34; Luq. 10:25-28)*

34 Yesuus worra Saduqootaa akka cadhisiise
yennaa dhage'ane, worri Fariisaayotaa wolitti
dacha'ane.
35 Isaan keessaalle'ee, barsiisaan Seeraa tokko,
Yesuus haga ilaaliisaaf,
36 «Barsiisa'a, Seera keessaa ajaji guddichi kam?»
jedhee isa gaafate.
37 Yesuus deebisee, « ‹Waaqa Goottaa keeti, gad-
haa keeti tokkochaan, lubbuu teeti takkatti'iin,
qalbii teeti takkatti'iin jaaladhu›.
38 Ajaji guddichi duraa isaa kana.
39 Lammeessoolle isuma fakkaata: ‹Ollaa keeti
akka mataa keetii jaaladhu›.
40 Ajaja lamaan kana irratti Seerri Muuse'eetii
fi barsiisi raagotaa marti hundeeffamaneeran»
jedhe.

### *Gaaffii Marroo Masiihii*
### *(Mar. 12:35-37; Luq. 20:41-44)*

41 Fariisaayoti wolitti dacha'aneeranuun,
Yesuus,
42 «Marroo Masiihii maan isinitti fakkaata? Inni
ilma eennuu ti?» jedhee isaan gaafate.

Isaan, «Ilma Daawitii ti» jedhaneen.

43 Yesuus, «Attamiin Daawiti hunna Ayyaana
Woyyichaatiin sooreffamee ‹Goottaa› jedhaa isa
waamaa,
44 «‹Waaqi Goottaa kiyyaan,
haga ani diinota keeti miila keeti jala si'iif galchutti,
Midda kiyyatti tee'i› jedheen ree?
45 Daawiti yoo, ‹Goottaa› jedhee isa waame, Masi-
ihiin attamiin ilma isaa te'uu dande'a?» isaaniin
jedhe.
46 Nami tokkolle deebii isaaf deebisuu hin dan-
deenne. Guyyaa sanii jalqabee nami tokkolle
gaaffii tokkolle isa gaafatiisaaf itti hin gamne.

# 23

### *Hammeenna Barsiisota Seera Muuse'eetii Fi Fariisaayotaa*
### *(Mar. 12:38-39; Luq. 11:43-46; 20:45-46)*

1 Achiin duuba Yesuus gumi'ii fi barattoota ifi-
ititti dubbatee,
2 «Barsiisoti Seera Muuse'eetii fi Fariisaayoti bar-
cumaa Muuse'ee irra te'aneeran.
3 Maarre waan isaan isin barsiisanu godha'a,
hordofa'alle'e; te'uu male, isaan waan barsiisanu
waan hujii irra hin oolchineef, akka isaan hujanu
hin hujina'a.

4 Isaan ba'aa ulfaattuu, ba'atiisaaf hin
dande'ane hidhanee gurmuu worra dhibi'ii
irra keyan; ifiif ammoo quballe'een tuquu hin
fedhanu.
5 Isaan hujii ifii mara worri dhibiin akka isaan
dhaggu hujan; qudhaama Jechooti Barreeffama
Woyyicha keessa jiru, ka addaa fi irree ifii irratti
hidhatanu babadhisanee qudhaammatan; han-
daara woyaa uffatanee daadimatanuu dheereffa-
tan.
6 Lafa jilaatitti addee ulfinnaa, Mana Waaqon-
fannaa Yihudootaa keessatti barcumaa duraa,
7 addee dikko'oolle'etti nageya ulfinnaa akka
isaan fuudhanuu fi kolbaan ‹Barsiisa'a› jettee
akka isaan waantu jaalatan.
8 Isin barsiisaa tokko waan qaddanuu fi isin
martinuu obboleeyyan waan teetaneef ‹Barsi-
isa'a› jedhantanee hin waamamina'a.
9 Isin Abbaa tokkocha ol-gubba'atti waan qad-
danuuf, biyya lafaa irratti eennulle'een ‹Abbaa›
jettanee hin waamina'a.
10 Sooressi keessan Kiristoos tokkocha waan
te'eef, ‹Sooressa› jedhantanee hin waamamina'a.
11 Odduu teessanitti isin mara ka caalu tajaaji-
laa keessan te'uu ti.
12 Nami ol ifi qabu gad hin qabama, nami gad ifi
qabu ol hin qabama» jedhe.

### *Yesuus Kijiba Isaaniitiif Yakkaa Itti Mure (Mar. 12:40; Luq. 11:39-42,44,52; 20:47)*

13 Yesuus, «Barsiisota Seera Muuse'eetii fi Fari-
isaayota kijiboole'e! Isin balbala mootummaa ol-
gubba'aa kolbaa duratti cuttanuuf, isiniif aanne'e!

Isin ifiif hin galtanu, worra galiisaaf barbaadulle,
hin dhooggitan. [
14 Barsiisota Seeraatii fi Fariisaayota kijiboole'e!
Isiniif aanne'e! Isin mana haadhotii hiyyeessaa sossiisaaf jettanee itti aalatiisaaf dheeressitanee daadimattan; tanaaf yakkaa guddo'otti isinitti murama.]*

15 «Barsiisota Seera Muuse'eetii fi Fariisaayota
kijiboole'e! Isiniif aanne'e! Nama tokko dhuge-effannaa Yihudootaa fudhachiisiisaaf abbaaya'aa fi lafa irra asii fi achi deddeentan, isin nama fud-hate san dachaa lama isin caalaa ilma qile'ee isa gootan.

16 «Sooreyyii balloota, isiniif aanne'e! Isin, ‹Nami
tokko yoo Galma Waaqaatiin kakate, kakuun sun isa hin geettu, nami tokko yoo worqii Galma Waaqaatiin kakate, kakuun sun isa geetti› jettan.
17 Isin gowwoota balla'a! Worqi'i moo Galma
Waaqaa ka worqii woyyoonsutti caala?
18 Isin, ‹Nami yoo addee ciinca'aatiin kakate,
kakuun sun isa hin geettu; ammoo yoo nami ken-nansa addee ciinca'aa irra jiruun kakate, kakuun sun isa geetti› jettan.
19 Isin ballaa attamiiti! Kennansa moo addee
ciinca'aa ta kennansa woyyoonsitutti caala?
20 Maarre nami addee ciinca'aatiin kakatu
marti, addee ciinca'aatii fi waan isii irra jiru maraan kakata;
21 nami Galma Waaqaatiin kakatulle, Galma
Waaqaatii fi Waaqa achi keessa jiruun kakata;

* **23:14** Barreeffam durii durii gariin laakkossa 14 hin qabanu

22 nami ol-gubba'aan kakatulle, barcumaa
Waaqaatii fi ka barcumaa san irra tee'eeruun
kakata.
23 «Barsiisota Seeraatii fi Fariisaayota kijiboole'e!
Isinii aanne'e! Isin baala uddowaa adda
addaa, waan akka bassobila'aa, dinbilaalaatii
fi onkooshe'e†, kudhan keessaa tokko Waaqaaf
hin kennitan, ammoo barsiisa Seeraa ka irra
caalaa barbaachisu, waan akka muraa dhuga'aa,
mararti'ii fi addatamaa lakkittaneertan. Isin
waan saniille adoo hin lakkisin, wonni kun waan
isin godhu'uuf maltane.
24 Isin sooreyyii balloota! Isin bookee waan
untanu keessaa dhimbiiddanee baachan, gaala
ammoo hin liqinsitan.
25 «Barsiisota Seeraatii fi Fariisaayotaa
kijiboole'e! Isiniif aanne'e! Muduunu'uu fi qorii
dudda gubbaa qulqulleessitan, keessi ammoo
joljolumma'aa fi ifi-jaallatiisaan guutameera.
26 Fariisaayicha balla'a! Dursiitii muduunuu
keessa qulqulleessi‡, yennaa san duddi gubbaalle
qulqulluu te'a.
27 «Barsiisota Seeraatii fi Fariisaayota kijiboole'e!
Isin gubba'aan dansa'a, keessaan ammoo akka
irreensa biyyee adi'iin hallamee, lafeelee nama
du'eetii fi waan battii maraan guutamee ti.
28 Akkasuma isinille gubba'aan worra dhibi'itti
balchoota fakkaattan, ammoo keessi keessan kijibaa fi cubbu'uun guutameera.

## *Yesuus Marroo Adabama Isaanii Dubbate (Luq. 11:47-51)*

† **23:23** *Onkooshe'e:* Okoshee gariin qoriille itti dabala ‡ **23:26** Woraabbiin durii durii

29 «Barsiisota Seeraatii fi Fariisaayota kijiboole'e!
Isiniif aanne'e! Isin irreensa raagotaa ijaartan;
sooddduu balchootaalle hin seettan.
30 Isin, ‹Bara abbootii teennaa adoo jiraannee,
nuuti dhiiga raagotaa jissiisa isaaniille hin qar-
qaarruuyyu› jettan.
31 Akkasiin isin ilmaan worra raagota ijjeesee
akka teetane ifi irratti dhugaa baatan.
32 Waan abbootiin teessan jalqadde, ittuma gu-
uta'aa fixaa ree!
33 Isin dhudhuufa'a, isin ijoollee buuti'ii ti! Mu-
raa qile'ee jalaa attamiin baatan ree?
34 Tanaaf ani raagota, qaroole'ee fi barsiisota
isinii erga; isin isaan keessaa garii hin ijjeet-
tan, kaan hin fannittan, worra dhibii mana Yihu-
dooti itti wolitti qabamanu keessatti dhaantanee
qachaa irraa gara qacha'aa ariitan.
35 Maarre tanaaf isin dhiiga balchootaa ka
lafa irratti jissitane, dhiiga Abeelii balchichaa
irraa jalqabee, haga dhiiga Zakaariyaasii ilma
Baaraakiya'aa, ka addee ciinca'aatii fi Galma
Waaqaa oddu'utti ijjeettaneetitti itti gaafatantan.
36 Ani dhugumaan isinitti hima, adabam waan
kana maraa dhaloota kanatti hin dhufa» isaaniin
jedhe.

### *Yesuus Yerusaalemiif Gadde (Luq. 13:34-35)*

37 Yesuus ammalle, «E! Yerusaalem, Yerusaalem,
qachaa raagota ijjeettuu fi worra gara keeti
ergame dhaka'aan tuntu! Akka lukkuun cuucotii
ifii koola ifii jalatti wolitti qabattu, anille ijoollee
teeti wolitti qabiisaaf yennaa meeqa barbaade;
isin ammoo diddane.

38 Kunoo, manni keessan ona te'ee hafe.
39 Ani isinitti hima, ‹Ka maqaa Gootta'aatiin
dhufu, ka eebbifame› haga jettanutti deebitanee
na hin dhaggitanu» jedhe.

# 24

### *Yesuus Diigamiisa Galma Waaqaa Dubbate*
### *(Mar. 13:1-2; Luq. 21:5-6)*

1 Yesuus Galma Waaqaatii bayee adoo deemi-
isatti jiruu, barattooti isaa ijaarsa Galma Waaqaa
isatti mudhisiisaaf dhufane.
2 Achiin duuba inni, «Isin waan kana mara
hin dhaggitanii motii? Ani dhugaa isinitti hima,
dhakaan tokkochi wol irratti hin hafu; isaan
maraa hin diigaman» jedhe.

### *Rakkinnaa Fi Miidhaa Dhufa Gootta'aatiin Duratti Te'u*
### *(Mar. 13:3-13; Luq. 21:7-19)*

3 Yesuus gaara ejersaa gubbaa tee'iisatti jiruun,
barattooti isaa qofuu gara isaa dhufanee, «Nutti
himi, kun yoom te'a, dhufa teetii fi dhuma biyyaa
lafaatiif beessisi maan?» jedhane.
4 Yesuus deebisee, «Eennulle akka isin hin
dokonkorsine ifi eeggadha'a!
5 Worri hedduun, ‹Ani Masiihii› jedhaa maqaa
kiyyaan hin dhufan. Worra hedduulle hin
dokonkorsan.
6 Woraanaa fi oduu woraanaa hin dhageettan;
akka hin rifanne ilaalladha'a; wonni akkasii kun
te'uu qaban, ammoo ammalle muummeen hin
geenne.

7 Gosi gosatti, mootummaalle mootumma'atti
hin kaati; beellii fi tacho'i lafaa addee adde'etti hin
te'an.
8 Kun marti ammoo ciniinsuu jalqabaa ti.

9 «Achiin duuba isaan akka rakkattanuu fi ij-
jeefantanu dabarsanee isin hin kennan, sababa
maqaa kiyyaatiif gosa maraan hin jibbatantan.
10 Yennaa san namooti hedduun dhugeeffannaa
irraa hin jigan, isaan wol dabarsanee hin kennan,
wolille hin jibban.
11 Raagoti dharaa hedduulle hin ka'an, worra
hedduulle hin dokonkorsan.
12 Waan hammeenni fakkanuuf, jaalalli nama
heddu'uu qabbanowaa deema.
13 Nami haga muumme'ee ciniinnatee ossatu
ammoo hin fayya.
14 Gosa maraaf dhugaa baya akka teetu, Oduun
Gammadaa ta mootummaa Waaqaa, biyya lafaa
maratti hin lallabanti. Achiin duuballe muum-
meen hin dhutti» jedhe.

### *Farra Badi'ii*
### *(Mar. 13:14-23; Luq. 21:20-24)*

15 Yesuus itti dabalee, «Akkuma raagaan Daani'el
dubbate, ‹Farra badi'ii› addee woyyittii dhaabbat-
tuun yennaa dhaggitanu, ka kana dubbisu hu-
batuu ti!
16 Yennaa san worri biyyaa Yihuda'aa keessa
jiru gara gaarotaa baqatuu ti.
17 Nami heellichoo manaa gubbaa jiru waan
mana keessaa fudhatiisaaf gad hin bu'in.
18 Nami fichaa keessa jiru woyaa fudhatiisaaf
gara manaa hin deebi'in.

19 Guyyoota san dubartoota ulfaatii fi
hoosisaatiif aanne'e!
20 Baqi keessan ganna yookiin guyyaa Sanbataa
akka hin teene daadimadha'a!
21 Yennaa san rakkinni guddaan hin te'a,
rakkinni akkasii haga biyyi lafaa dadanteen jalqabee haga ammaatitti te'ee hin beeku, ijjumaa deebi'eelle hin te'u.
22 Guyyooti sun adoo gabaabbatuu dhabaatee,
nami tokkooyyuu silaa hin fayyuuyyu; sababa worra filameetiif ammoo guyyooti sun hin gabaabbatan.
23 «Eennuulle isiniin ‹Kunoo! Masiihiin as jira!›
yookiin, ‹Inni achi jira!› yoo jedhe itti hin dhugeeffatina'a.
24 Masiihooti dharaatii fi raagoti dharaa hin
ka'an; isaan yoo dande'ane, kolbaa Waaqi filateeyyuu, dokonkorsiisaaf baasaa fi bilbaasa hin hujan.
25 Kunoo ani duraan dursee tana isinitti
himeera.
26 Maarre isaan, ‹Kunoo! Inni lafa goomole'ee
keessa jira› yoo isiniin jedhane gad hin bayina'a; yookiin, ‹Kunoo! Inni kolloo keessa jira› yoo isiniin jedhane hin dhugeeffatina'a.
27 Akkuma balaqqeettiin gara baya-adu'uutitti
balaqqittee haga gara seensa-adu'uutitti issitu, dhufiis Ilma Namaalle akkasuma hin te'a.
28 Addee reeffi jirutti allaattiin yaati» jedhe.

### *Dhufiisa Ilma Namaa*
### *(Mar. 13:24-27; Luq. 21:25-28)*

29 Yesuus itti dabalee, «Guyyoota rakkinnaa
saniin duuba yoosuma aduun hin dukkanootti,

jiinille ifa ifii hin kennu; urjooti ol-gubbaa irraa harcaati, hunni ol-gubba'aalle hin raafanti.
30 Achiin duuba beessisi Ilma Namaa ol-
gubba'atti hin mudhata, yennaa san gosi biyya lafaa marti hin bootti; Ilmi Namaa duumensa gubba'aatiin hunnaa fi ulfinna gudda'aan dhufuun hin dhaggan.
31 Inni ergantoota ifii qoonqoo tultullaa
gudda'aa woliin hin erga. Isaanille maddii arfan lafaa dhaqanee, worra Waaqaaf filame ka qaccee ol-gubba'aatii haga qaccee taanii jiru wolitti qaban» jedhe.

## *Barumsa Muka Harru'uu (Mar. 13:28-31; Luq. 21:29-33)*

32 Yesuus ammalle, «Muka harru'uu irraa
barumsa baradha'a! Yennaa dameeleen isi'ii quunxituu fi baala baattu, bonni akka dhikaate beettan.
33 Maarre akkasuma, waan kana mara yennaa
dhaggitane akka Ilmi Namaa balbalatti dhikaate beeka'a.
34 Ani dhugumaan isinitti hima, wonni kun
marti haga teetutti dhalooti kun hin dabaru.
35 Lafaa fi ol-gubbaan hin dabaran, jechi kiyya
ammoo hin dabaru» jedhe.

## *Guyyaa Sanii Fi Yennaa San Eennulle Hin Beeku (Mar. 13:32-37; Luq. 17:26-30,34-36)*

36 Yesuus itti dabalee, «Marroo guyyaa saniitii fi
saatii sanii Abbaa malee, ergantooti Waaqaa ta ol-gubba'aalle, Ilmille, eennulle hin beeku.
37 Akkuma bara Nohiititti te'e, dhufi Ilma Na-
maalle akkasuma hin te'a.

38 Bara san bisaan badi'iitiin dura, haga Nohi hoboloo guddittii seenetti, namooti nyaataa, unaa, fuudhaa, heerumaalle turane;
39 haga bisaan badi'ii dhufee mara isaanii haree deemetti isaan womaa hin beenne. Maarre dhufiis Ilma Namaalle akkasuma hin te'a.
40 Yennaa san nami lamaan fichaa keessa hin hujata; tokkochi hin fudhatama, tokkochi hin hafa.
41 Dubartooti lamaan woliin daakuu daakan; takkattiin hin fudhatanti, takkattiin hin hatti.
42 Tanaaf, guyyaa Goottaan keessan dhufu waan hin beenneef, dammaqa'aa eegadha'a.
43 Waan kana ammoo hubadha'a: abbaan manaa halkan keessa yennaa hattuun itti dhuttu adoo beekee, inni silaa dammaqee hin eegataayyu, manni isaa akka cabu itti hin lakkisuuyyu.
44 Tanaaf Ilmi Namaalle yennaa isin itti hin yaadanetti waan dhufuuf, maarre isinille qophowa'aa le'a'a» jedhe.

### *Tajaajilaa Addatama'aa Fi Hin Addatanne (Luq. 12:41-48)*

45 Yesuus itti dabalee, «Tajaajilaan addatama'aa fi qaroon, ka goottaan isaa akka inni tajaajiltoota isaatiif sagalee yenna'aan kennuuf, maatii ifii irratti itti gaafatamaa godhu kam ree?
46 Tajaajilaan goottaan isaa yennaa deebi'u hujiisumatti jiruun dhaggu sun ka badhaadhe.
47 Ani dhugumaan isinitti hima, goottaan isaa qabeenna ifii mara irratti itti gaafatamaa isa godha.

48 Tajaajilaan hamaan sun ammoo yaada ifii
keessatti, ‹Goottaan kiyya hin tura› yoo jedhee,
49 tajaajiltoota dhibii dhaaniisa, worra ma-
chowanu woliin nyaatiisaa fi uniisa yoo jalqabe,
50 goottaan tajaajilaa sanii guyyaa inni isa itti
hin yaadanee fi yennaa inni hin beennetti hin
dhufa.
51 Inni tajaajilaa san hin ciccira qooda isaalle
worra kijiboolee woliin godha, achitti bowaa
ilkaan qara» jedhe.

# 25

### *Mammaassa Durroota Kudhanii*

1 Yesuus itti aansee, «Yennaa san mootummaan
ol-gubba'aa durroota kudhan ta issaa ifii qabata-
nee waajibicha fudhatiisaaf bayane fakkaatti.
2 Durroota san keessaa shanan gowwoole'e,
shanan qaroole'e.
3 Worri gowwooleen issaa ifii qabatane malee
zayitii issa'atti naqatanu hin qabanne.
4 Worri qarooleen ammoo issaa ifii woliin zayi-
tii okkote'etti qabatane.
5 Waajibichi adoo hin dhufin turraan, marti
isaaniituu muganee rafane.
6 «Halkan wodhakkaa ammoo qoonqoo
guddo'oon, ‹Waajibichi Kunoo ti! Isa fudhatiisaaf
baya'a!› waamichi jedhu dhage'ame.
7 Yennaa san durrooti sun marti dammaxxee
issaa ifii mimmidhaaffatte.
8 Durri gowwooleen sun worra qaroole'een, ‹Is-
saan keenna waan dhaamaaruuf, zayitii teessan
irraa diqqoo nuu kenna'a› jedhaneen.

9 Durri qarooleen deebisanee, ‹Waawwo'o!
Nu'uu fi isiniif ta geettu hin jirtu. Worra gurguru
bira dhaqa'aatii bitadha'a› jedhaneen.
10 Adoo isaan bitatiisaaf dhaqaneeranuu, waa-
jibichi dhufe; durri qophootteertu sun isa woliin
gara mana jila fuudhaa fi heerumaa san ol seena-
nee, balbalti cufante.
11 «Durrooti worri hafanelle turanee dhufanee,
‹Gootta'a, Gootta'a! Nuu bani!› jedhaneen.
12 Inni ammoo deebisee, ‹Ani dhugumaan
isinitti hima, ani isin hin beeku› jedheen.
13 Tanaaf, guyyaa san yookiin saatii waan hin
beenneef dammaqa'aa eegadha'a!» jedhe.

### *Mammaassa Worra Beeseen Worqi'ii Itti Kennantee*
### *(Luq. 19:11-27)*

14 Yesuus itti dabalee, «Mootummaan ol-gubba'aa
akka nama biyya fago'oo dhaqiisaaf ka'ee, tajaajil-
toota ifii waamee, karra qabu magannee isaanitti
kennate tokko fakkaatti;
15 Inni akkuma dandeettii isaaniititti tokkoof
beesee saantimii worqi'ii kuma shan, kaaniif
kuma lama, kaanille'eef kuma tokko kennee gara
biyya fago'oo deeme.
16 Namichi beesee saantimii worqi'ii kuma shan
fudhate yoosuma ittiin daddallee, beesee saan-
timii worqi'ii kuma shan keessaa buufate.
17 Akkuma san, namichi beesee saantimii
worqi'ii kuma lama fudhatelle kuma lama
keessaa baafate.
18 Namichi beesee saantimii worqi'ii kuma
tokko fudhate ammoo, dhaqee boolla qotee
beesee gootta'aa san awwaale.

19 «Yennaa dheertu'uun duuba goottaan tajaajil-
toota sanii dhufee isaan woliin herregate.
20 Namichi beesee saantimii worqi'ii kuma
shan fudhate, ta dhibii kuma shan fidee dhufee,
‹Gootta'a, ati beesee saantimii worqi'ii kuma shan
natti kenniteeyyu; kunoo, ani ta dhibii kuma shan
keessaa buuseera› jedhe.
21 Goottaan isaa, ‹Dansaa goote, ati tajaajilaa ad-
datamaa dansa'a; waan diqqo'oon addatanteerta,
ani waan guddo'otti itti gaafatamaa si godha; koy
gara gammada goottaa keetii gali!› jedheen.
22 Namichi beesee saantimii worqi'ii kuma lama
fudhatelle dhufee, ‹Gootta'a› jedhee, ‹Ati beesee
saantimii worqi'ii kuma lama natti kenniteeyyu;
kunoo, ani ta dhibii kuma lama keessaa buuseera›
jedheen.
23 Goottaan isaa, ‹Dansaa goote, ati tajaajilaa ad-
datamaa dansa'a; waan diqqo'oon addatanteerta,
ani waan guddo'otti itti gaafatamaa si godha; koy
gara gammada goottaa keetii gali!› jedheen.
24 Achiin duuba namichi beesee saantimii
worqi'ii kuma tokko fudhatelle dhufee, ‹Gootta'a,
ati nama hamaa addee hin dhaabinii galfattu,
addee hin facaasinii haammattu akka teete si
beeka;
25 tanaaf ani sodaadhee, dhaqee beesee teeti
boollatti awwaale. Beeseen teeti kunoo ti› jed-
heen.
26 «Goottaan isaa ammoo, ‹Ati tajaajilaa hama'aa
fi booseya*! Addee hin dhaabinii akka galfadhu,
addee hin facaasinii akka haammadhu beetteer-
taa motii?

---

* **25:26** *Booseya:* Afachaala.

27 Ati beesee tiyya worra dhalaan fudhatu bira
naaf kewu'uu malte; ani yennaa deebi'e silaa
beesee tiyya dhala woliin fudhadhaayyu.
28 Maarre beesee san isa irraa fuudha'aatii,
namicha beesee saantimii worqi'ii kuma kudhan
qabuuf kenna'a.
29 Nama qabu maraaf itti dabalantee hin ken-
nantiif, hin bacattiifille'e; nama womaa hin qanne
ammoo, wonni inni qabuuyyuu irraa hin fud-
hatanti.
30 Tajaajilaa gatii hin qanne kana, dukkana
alaatitti gad gata'a, achitti bowaa ilkaan qara›
jedhe» isaaniin jedhe.

## *Muraa Muumme'ee*

31 Yesuus ammalle, «Ilmi Namaa ulfinna ifiitii fi
ergantoota Waaqaa mara woliin yennaa dhufu,
barcumaa ulfinna ifii gubbaa hin tee'a.
32 Gosi marti isa duratti wolitti hin qabanti;
akkuma tisseen hoolota re'ee irraa gargar fowu,
innille kolbaa san gargar fowee,
33 hoolota midda ifiititti, re'oota bitaa ifiititti
dhaabbachiisa.
34 Achiin duuba mootichi worra midda ifiitiin,
‹Isin worra Abbaa kiyyaan eebbifantane, kowa'a!
Mootummaa dadama biyyi lafaatii jalqaddee
isiniif qophootte dhaala'a;
35 sababille ani beelowee na nyaachittaneer-
tan; dheebodhee na obaattaneertan; keessum-
maa te'ee na fudhattaneertan;
36 daaree na uffittaneertan; dhibamee
na gaafattaneertan; hidhameelle na
gaafattaneertan› jedhe.

37 Yennaa san balchooleen, ‹Gootta'a, nuuti
yoom beelotteertuun dhagginee si nyaachinne?
Yookiin dheebuu teeti dhagginee yoom si
obaanne?

38 « ‹Nuuti keessummaa teeteertuun dhagginee
yoom si fudhanne, yookiin daarteertuun dhaggi-
nee yoom sitti uffinne?

39 Nuuti yoom dhibanteertuun yookiin hid-
hanteertuun dhagginee si gaafanne?› jedhaneen.

40 Mootichi deebisee, ‹Ani dhugumaan isinitti
hima, obboleeyyan tiyya worra mara caalaa
didiqqa'aa kana keessaa tokkoof ka gootane, naaf
gootane!› isaaniin jedhe.

41 «Achiin duuba inni worra bitaa ifiitiin, ‹Isin
worra abaarame na biraa fagaadha'a; gara ibidda
bara baraa ka Seexanaa fi ergantoota Seexanaatiif
qophowee deema'a;

42 ani beelowee na hin nyaachinne; dheebod-
hee na hin obaanne;

43 keessummaa te'eelle na hin fudhanne; daa-
reelle na hin uffinne; dhibameelle, hidhameelle
isin na hin gaafanne› hin jedha.

44 «Achiin duuba isaanille deebisanee, ‹Gootta'a,
beelotteertuun, yookiin dheebotteertuun,
yookiin keessummaa teeteertuun, yookiin
daarteertuun, yookiin dhibanteertuun, yookiin
hidhanteertuun dhagginee yoom si qarqaaruu
dhanne?› hin jedhaniin.

45 Mootichi deebisee, ‹Ani dhugumaan isinitti
hima, worra mara caalaa didiqqa'aa kana keessaa
tokkoof waan hin godhiniif, analle'eef hin goone›
isaaniin hin jedha.

46 Worri kun gara muraa bara baraa, worri
balchooleen ammoo gara jiruu bara baraa hin
deeman» jedhe.

# 26

## *Yesuus Ijjeesiisaaf Mari'atane*
## *(Mar. 14:1-2; Luq. 22:1-2; Yoh. 11:45-53)*

1 Yesuus dubbii tana mara dubbatee fixeen du-
uba, barattoota ifiitiin,
2 «Guyyaa lamaan duuba Jilti Irra Dabaramaa
akka dhuttu isin hin beettan, Ilmi Namaalle fan-
nifamiisaaf dabarfamee hin kennama» jedhe.
3 Achiin duuba sooreyyiin hayyootaatii fi
jaarsoti kolba'aa mana hayyicha gudda'aa ka
Qayyaaffaa jedhamuutitti wolitti qabamanee,
4 dhossa'aan Yesuus qabiisaa fi ijjeesisiisaaf
mari'atane.
5 Isaan ammoo, «Kolbaa oddu'utti raafam hin
ka'a fa'aa, yennaa jilaa hin tolchinu» jedhane.

## *Dubartiin Takka Bitaaniya'atti Yesuus Fiqiree Issite*
## *(Mar. 14:3-9; Yoh. 12:1-8)*

6 Yesuus Bitaaniya'atti mana Simoonii dur
dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan qabameeruu
adoo jiruu,
7 dubartiin takka fiqiree gatii guddo'oo, duloo
dhakaa albaasaaxarii jedhamu irraa hojjatame
tokkoon fiddee gara isaa dhuttee, isaa qorii bira
tee'eeru, fiqiree san mataa isaatitti naxxe.
8 Barattooti isaa yennaa dhaggane ammoo,
aaranee, «Tun maaf lafatti baddi?

9 Fiqireen tun karra guddo'otti gurgurantee, beeseen sun worra hiyyeeyyi'iif silaa hin kennamaayyu» jedhane.
10 Yesuus ammoo waan kana beekee, «Dubartii tana maaf rakkittan? Isiin waan dansaa naaf goote.
11 Hiyyeeyyiin yennaa mara isin woliin jiran, ani ammoo yennaa mara isin woliin hin jiraadhu.
12 Isiin fiqiree tana nafa kiyyatti naqiisaan awwaalaaf na qopheessite.
13 Ani dhugumaan isinitti hima, biyya lafaa duudii keessatti, addee wongeelli kun itti lallabame maratti, wonni isiin goote qaabbii isi'iitiif hin dubbatama» isaaniin jedhe.

### *Yihudaan Yesuus Dabarsee Kenniisaaf Jaraan Wolii Gale*

*(Mar. 14:10-11; Luq. 22:3-6)*

14 Yennaa san Yihudaan nami biyya keriyootii, barattoota kudhanii lamaan keessaa tokko ka te'e, gara sooreyyii hayyootaa dhaqee,
15 «Ani yoo isa dabarsee isinitti kenne, isin maan naaf kennitan?» isaaniin jedhe; isaan meetii* soddoma isaaf kaffalane.
16 Yihudaalle yennaa sanii jalqabee isa dabarsee kenniisaaf daguu barbaadate.

### *Yesuus Sagalee Jila Irra Dabaramaa Barattoota Woliin Nyaate*

*(Mar. 14:12-21; Luq. 22:7-13,21-23; Yoh. 13:21-30)*

* **26:15** *Meetii:* Meetiin beesee sibiilaa ti; Kitaab Amaariffaa birrii jedha; akkas jechuun birrii woraqataa adoo hin te'in ka sibiilaa ti

17 Guyyaa jalqaba Jila Daabboo Uukoo hin
qanneetitti, barattooti gara Yesuusii dhufanee,
«Sagalee Jila Irra Dabaramaa akka nyaattuuf
eessatti akka si'iif qopheessinu barbaadda?»
jedhanee isa gaafatane.
18 Inni deebisee, «Qachaa keessa gara mana
nama tokkoo dhaqa'aatii, namicha saniin, ‹Yen-
naan tiyya dhikaatteerti; ani Jila Irra Dabaramaa
barattoota tiyya woliin mana keetitti jilifadha,
jedha barsiisaan› jedha'aan» isaaniin jedhe.
19 Barattooti akkuma Yesuus isaan ajaje, sagalee
Jila Irra Dabaramaa qopheessane.
20 Yennaa galgaloottee, Yesuus barattoota ifii
kudhanii lamaan woliin nyaatiisaaf tee'e.
21 Adoo nyaatiisatti jiranuu, Yesuus, «Ani dhugu-
maan isinitti hima, isin keessaa nami tokko
dabarsee na hin keenna» jedhe.
22 Barattooti akka malee gaddanee, badoo
bado'oon, «Gootta'a, dhugumaan ana te'innaa?»
isaan jedhiisa jalqabane.
23 Yesuus deebisee, «Ka na woliin harka qorii
keyetti dabarsee na kenna.
24 Ilmi Namaa akkuma marroo isaatiif bar-
reeffante hin du'a, ammoo nama Ilma Namaa
dabarsee kennuuf aanne'e! Nami sun silaa adoo
dhalatuu dhabee isaaf woyya» jedhe.
25 Yihudaan, ka isa dabarsee kennaaru, «Barsi-
isa'a, dhugumaan ana te'innaa?» jedhe.
Yesuus deebisee, «Atuu jette» jedheen.

### *Irbaata Gootta'aa*
### *(Mar. 14:22-26; Luq. 22:14-20; 1 Qor. 11:23-25)*

26 Isaan adoo nyaatiisatti jiranuu, Yesuus xaltaa
daabbo'oo fuudhee, Waaqaaf galata galchee,

barattootaaf kennee, «Fudhadha'aa, nyaadha'a;
kun foon kiyya» jedhe.
27 Inni muduunuulle fuudhee, Waaqaaf galata
galcheen duuba, isaaniif kennee, «Isin martinuu,
itti una'a;
28 kun dhiiga kiyya, ka Gondooroo haareyaa, ka
araara cubbuu kolbaa heddu'uutiif dhangala'e.
29 Ani isinitti hima, mootummaa Abbaa kiyyaa
keessatti isin woliin haga guyyaa daadhii woyni'ii
haareya unutti, ijjumaa deebi'ee daadhii woyni'ii
hin unu» isaaniin jedhe.
30 Achiin duuba isaan faaruu faarsanee, gara
gaara ejersaa ol bayane.

## *Yesuus Mormatiisa Pheexroosii Dursee Hime (Mar. 14:27-31; Luq. 22:31-34; Yoh. 13:36-38)*

31 Achiin duuba Yesuus, «Isin martinuu edana na
lakkittanee hin baqattan; sababille,

«‹Ani tissee hin ijjeesa,
hoolotille hin xexeeraman› jedhantee barreeffanteerti.

32 Du'aa ka'een duuba ammoo, isiniin dura gara
Galiila'aa deema» isaaniin jedhe.
33 Pheexroos, isaan, «Isaan martinuu si lakkisa-
nee baqatanulle, ani ijjumaa si lakkisee hin
baqadhu» jedheen.
34 Yesuus, isaan, «Ani dhugumaan sitti hima,
edanuma, iyya lukku'uutiin dura, ati yennaa sad
na mormatta» jedheen.
35 Pheexroos, isaan, «Si woliin du'uun yoo na
barbaachiselle, ani ijjumaa si hin mormadhu»
jedheen. Barattooti martinuu akkasuma jedhane.

### *Yesuus Getesemaane'etti Daadimate (Mar. 14:32-42; Luq. 22:39-46)*

36 Achiin duuba Yesuus barattoota ifii woliin
gara addee Getesemaanee jedhantuu dhaqe; inni
barattoota ifiitiin, «Haga ani achi dhaqee daadi-
madhu, isin as tee'a'a!» jedheen.
37 Inni Pheexroosii fi ilmaan Zabdewoosii
lamaan fudhatee dhaqee, gaddaa fi laaleffata
jalqabe.
38 Achiin duuba inni, isaaniin, «Ani qixxee
du'aatitti, guddoo gadde; isin as tura'aa, na woliin
dammaqa'aa tee'a'a!» jedheen.
39 Haga diqqaa irraa hiiqee, lafatti jigee, «Ab-
baa kiyya, yoo dande'ame, muduunuun rakkinnaa
tun narra dabartuuti; te'uu male akka fedha keetii
malee, akka fedha kiyyaa hin te'in» jedhe.
40 Achiin duuba inni gara barattoota sadii
deebi'ee dhufee, rafiisatti jiranuun dhagge; inni
Pheexroosiin, «Maarre, isin saatii tokkolle na
woliin dammaxxanee turuu hin dandeennee?
41 Akka ataabe'etti hin gallelle daadimadha'a;
ayyaanni dhugumaan fedha qaba, foon ammoo
dadhaba'a» jedheen.
42 Yesuus ammalle yennaa lammeesso'oo
isaan irraa hiiqee, «Abbaa kiyya, muduunuun
rakko'oo tun adoo hin unin narra dabariisa ka hin
dande'anne yoo teete, fedhiin teeti muummottuu
ti» jedhee daadimate.
43 Yesuus ammalle dhufee ilti isaanii waan dun-
quuqotteef, rafiisatti jiranuun dhagge.
44 Maarre ammalle isaan lakkisee, irraa hiiqee
yennaa sadeesso'oo, jechootuma duraan jedhe
kaan jedhaa daadimate.

45 Achiin duuba inni gara barattootaa deebi'ee
dhufee, «Isin haga ammaa rafaa, foorfatiisatti jir-
tanii? Kunoo, saatiin Ilmi Namaa harka cubbaa-
leyyi'iititti dabarfamee kennamu geetteerti.
46 Ka'aa deennaa! Kunoo, ka dabarsee na kennu
dhikaateera» isaaniin jedhe.

### *Yesuus Qabame*
### *(Mar. 14:43-50; Luq. 22:47-53; Yoh. 18:3-12)*

47 Adoo Yesuus dubbatiisatti jiruu, barattoota
kudhanii lama keessaa tokko ka te'e Yihudaan
dhufe; gumiin guddoon ulee-jirmaa fi shallaagaa
qabatteertu, sooreyyii hayyootaatii fi jaarsolee
kolba'aa biraa ta erganteertu isa woliin jirtiiyyu.
48 Yihudaan Yesuus dabarsee kennu, «Nama ani
sunqadhu, isa qaba'a» jedhee duraanuu beessisa
isaaniif kenneera.
49 Yihudaan akkuma gara Yesuusii dhufeen,
«Barsiisa'a, attam nageyaa!» jedhee sunqate.
50 Yesuus deebisee, «Jaali, waan hujiisaaf dhutte
huji» jedheen.

Achiin duuba isaan dhufanee Yesuus jabeessa-
nee qabane.
51 Dedhuma, worra Yesuus woliin jiru keessaa
tokkochi shallaagaa buqqifatee, garbicha
hayyicha gudda'aa dhowee, gurra isaa irraa kute.
52 Achiin duuba Yesuus, «Shallaagaa keeti
gonofa'atti deebifadhu; worri shallaagaa
buqqifatu martinuu shallaaga'aan bada.
53 Ani Abbaa kiyya yoo gaafadhe, Inni yoosuma
ergantoota duula kudhanii lama caalu naa erguu
hin dande'u sitti fakkaataa?

54 Ammoo Barreeffam Woyyichi karaa kanaan te'uu qaddi ka jedhu, silaa attamiin muummowa ree?» jedheen.

55 Yennuma san Yesuus gumi'iin, «Akka ani yakkaamessaa, shallaaga'aa fi ulee-jirma qabat-tanee na qabiisaaf dhuttanee? Ani guyyuma guyya'aan Galma Waaqaa keessa tee'ee barsiisaa ture, isinille na hin qanne.
56 Ammoo wonni raagoti Barreeffama Woyyicha keessatti barreessite akka muummottuuf, tun marti teete» jedhe. Yennaa san barattooti isaa martinuu isa lakkisanee baqatane.

## *Yesuus Kora Mura'aa Duratti Dhikaate*
## *(Mar. 14:53-65; Luq. 22:54-55,63-71; Yoh. 18:13-14,19-24)*

57 Worri Yesuus qabane sun, mana barsiisoti Seera Muuse'eetii fi jaarsoti kolba'aa itti wolitti qabamaneeranutti, gara Qayyaaffaa hayyicha gudda'aa isa geessane.
58 Pheexroos ammoo irraa fagaatee haga bad-hinna dalleya hayyicha gudda'aa Yesuus hordofe; keessalle seenee, wonni kun attam akka teetu ilaaliisaaf, eeddota woliin tee'e.
59 Sooreyyiin hayyootaatii fi korri mura'aa du-udiin Yesuus ijjeesisiisaaf dhugaa baatota dharaa itti barbaadane.
60 Dhugaa baatoti dharaa hedduun itti dhikaat-tulle, ammoo dhugaa baya du'a itti mursiisu tokkolle hin dhaggine; dhuma irratti namooti lamaan dhufanee,

61 «Namichi kun, ‹Ani Galma Waaqaa diigee
guyyaa saditti ijaaruu dande'a› jedheera» jed-
hane.
62 Hayyichi guddaan ol ka'ee, «Waan isaan si
irratti dhugaa bayanu kanaaf ati deebii tokkolle
hin qadduu?» jedhe.
63 Yesuus ammoo cadhise. Achiin duuba
hayyichi guddaan, «Magannee Waaqa jiraata'aa,
ati Masiihii, Ilma Waaqaa yoo teete nutti himi»
jedheen.
64 Yesuus deebisee, «Maarre atinuu jette. Ani am-
moo isinitti hima, ammaa jalqabee Ilmi Namaa
midda Waaqa hunnaamessaa tee'uun, duumensa
ol-gubba'aatilleen dhufuun hin dhaggitan» isaan
jedhe.
65 Yennaa san hayyichi guddaan woyaa ifii
tarsaasee, «Inni Waaqa faanshesseera! Dhugaa
dhibii maaf barbaanna? Waaqa faanshessuun
isinuu dhageettane.
66 Maan isinitti fakkaata?» jedhe.

Isaan deebisanee, «Inni du'uu qaba» jedhane.

67 Yennaa san isaan fuula isaatitti tufanee tun-
tumane; worri gariin kabalanee,
68 «Masiihii! Eentu si dhowe? Nuu raagi» jedha-
neen.

### *Pheexroos Yesuus Mormate*
*(Mar. 14:66-72; Luq. 22:56-62; Yoh. 18:15-18,25-27)*

69 Adoo Pheexroos ala badhinna dalleyaa
keessa tee'iisatti jiruu, durrittiin tajaajiltuun
takka gara isaa dhuttee, «Atille Yesuusii worra
Galiila'aa woliin jirtaayyu!» jetteen.

70 Inni ammoo, «Waan ati dubbatiisatti jirtu-
uyyuu ani hin beeku» jedhee isaan mara duratti
mormate.
71 Yennaa inni gara seensuma karraa dhaqe,
durrittiin tajaajiltuun dhibiin isa dhaggitee,
worra achi dhaabbateeruun, «Namichi kun
Yesuusii nama Naaziretii woliin jiraayyu» jette.

72 Pheexroos ammalle, «Ani namicha hin beeku»
jedhee kakatee mormate.

73 Yennaa diqqo'oon duuba worri achi dhaab-
bataneeranu dhufanee, Pheexroosiin, «Akki ati
dubbattuuyyuu hin beessisa, dhugumaan atille
isaan keessaa nama tokko» jedhaneen.

74 Yennaa san inni, «Ani namicha hin beeku»
jedhee ifi abaaraa kakatiisatti ka'e. Yennuma san
lukkuun iyyite.
75 Achiin duuba Pheexroos waan Yesuus, «Iyya
lukku'uutiin dura, ati yennaa sad na mormatta»
jedhe qaabatee, gad bayee laaleffatee bowe.

# 27

### *Yesuus Philaaxoos Duratti Dhikeeffame (Mar. 15:1; Luq. 23:1-2; Yoh. 18:28-32)*

1 Barii halkaniin sooreyyii hayyootaatii fi
jaarsoleen kolba'aa marti Yesuus ijjeesisiisaaf
mari'atane.
2 Isaan Yesuus hidhanee, geessanee, Philaax-
oosii bulchaa biyyaatitti dabarsanee kennane.

### *Du'a Yihuda'aa (HuE. 1:18-19)*

3 Yihudaan isa dabarsee kenne, akka Yesu-
usitti murame yennaa dhagge, gaabbee meetii*
soddoma san sooreyyii hayyootaatii fi jaarsolee
kolba'aatiif deebisee fidee,
4 «Nama yakkaa hin qanne dabarsee kenniisaan
yakkeera» isaaniin jedhe.
Isaan ammoo, «Maanti nu dhibe ree? Haajaa
keeti!» jedhane.
5 Yihudaan beesee san Galma Waaqaa keessatti
qolaansee gatee, isaan biraa deemee, dhaqee ifi
fannise.
6 Sooreyyiin hayyootaa ammoo, beesee san fu-
udhanee, «Beeseen tun gatii dhiiga namaa waan
teeteef, karra Galma Waaqaatitti makuun seeraa
moti» jedhane.
7 Mari'ataneen duuba, addee awwaala worra
ormaa akka teetu, namicha faara dhowu irraa
lafa ittiin bitane.
8 Sababa kanaaf latti sun haga adhaa, «Lafa dhi-
igaa» jedhantee waamanti.
9 Wonni Ermiyaasiin raagichi, «Isaan meetii sod-
doma akka gatii isaa teetuuf, ijoolleen Israa'elii
herreddee fudhatte;
10 akkuma Goottaalle na ajajetti gatii lafaa
namicha faara dhowuu kennane» jedhee dubbate
muummotte.

### *Yesuus Philaaxoos Duratti Dhikeeffame*
### *(Mar. 15:2-5; Luq. 23:3-5; Yoh. 18:33-38)*

11 Yesuus Philaaxoosii bulcha biyyaa
dura dhaabbate; Philaaxoosille, «Ati mootii
Yihudootaatii?» jedhee isa gaafate.

---

* **27:3** *Meetii:* Yaadannoo 26:15 irratti kenname ilaali **27:8** HuE. 1:18-19

Yesuus, «Maarre atuu jette» jedheen.
12 Inni ammoo yennaa sooreyyii hayyootaatii fi
jaarsolee kolba'aatiin himatame, deebii hin ken-
nine.
13 Achiin duuba Philaaxoos, «Waan hedduu
isaan si himatanu ati hin dhageettuu?» jedheen.
14 Inni ammoo jechuma tokkolle hin deebinne;
tanaaf bulchaan biyyaa Philaaxoos guddoo baas-
effate.

### *Yesuusitti Du'a Murane*
### *(Mar. 15:6-15; Luq. 23:13-25; Yoh. 18:39—19:16)*

15 Yennaa Jila Irra Dabaramaa, bulchaan biyyaa
Philaaxoos worra hidhamane keessaa nama
tokkocha, ka kolbaan gaafatte aadaa hiiku qaba.
16 Yennaa san namichi hantuu hujiisaan
beekkame tokko, ka Barabbaa jedhamu, hidhaa
keessa jiraayyu.
17 Maarre isaan wolitti qabamaneen duuba,
Philaaxoos, «Eennu akka ani isiniif hiiku barbaad-
dan? Barabbaa moo yookiin Yesuus ka Masiihii
jedhame» isaaniin jedhe.
18 Philaaxoos akka isaan waan hinaattolee
te'aneef dabarsanee isa kennane beekeera.
19 Philaaxoos barcumaa mura'aa gubbaa
tee'eeruun, haati manaa isaa, «Namicha balchaa
san waan tokkolle hin godhin! Ani eda halkan
marroo isaa oojju'uun guddoo rakkadhe» jettee
ergaa itti ergite.
20 Sooreyyiin hayyootaatii fi jaarsoleen Barab-
baan akka isaanii hiikamuu fi Yesuus akka ij-
jeefamu gumiin akka gaafattuuf yaada fudhachi-
isane.

21 Bulchaan biyyaa Philaaxoos ammalle, «Isaan
lamaan keessaa eennu akka ani isiniif hiiku bar-
baaddan?» jedhee isaan gaafate.
Isaanille, «Barabbaa nuuf hiiki!» jedhane.
22 Philaaxoos, «Yesuus ka Masiihii jedhame
maan godhu ree?» isaaniin jedhe.
Isaan martinuu, «Inni fannifamuu ti!» jedhane.
23 Achiin duuba inni, «Maaf? Inni yakkaa maan
hujeera?» jedhee isaan gaafate.
Isaan ammoo, «Inni fannifamuu ti!» jedhanee
iyyanee hogisane.
24 Maarre Philaaxoos irra caalaa nageya booress-
siisa malee, waan tokkolle godhuu akka hin dan-
deenne yennaa dhagge, bisaan fuudhee, gumii
duratti harka ifii dhiqatee, «Ani dhiiga nama
kanaa irratti yakkaa hin qabu; isinitti itti gaafa-
tama!» jedhe.
25 Achiin duuba kolbaan duudiinuu, «Dhiiga
isaatiif, nuutii fi ijoollee teenna itti gaafattannuu
ti» jedhanee deebisane.
26 Maarre inni Barabbaa isaaniif hiike; liche'een
Yesuus dhaansiseen duuba, akka fannifamuuf
dabarsee kenne.

### *Loltooti Yesuusitti Taphatane*
### *(Mar. 15:16-20; Yoh. 19:2-3)*

27 Achiin duuba loltooti bulchaa biyyaa
Yesuus gara mana mootumma'aatitti fuudhanee
geessane; loltoota duudii adaala Yesuusiititti
wolitti qabane.
28 Isaan woyaa isaa irraa baasanee woyaa diin-
tuu itti uffisanee,
29 dameelee qore'eetiin kallacha hujanee mataa
isaatitti keyane. Ulee harka isaa middichatti

qabachiisanee, isa duratti jilbiiffatanee, «Mootii Yihudootaa, jiraadhu!» jedhaa itti taphatane.
30 Isaan itti tufanee, uleelle irraa fuudhanee mataa isaa dhowane.
31 Itti taphataneen duuba, isaan woyaa san ir-
raa baasanee woyaa isaa deebisanee itti uffisane. Achiin duuba fannisiisaaf isa geessane.

### *Yesuus Fannifame*
### *(Mar. 15:21-32; Luq. 23:26-43; Yoh. 19:17-27)*

32 Isaan yennaa gad bayane, namicha biyya Qa-
reena'aa tokko, ka Simoon jedhamu dhagganee, fannoo Yesuusii akka ba'atu hunnaan tolchane.
33 Isaan addee Golgootaa jedhantu dhufane; «Golgootaa» jechuun «Addee buqqii mata'aa» jechu'u.
34 Isaan daadhii woyni'ii hadhoottu'uun maka-
nee, akka unuuf Yesuusiif kennane. Inni afaaniin qabe malee, hin unne.
35 Yesuus fannisaneen duuba hixaa buufati-
isaan woyaa isaa qoqoodamane.
36 Achiin duuba isaan achi tee'anee isa eegane.
37 Isaan barreeffama isa ittiin himatane, «Kun
mooticha Yihudootaa, Yesuus» ka jedhu, mataa isaatiin gubbaa keyane.
38 Yennaa san isaan alagaltoota lamaan, tokko
midda isaatitti tokko bitaa isaatitti, isa woliin fan-
nisane.
39 Worri achiin dabaranu mataa ifii raasaa,
40 «Ati ka Galma Waaqaa diiddee guyyaa saditti
deebittee ijaartu, ifi fayyisi me! Ati yoo Ilma Waaqaa teete, fannoo irraa gad bu'i!» jedhaa isa arrassane.

41 Akkasuma sooreyyii hayyootaa, barsiisoti
Seeraatii fi jaarsolee woliin itti taphatanee,
42 «Inni worra dhibii fayyiseera; mataa ifii fayy-
isuu hin dande'u. Inni mootii Israa'elii yoo te'e,
me amma fannoo irraa gad bu'uu ti; nuutille isatti
hin dhugeeffanna.
43 Inni Waaqatti addatee, ‹Ani Ilma Waaqaa ti›
waan jedheef, Waaqi yoo barbaade, me amma isa
fayyisuu ti» jedhane.
44 Akkasuma alagaltooti isa woliin
fannifamanelle isa arrassane.

### *Du'a Yesuusii*
### *(Mar. 15:33-41; Luq. 23:44-49; Yoh. 19:28-30)*

45 Orraa saatii jaan jalqabee haga saatii sagalii
latti duudiin dukkanootte.
46 Gara saatii sagaliititti Yesuus, «Elo'ii, Elo'ii,
lamaa sabaktanii?» jedhee qoonqoo guddo'oon
iyye; akkas jechuun, «Waaqa kiyya, Waaqa kiyya,
maaf na lakkitte?» jechu'u.
47 Worra achi dhaabbatanu keessaa gariin yen-
naa tana dhage'ane, «Namichi kun Eliyaas waami-
isatti jira» jedhane.
48 Yoosuma isaan keessaa tokkochi
fiigee, ispoonjii† fuudhee, daadhii woyni'ii
dhangaggoottu'utti cuuphee, qaccee ule'eetitti
keyee, akka inni unuuf isaaf kenne.
49 Worri dhibiin ammoo, «Eegi me! Eliyaas
dhufee akka isa fayyisu hin ilaalla!» jedhane.
50 Achiin duuba Yesuus ammalle qoonqoo
guddo'oon iyyee du'e.

---

† **27:48** *Ispoonjii:* Waan bisaan nafaan xuuxu

51 Yennuma san gollaan Galma Waaqaa keessaa
gubba'aa haga gadii addee lamatti tarsa'e. Latti
tachoote, rassaalle dadayya'e.
52 Irreensotille banamanee, kolbaan Waaqaa ta
duute keessaa worri hedduun ka'ane.
53 Isaan irreensa keessaa bayanee, Yesuus
du'aa ka'een duuba, gara qachaa woyyichaa
gara Yerusaalemii galanee, worra heddu'utti
mudhatane.
54 Ajajaan dhibbaatii fi worri isa woliin Yesuus
eegaa turane, tacho'a lafaatii fi waan te'e yennaa
dhaggane, guddoo sodaatanee, «Dhugumaan nami
kun Ilma Waaqaa ti» jedhane.
55 Dubartooti hedduun, irraa fagaatanee
ilaalaa, Galiilaa irraa jalqabanee Yesuus hordofaa
isa tajaajilane achi jiraniiyyu.
56 Isaan keessa Maariyaamii qachaa
Magdala'aa, Maariyaamii haadha Yaaqoobiitii
fi Yoseefii, haadha ijoollee Zabdewoosii fa'atti
jira.

### *Yesuus Awwaalame*
### *(Mar. 15:42-47; Luq. 23:50-56; Yoh. 19:38-42)*

57 Yennaa galgalootte, namichi dureessi qachaa
Armaatiya'aa, ka Yoseef jedhamu tokko, achi
dhufe; innille baratаa Yesuusiitiiyyu.
58 Inni gara Philaaxoosii dhaqee reeffa Yesuusii
gaafate; achiin duuba Philaaxoos reeffi akka ken-
namuuf ajaje.
59 Maarre Yoseef reeffa fudhatee, woyaa qoolaa
qulqullu'uun maree,
60 goda awwaalaa haareya ta ifiif rassaa
keessatti bocate keessa keye. Achiin duuba

dhakaa guddaa balbala goda awwaalaatitti gangalchee, achii deeme.
61 Maariyaamiin qachaa Magdala'aatii fi Maariyaamiin tuun goda awwaalaa fuula dura tee'iisatti jiraniiyyu.

### *Worra Goda Awwaalaa Eegu*

62 Boruyyaa, guyyaa qophi'iitiin duuba, guyyaa Sanbataa sooreyyii hayyootaatii fi Fariisaayoti Philaaxoos duratti wolitti qabamanee,
63 «Gootta'a, sobaalessi sun adoo jiruu, ‹Guyyaa sadiin duuba deebi'ee ka'a› waan inni jedhe nuuti hin qaabanna.
64 Tanaaf haga guyyaa sadiititti godi awwaalaa akka eegamu ajaji; kun te'uu dhabaannaan, barattooti isaa dhaqqanee reeffa hatanee fa'a, kolba'aan, ‹Inni du'a keessaa ka'eera› hin jedhan; sobi duuba irraa ka duraa caalaa hamaa te'a» jedhaneen.
65 Philaaxoos, «Worra eegu fudhadha'aa dhaqa'aatii, akka beettanutti eegachiifadha'a» isaaniin jedhe.
66 Maarre isaan worra eegu woliin dhaqanee dhaka'atti chaappaa dhowanee, goda awwaalaa san eegisiisane.

# 28

### *Yesuus Du'aa Ka'e*
### *(Mar. 6:1-10; Luq. 24:1-12; Yoh. 20:1-10)*

1 Sanbati dabareen duuba, Dilbata* barii halkaniin, Maariyaamiin qachaa magdala'aatii fi

* **28:1** *Dilbata:* Guyyaa jalqaba torbaanii

Maariyaamiin tuun boolla awwaalaa ilaaliisaaf dhaqane.
2 Ergamaan Gootta'aa ol-gubbaa irraa gad bu'ee,
dhufee dhakaa boolla awwaalaa irraa gangalchee waan irra tee'eef, dedhuma tacho'i lafaa guddaan te'e.
3 Bifi isaa akka balaqqeetti'ii, woyaan isaa adii
akka dhakaa roobaa ti.
4 Worri eegu ergamaa Gootta'aa waan sodaateef
hollatanee† akka nama du'ee te'ane.

5 Ergamaan Gootta'aa ammoo dubartootaan,
«Hin sodaatina'a; isin ka fannifame Yesuus akka barbaaddanu ani hin beeka.
6 Inni as hin jiru; akkuma duraan dubbate
du'aa ka'eera. Addee reeffi isaa keyame kowa'aa ilaala'a.
7 Amma ariifadha'aatii deema'aatii, ‹Inni du'aa
ka'eera, amma isiniin dura gara Galiila'aa dhaqa; isin achitti isa hin dhaggitan› jedha'aatii barattoota isaatitti hima'a. Kunoo, ani isinitti himeera» jedhe.
8 Maarre dubartooti soda'aa fi gammada
gudda'aan ariifatanee boolla awwaalaa keessaa bayanee, barattoota isaatitti himiisaaf rukkisane.

9 Dedhuma Yesuus isaaniin wolde'ee, «Nageenni
isiniif te'u!» isaaniin jedhe. Isaanille itti hiiqanee, miila isaa qabatanee, isaaf sagadane.
10 Achiin duuba Yesuus, «Hin sodaatina'a; gara
Galiila'aa akka dhaqanu obboleeyyan tiyyatti dhaqa'aa hima'a; isaan achitti na dhaggan» isaaniin jedhe.

† **28:4** *Hollatanee:* Rommanee

11 Dubartooti adoo karaa irra jiranuu, worra
boolla awwaalaa eegu keessaa gariin gara
qacha'aa dhaqanee waan te'e mara sooreyyii
hayyootaatitti himane.
12 Sooreyyiin hayyootaa jaarsolee kolba'aa
woliin wolitti dacha'anee mari'atanee, beesee
guddoo loltootaaf kennanee,
13 «Isin, ‹Barattooti isaa adoo nuuti rafiisatti
jirruu halkan dhufanee reeffa isaa hatanee dee-
mane› jedha'aa kolba'atti hima'a.
14 Bulchaan biyyaa yoo dubbii tana dhage'e,
nuuti itti hinnee dubbii nyaachinnee, akka isin
hin rakkannelle goona» jedhaneen.
15 Maarre isaan beesee fudhatanee akkuma
isaan jedhane godhane. Dubbiin tun haga guyyaa
adhaatitti Yihudoota oddu'utti odeeffanti.

### *Yesuus Barattoota Ifiititti Mudhate*
### *(Mar. 16:14-18; Luq. 24:36-49; Yoh. 20:19-23; HuE. 1:6-8)*

16 Barattooti kudhanii tokko gara gaara Yesuus
isaanitti akeekee, ka Galiilaa keessa jiruu
dhaqane.
17 Isaan yennaa isa dhaggane, isaaf sagadane;
worri gariin mamane.
18 Yesuus gara isaanii dhufee, «Baalliin duudiin
ol-gubba'aa fi lafa irratti naaf kennanteerti.
19 Tanaaf gara gosa biyya adda addaa
deema'aatii maqaa Abba'aa, maqaa Ilmaatii fi
maqaa Ayyaana Woyyichaatiin isaan cuuphaa,
barattoota tiyya godha'a.

---

**28:16** Mat. 26:32; Mar. 14:28 **28:19** HuE. 1:8

20 Waan ani isin ajaje maralle akka eegatanu barsiisa'a. Anille yennaa mara haga muummee biyya lafaa isin woliin jira» isaaniin jedhe.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.

You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.

Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025

61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e